# XINXAALA HAALA RAAWWII DUUDHAALEE AMANTAA WAAQEFFANNAA GODINA SHAWAA KAABAA AANAA WARRA JAARSOO

**TACAANEE ALII MAAREE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**
**FINFINNEE**

# XINXAALA HAALA RAAWWII DUUDHAALEE AMANTAA WAAQEFFANNAA GODINA SHAWAA KAABAA AANAA WARRA JAARSOO

**TACAANEE ALII MAAREE**

**GORSAAN: DR.  TAADDASAA JAALATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN  GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**
**FINFINNEE**

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf Tacaanee Alii Maaree Mataduree*: "Xinxaala Haala Raawwii Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo"* Jedhu Irratti Qophaa'ee Sadarkaa Ulaagaa Yuunivarsiitiin Kaa'ame Guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa____________________________Mallattoo____________Guyyaa____________

Qoraa keessaa __________________________Mallattoo____________Guyyaa_____________

______________________________________________________________________________

Iitti gaafatamaa muummee ykn Qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallatoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta`uu isaafi kanaan dura Yunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta`uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta`een fudhadhee wabii keessatis kaa`uu koo nanmirkaneessa.

Maqaa ______________________________.

Mallattoo _________________________.

Guyyaa _____________________.

# *Axareeraa*

*Kaayyoon qorannoo kanaa xinxaala haala raawwii duudhaalee amantaa waaqeffannaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoorratti kan xiyyeeffateedha, Duudhaaleen amantaa waaqeffanna ateeteefi irreechaa haala raawwii isaa, hirmaattota isaa akkaatasa itti raawwatu maaliif akka raawwatamu, eenyuun akka raawwatamu, maaltu akka raawwatau maaliif kaa raawwatamufi hawaasa biratti maal akka fakkaatu qaacceffameera. Kana malees amnataan waaqeffannaa kun duudhaa hawwsaa gama aadaatiin, gama amantaatiinfi gama siyaataatiin akkamitti akka calaqqisiifamu tarreeffamaniiru. Sadarkaan sirna kabaja duudhaalee amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa yeroo ammaa irra jiru ibsamaniiru. Qorataan kun qorannoo kanaas, mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun namoota waa'ee amantaaa waaqefffannaa ateeteefi irreechaa beekaan jedhamanii mala iddatteessuu miti carraa filataman irraa odeeffannoon funaanamuun qaacceeffameera. Qorannoo kana galmaan ga'uuf, tooftaalee funaansa ragaalee kanneen akka, af-gaaffiifi daawwannaa fayyadameera. Odeeffannoowwan funaanamanis akkaataa wal-fakkeenya isaaniitti qindeessuun mata duree itti kennuun qaacceffamuun ibsamaniiru. Odeeffannoowwanaf-gaaffiifi daawwannaan argaman walitti qindeessuun argannoowwan teechifamaniiru. Yaboo qorannoo kanaatin xiyyeeffannoon barbaachisaa ta'e akka kennamuufi qabu akeekni ijoo ta'e kennameera. Kana irraa kan ka'e qorataan qabxii gara gara irratti qaamni ilaallatu akka hojjatuuf yaboo kaa'ee jira. Qaamni dhimmi ilaallatu akka beekkamtii kennuufi hawaasnis gama isaatiin waan isarraaa eeggamuu qabu akka raawwatu yaanni taa'era . Haala kabaja sirna kanaa akkuma sirnoota kaanii beekkamtiin kennameefi mariin hawaasaa irratti taasifamee fooyya'uu akka qabu waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Warra Jaarsoo akka irratti hojjachuu qabu qorataan kun yaboo isaa keessatti ibse.*

# Galata

Duraan dursee bu'aa ba'ii hedduu keessa nadabrsee qorannoo kana xumuree sadarkaa kanarra akkan ga'u kan nataasise waaqayyoon guddaan galateeffadha. Addunyaa dhugaa keessatti karaa milkaa'inaa irra kan nama qajeelchu Waaqa uumaafi uumamaa, gurraacha garaa garbaa, leemmoo rooba taliilaa bu'a bayii hedduurra na dabrsitee waan asiin na geesseef galata argadhu.

Waaqaa gaditti, kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga'uuf jalqabaa hanga xumuraatti humnaafi yeroo isaanii otoo hinwaakkatiin gorsaafi yaada bilchaataa kan naaf kennaa turan Qorannoon kun bifa ammaa kana akka qabaatu kan godhan gorsaa koo **Dr. Taaddasaa Jaalataa** galanni ani qabu guddaadha. Gorsa abbummaafi ogummaa isaan naaf gochaa turan milkaa'ina qorannoo kanaaf shoora olaana qaba. Umrii dheertuu rabbi isiniif haa kennu.

Itti aansuun wayitii ragaa funanu ana faana naanna'uun beekkumsaafi humnaan gargaarsa kan naaf goote guyyaa jalqabaa qabee hanga dhumaatti guyyaa tokkooyyuu dadhabe osoo hin jedhiin qorannoo kana gargaarsa hangana hin jedhamne kaan naaf gochaa turte kabajamtuu haadha manaatoo Aadde **Burtukaan Malaakuu** kabajaafi galatan siif qabu guddaadha. Jaajjabinniifi abdiin ati na keessatti uumaa turte guddaa waan ta'eef baay'een si galateeffadha, bakka yaaddes ga'i.

## Hiika Jechootaa Fi Gabaajee

| | |
|---|---|
| Aannaannoo | Gosa mukaa  kan aannaan of keessaa qabu |
| Addoo | Marata addaa |
| Ciicoo | Meeshaa aannanii buqqeerraa hojjetamu. |
| Damboobummaa | Garaa laafuu ykn namaaf yaaduu |
| Doccoo | Meeshaa supheerraa hojjetamtee farsoon itti hojjetamu |
| Elellee | Callee gurguddaa |
| Duffunyii | Qiixxaa battalumaan midhaan bukeessanii hojjetan |
| Fincoo | Hiriyaa dubartii ateetee kennattuu |
| Gaayyaa | Meeshaa buqqeerraa hojjetamee tanboon ittiin xuuxamu |
| Hororamee | Osoo hin bullaa'iin |
| Kormoomsaa | Muka damee hedduu mooraa loonii keessa dhaabbamu. |
| Korsoddoma . | Nyaata xixxiqatee hijjetamu |
| Laachifame | Irraa dhufe |
| Latoo | Ayyaana ganamaa |
| Mil'uu | Ilaalcha si'a tokkkoon uumame |
| Misiraachii | Kennaa |
| Qaqeessan | Waan balleessaan yookaan waan yakkan |
| Ruudaa | Samii |
| Sesseellachaa | Jajalachaa ykn irraa hir'achaa |
| Sorsa | Gosa mukaa kan yeroo aarsaan fooliin isaa namatti tolu |
| Ulfa | Kabaja |
| Yayyada | Bu'uura. |
| Walaabuu | waliigala |
| KKF | Kan Kana Fakkaataan |
| WKF | Waan Kana Fakkaataan |

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axareeraa ---------------------------------------------------------------------------------------------------- i

Galata ----------------------------------------------------------------------------------------------------------- ii

Hiika Jechootaa Fi Gabaajee------------------------------------------------------------------------------- iii

Baafata Suurawwan Agarsiisaan .......................................................................................... viii

BOQONNAA TOKKO:SEENSA --------------------------------------------------------------------- 1

1.1.Seenduuba Qorannichaa ......................................................................................................... 1

2.1. Fookloorii ................................................................................................................................ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ............................................................................................................ 3

1.3.Gaaffilee Qorannoo ................................................................................................................. 4

1.4. Kaayyoo Qorannichaa ............................................................................................................ 5

1.4.1.Kaayyoo Gooroo ----------------------------------------------------------------------------------- 5

1.4.2.Kaayyoo Gooree ----------------------------------------------------------------------------------- 5

1.5.Barbaachisummaa Qorannichaa .............................................................................................. 5

1.6.Daangaa Qorannichaa ............................................................................................................. 6

1.7.Hanqina Qorannichaa .............................................................................................................. 6

1.8. Ibsa Iddoo Qorannichi Itti Gaggeeffamuu .............................................................................. 7

1.9. Qindoomina Qorannoo ............................................................................................................ 8

BOQONNAA LAMA:- SAKATTA'A BARRUU ------------------------------------------------------ 9

2.1. Fooklooriifi Amantaa ............................................................................................................... 9

2.1.1. Fookloorii ------------------------------------------------------------------------------------------ 9

2.1.2. Faayidaa Fookloorii------------------------------------------------------------------------------10

2.1.3.Gosooto Fookloorii ------------------------------------------------------------------------------11

2.1.3.1.Meeshaalee Aadaa -------------------------------------------------------------------------11

2.1.3.2.Afoola -----------------------------------------------------------------------------------------11

2.1.3.3.Aartii Sochii Qaamaa-----------------------------------------------------------------------11

2.1.3.4.Duudhaa Hawaasaa -------------------------------------------------------------------------12

2.1.4. Amantaa ------------------------------------------------------------------------------------------12

2.2.Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa ...................................................................................... 13

2.3.Daayessa Aadaa Hawaasaa (Folk-Cultural Theory) ............................................................... 14

2.4.Amantaa Waaqeffannaa .......................................................................................................... 15

2.4.1.Waaqaafi Waaqeffannaa -------------------------------------------------------------------------17

2.4.2.Amantaafi Waaqeffanaa ---------------------------------------------------------------------18
2.4.3. Madda Waaqeffannaaa ----------------------------------------------------------------------18
2.4.3.1. Waaqa--------------------------------------------------------------------------------------19
2.4.3.2.Ayyaana -------------------------------------------------------------------------------------19
2.4.3.3.Dhugaa -------------------------------------------------------------------------------------21
2.4.3.4.Safuu----------------------------------------------------------------------------------------22
2.4.3.5.Cubbuu ------------------------------------------------------------------------------------23
2.5.Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa Aanaa Warra Jaarsoo ............................................. 23
2.5.1.Ateetee---------------------------------------------------------------------------------------23
2.5.1.1.Faayidaa Ateetee ---------------------------------------------------------------------------24
2.5.1.1.1.Ateetee AkkaDuudhaa Aadaatiin -------------------------------------------------24
2.5.1.1.2.Ateetee Akka Duudhaa Amantiitiin ----------------------------------------------25
2.5.1.1.3.Ateetee Akka Duudhaa Siyaasatti -----------------------------------------------26
2.5.1.2. Haala Raawwii Ayyaana Ateetee ---------------------------------------------------28
2.5.1.3. Gosoota Ateetee ---------------------------------------------------------------------------31
2.5.1.3.1.Ateetee Maaram Furmaa------------------------------------------------------------31
2.5.1.3.2.Ateetee Maaram Hagayyaa ---------------------------------------------------------31
2.5.1.3.3.Ateetee Saadassaa (Maaraama Loonii) -------------------------------------------32
2.5.2.Irreecha --------------------------------------------------------------------------------------33
2.5.2.1.Faayidaa Irreechaa -------------------------------------------------------------------------34
2.5.2.1.1.Irreecha Akka Duudhaa Aadaatiin -----------------------------------------------34
2.5.2.1.2.Irreecha Akka Duudhaa Aadaafi Amantaatti --------------------------------------34
2.5.2.1.3. Irreecha Akka Duudhaa Siyaasaatiin---------------------------------------------35
2.5.2.2.Haala Raawwii Ayyaana Irreechaafi Hirmaattota Isaa --------------------------------36
2.5.2.3.Waktii Ayyaanni Irreechaa Itti Kabajamu---------------------------------------------37
2.5.2.3.1.Irreecha Arfaasaa ----------------------------------------------------------------------38
2.5.2.3.2.Irreecha Birraa-------------------------------------------------------------------------39
2.5.2.4.Irreecha malka-------------------------------------------------------------------------------40
2.5.2.4.1. Haala Raawwii Ayyaana Irreechaa malkaafi Hirmaattota isaa ----------------41
2.6.Dhiibbaaalee Duudhaalee Amantaa Uummata Oromoo Irra Qaqqaban ............................ 42
2.6.1.Amantaa Kiristaanaa ---------------------------------------------------------------------42

2.5.2.Amantii Islaamaa------43
2.5.3.Sirnoota Bulchiisna Mootummoota Darbanii------43
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA------45
3.1. Saxaxa Qorannichaa...... 45
3.2. Irraawwatama Qorannichaa...... 45
3.2.1. Iddattoo------45
3.3. Mala Ragaan Ittiin Funaanaman...... 46
3.3.1 Daawwannaa------46
3.3.2.Af-gaaffii------47
3.4.Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaanaman...... 48
3.5.Malleen Ragaan Ittiin Qaacceffame....... 48
3.6.Muuxanoo Dirree...... 48
3.7.Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii...... 49
3.7.1.Qorannoowwan Sadarkaa Digirii Jalqabaatti Adeemsifaman------49
3.7.2. Qorannoowwan Sadarkaa Digirii Lammataatti Adeemsifaman------50
3.8.Naamusa Qorannoo...... 51
BOQONNAA AFUR:- QAACCESSARAGAALEE------53
4.1.Qaaccessa Waaqeffannaa...... 53
4.2.Qaaccessa Ateetee...... 54
4.2.1.Qaaccessa Hirmaattota Ayyaana Ateetee------56
4.2.2.Qaaccessa FaayidaaAteetee------57
4.2.2.1.Qaaccessa Ateetee akka Duudhaa Aadaatti------57
4.2.2.2.Qaaccessa Ateetee Akka Duudhaa Amantaatti------58
4.2.2.3.Qaaccessa Ateetee Akka Duudhaa Siyaasatti------60
4.2.3.Qaaccessa Yoree Raawwii Ayyaana Ateetee Bulfannaa------61
4.2.4.Qaaccessa Haala Raawwii Ayyaana Ateetee------64
4.2.4.1. Qaaccessa Gocha Ateetee Duraa------64
4.2.4.1.1. Meeshaalee Faayaafi Aadaa Guyyaa Ayyaana Ateetee Dhi'aat*u*------65
4.2.4.1.2.Dhangaa Ayyaana Ateetee------68
4.2.4.1.3.Meeshaalee Ayyaana Ateeteef Battalaa Dhi'aataan------70
4.2.4.3. Qaaccessa Gochawwan Yeroo Ayyaana Ateetee Facaafamanii------71
4.2.4.3.1. Eebba------71

4.2.4.3.2. Faaruwwaan Guyyaa Ayyaana Ateetee Kennatan Faarfaman ------------------ 82
4.2.4.4. Qaaccessa Sadarkaa Sirna Kabaja Ayyaana Ateetee Yeroo Ammaa --------------- 89
4.3. Qaaccessa Irreecha malkaa ........................................................................................ 90
4.3.1.Qaaccessa Faayidaa Irreecha Malkaa ------------------------------------------------------ 92
4.3.1.1.Qaaccessa Irreecha Akka Duudhaa Aadaatti ------------------------------------------- 92
4.3.1.2.Qaaccessa Irreecha Akka Duudhaa Aadaafi Amantaan ------------------------------ 93
4.3.1.3.Qaaccessa Irreecha Akka Duudhaa Siyaasatti ---------------------------------------- 93
4.3.2.Wantoota Guyyaa Kabaja Ayyaana Irreechaa Raawwataman ------------------------------ 95
4.3.2.1.Iddoo Irreeffattoonni Jalqaba Itti Walgayan. ------------------------------------------ 95
4.3.2.2. Akkaataa Abbaan Gadaa Itti Dhufu ------------------------------------------------- 98
4.3.2.3. Dhangaalee Guyyaa Kabaja Irreechaaf Qophaa'an ---------------------------------- 98
4.3.2.4.Tartiiba Deemsaa Ayyaana Irreecha Malkaa ------------------------------------------ 99
4.3.2.4.1. Garee Abbotii Gadaa, Maanguddootaafi Haawwan ------------------------------ 99
4.3.2.4.2.Garee Shaamarranii ------------------------------------------------------------- 100
4.3.2.4.3.Garee Foollee ------------------------------------------------------------------ 101
4.3.3. Xinxaala Meeshaalee Ayyaana Irreechaa --------------------------------------------- 101
4.3.3.1. Meeshaalee Ayyaana Irreechaa Kan Dhiiraafi Dubartoonni Qabatan ------------ 102
4.3.3.1.1. Halluu Uffataa ------------------------------------------------------------------ 103
4.3.3.1.2.Meeshaa Ulfoo Dhiirri Guyyaa Ireecha Malkaa Qabatu ---------------------- 103
4.3.3.1.3.Meeshaalee ulfoo dubartoonni guyyaa ayyaana irreecha qabatan ------------ 107
4.3.4.Waantoota Itti Fufinsa irreecha malkaaf Yaaddoo Ta'an ------------------------------ 110
4.4.Ilaalcha Hawaasni Aanaa Warra Jaarsoo Duudhaa AmantaaWaaqeffannaa irratti Qaban ........... 111
BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI, YAADA FURMAATAA --------------- 113
5.1.Goolaba ........................................................................................................ 113
5.2.Argannoo ...................................................................................................... 113
5.3.Yaada Furmaataa(yaboo) ................................................................................ 116
WABIILEE ------------------------------------------------------------------------------------ 118
DABALEEWWAN
Dabalee A
Dabalee 'B'
Dabalee C
Dabalee D
Dabalee E
Dabalee F

## Baafata Suurawwan Agarsiisaan

**Fuula**

Suura 1ffaa. Callee marsaa afuriifi marsaa saddeetii.--------------------------------------------------66
Suura 2ffaa. Uffata Burreefi Guuftaa guyyaa ayyaana ateetee dubartii uffatte. ----------------------67
Suura 3ffaa Eebba Abbaafi Haadhaa ---------------------------------------------------------------------72
Suura 4ffaa Haadhi ateetee kennattu yeroo hiriyaa ishii waliin okkotee marqaa abiddarra godhan---------80
Suuraa 5ffaa Horii guyyaa ayyaanaateetee qalame. ---------------------------------------------------82
Suuraa 6ffaa Marqaafi wandara guyyaa ayyaana ateetee hojjetame------------------------------------87
Suura 7ffaa Yeroo irreeffannaa malkaa agarsiisu.-----------------------------------------------------97
Suura 8ffaa Dhangaa ayyaana irreechaa--------------------------------------------------------------99
Suura 9ffaa Garee Abbootii Gadaa, Maanguddootaafi Haawwotii ---------------------------------- 100
Suura 10ffaaGaree shamarranii --------------------------------------------------------------------- 100
Suura 11ffaa Garee Foollee---------------------------------------------------------------------------- 101
Suura 12ffaa Habaaboo kan dhiirriifi dubaartootaa qabatanii malkaa deeman --------------------- 102

# BOQONNAA TOKKO:SEENSA

## 1.1.Seenduuba Qorannichaa

## 2.1. Fookloorii

Jechi fookloorii jedhu kun erga beekkamee yeroo dheeraa ta'uuyyuu hanga ammaatti hiika qabatamaan kana ta'uu qaba yaadni jedhu irratti waligalamee hinjiru. Haa ta'u malee yaanni waliigalaa hiikawwan fookloorii mara keessatti argamu kan barreeffaman kaa'amee jiru caalaa kan afaaniin yookaan gochaan qindaa'ee dhalootaa dhalootatti darbaa dhufeedha. Yaada kana ilaalchisee

> "Folklore in its broadest sense is the part of the culture, customs and beliefs of society that is based on popular traditional. It is produced by the community and is usually transmitted orally or by demonstration. In addition to folklore and poetry the principal subjects treated , folklore includes arts and skills and music dance." (Encyolopedia American, 1983: 498*)*

Akka yaada waraabbii kanaatti fooklooriin yeroo bal'iffamee ilaalamu aadaa, barsiifataafi gochawwan hawwasa duudha beekamaa irratti kan hundaa'udha. Kan uumamus, hawaasummaan ta'ee hawaasni haala jiruufi jireenyaa keesssatti daangaa malee itti fayyadamuun,afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbu ta'uu isaati. Fooklooriin qaama aadaa, barsiifata garaa garaafi faaruuwwaan hawaasa tokko keessa jiran kan irrra deddeebiin raawwatamu, akkasumas barreeffamaan osoo hin ta'iin afaaniin (jechaan) kan darbuudha. Fookilooriin gochawwan hawaasaa keessatti raawwatamu hunda kan hammatu dha (Fowler, 1990:99)

Akka yaada kanaatti fooklooriin qaama aadaa, barsiitataa, faaruuwwan afaaniin daddarban ta'ee gochawwan hawaasa keessatti irra deddeebi'anii haala jiruufi jireenya isaanii keessatti raawwataman hunda kan hammatudha. Isaan keessaa duudhaan amantaa damee fookloorii duudhaa keessatti argamuun uummanni walta'uun irra deddeebi'uun kan waliin kabajataniidha. Fooklooriin kunis gosoota afuritti qoodama.

Gosoota fookloorii ilaalchisuun beektonni garagaraa yaada isaanii kaa'aniiru. Isaan keessaa Fiqaadee (1991:1) R.Dorson irraa fudhachuun "meeshaa aadaa, Afoola, aartii sochii qaamaafi barsiifata/duudhaa/ hawaasaa" jechuun fookloorii bakka afuritti (4) qoodu. Gosoota fookloorii arfan kana keessaa qorannoon kun duudhaa hawaasaa keessatti argama.

**Duudhaa Hawwasaa**:-Duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaatirraa xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) gareetirratti jechuun" ibsa. (Dorsen 1972:3). Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi irratti walii galee kan fudhateedha. Duudhaan hawaasaa gochi hawaasni tokko irra deddeebi'ee raawwatuudha. Hawaasni yeroo irra deddeebi'ee raawwatu itti yaadee, itti amanee waan tokko naaf ta'a jedhee kan raawwatuudha. Fakkeenyaaf amantaa jilawwan adda addaa of keessaa qaba."Barsifanni hawaasaa irra caalaa amantaa irratti kan xiyyeeffateedha." (Fikaadee, 1991:12.) Kanaaf duudhaan hawaasaa gooroowwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, adeemsa jiruufi jireenya keessatti hawaasni hirmaannaa waliiniitiin irra deddeebi'uun kan raawwatu akka ta'e hayyoonni garaagaraa ni mirkaneessu. Yaaduma kana  Dorsan (1972:3-4) akka ibsetti, duudhaan hawaasaa garee hawaasaa yookiin miseensa garichaa amantaan, ayyaana, oomisha, da'umsa, dhaloota, gaa'ela, du'a yookiin haalawwan biroo wajjin walqabsiifamuun kan raawwatamudha.Kanumarraa ka'uun duudhaaleen amantaa waaqeffannaa haalli raawwii ateeteefi irreechaa kun kan bu'uureffatu  duudhaa hawaasaati.

**Waaqeffannaa**:-Waaqeffannaa jechuun sirna deemsa waaqa tokkicha dhugeeffachuufi ittiin buluudha. Waaqeffannaan dhugeeffata seera uumaafi uumamaa beekanii, humnaafi dandeettii isaa dhugoomfachuu ittiin qajeelfamuufi itti amanuudhaan daandiifi dhugaa isaa qofa hordofanii buluudha.(Hundeessaa,  2018:20). Akka yaada kanaatti,Waaqeffannaan Dhugaafi hojii waaqaa hubachuufi qalbiin fudhachuun isa hordofuu, gochaafi kennaa isaaf immoo isa galateeffachuudha. Waaqni uumama uumama waan hundaa olii ta'uufi madda jireenyaati.

Waaqeffataan sirna Uummata Oromoo baroota kumaataman darban irraa eegalee kan ittiin bulaa tureefi jiruudha. Hordoftoonni dhugeeffata waaqeffannaatti bulan, waaqeffataa/waaqeffattuu/ jedhamu. Waaqeffattoonni seera waaqatiin qajeelfamuu, kabajaafi jaalala namaaf qabaachuu, waan hamaafi jibbamaa irraa lagachuu/of qosachuu/,soba, cubbuufi hannarraa fagaachuudha. Kana malees, safuu, hooda, duudhaafi aadaa waaqeffannaa eeguufi tiskuun amantaa Uummata Oromoo kan ganamaafi ittiin jiraachuuf warra irbuu galeefi of ta'eedha. Of ta'uu jechuun duudhaafi eenyummaa saba ofiitti boonanii waan ofiin jiraachudha. Amantaa Waaqeffaannaa keessaa ateeteefi irreechi isaan muraasa.

**Ateeteefi Irreecha:-**Ateeteefi Irreechi duudhaa amantaa waaqeffannaa keessaa tokko ta’uun uummanni waliin ta’uun waaqa isaanii kan ittiin kadhataniidha. Ateeteen ayyaana dubartii, ayyaana jiruufi jireenya dubartiin nagaafi gammachuun akka jiraattu, akkasumasa maatiifi waatiin hormaata badhaadhinaa qabu akka argataniif yeroo adda addaa facaafattu yoo ta’u, Ayyaanni Irreecha Malkaa immoo, Irreechi Birraa (Irreecha Malkaas ni jedhama) kan raawwatu yeroo ganni xumuuramee seena baatii birraa ykn giddugala ji’a Fulbaana keessatti. Guyyaan Irreechaa “Ayyaana Birraa Saaquu” jedhamuunis ni beekama. Iddoon irreechaa, malkaa fi hora guguddoo irratti. Tibba darbe namoonni guutama galaanaatiin addaan citanii turan walarguuf jecha guyyaa kana akka guyyaa gammachuutti fudhatu. Kanaaf Oromoonni malkaa gamaa fi gamanaa walitti bahanii "Mareewoo!... Mareewoo..!” jechaa Waaqa kadhachaa, faarfachaa, galateefachaa gara Malkaa deemu.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Ka’umsa qorannoo dhugaa hawaasa keessatti mul’atu ykn dhimma waa’ee hawaasichaa barreeffame tokko rakkoo maalii qabaa? Ykn qawwaa maaltu keessatti mul’ataa? qaawaa akkamii duuchuufi akkamitti duucha? Kan jedhu beekuuf. Akkasumas, yaaxina jiru fooyyeessuuf jecha qaamni qorannoo geggeessu gaaffiiwwaan ijoo qorannoon isaa deebii argachuu dandan’an bakka itti kaasuudha. Gaaffiiwwaan qorannoo ka’an kunis ifaafi kaayyoo qorannoo wajjiin kan walqabatan ta’uu qabu. (Addunyaa, 2011:53). Kanaafuu qorataa kanaaf waantonni ka’umsa ta’uufii danda’an hanga ammaatti mata duree walfakkaatu kanaan aanaa kan keessaatti qorannoon adeemsifame hinjiru. Kun immoo fooklooriin aanaa kanaa yoo haala ammayyaattiin qorannoo irratti geggeeffamee galma’ee taa’uu baatee dagatamuu bira darbee baduuyyuu ni danda’a, waan ta’eef qorataan kun jiraataa aanaa kanaa fi hojjataa aanichaa waan ta’eef mata duree kanarratti hojjachuuf ka’umsa godhate.

Dabalataan, ka’umsi qorannoo haalaan ibsame tokko gaaffiiwwan qorannoon kun maaliif gaggeeffame? qaawwa akkamii duucha jedhaniif deebii gahaa ni kenna. Qorataa kana mata-dure, “Xiinxala Haala Raawwii Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo Bu’uureffate”kan jedhu akka filatu kan kakaase, Amantaa Waaqeffannaa kun duudhaa dur hawaasa Oromoo bal’aa keessatti kabajamaa ture hawaasa aanichaa biratti dagatamaafi irranfatamaa waan dhufeef, kanarraa kan ka’ee dhaloonni ammaa amantaa kana

sadarakaa wallaaluurra ga'eera. Kanamalees mataduree kanarratti ammaan duraa qorannoon geggeeffamee ol kaayame  aanicha keessa hinjiru.

Kanuma sababeeffachuudhaan duudhaalee amantaa waaqeffannaa keessaa ateeteefi irreechi duudhaa (barsiifata) hawaasaa keessaa isa tokkoodha. Haa ta'u malee, yeroo ammaa kana haala duriin babal'atee kan jiruu miti. Kanaafuu, dhimma kana irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaadha. Sirni kabaja ayyaana duudhaa amantaa waaqeffaannaa ateeteefi irreechaa kunis afaanifi gochaan dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufeedha. Yeroo amma kana immoo aadaan uummata kanaa maal akka fakkaatufi sadarkaa maalirra akka jiru, kana malees gara fuulduraatti dhaloonni dhufu aadaa isaa akka hin daganneef bu'ura kaa'uuf kan qoratamuudha. Gabaabummatti,  Xinxaala haala raawwii duudhaalee amantaa waaqeffannaa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo irratti ka'uuf gaaffilee bu'uuraa armaan gadii xiyyeeffannoo argachuun furmaani kaa'ameera.

## 1.3.Gaaffilee Qorannoo

Qorannoo kana keessatti gaaffileen qorannoo armaan gadii deebii argataniiru

- Waaqeffannaa maali?
- Ateeteefi irreechi akkamiin dhaabbilee waaqeffannaa ta'an?
- Adeemsi duudhaalee amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa maali?
- Yeroo Raawwii Duudhaalee Amantaa waaqeffannaa  ateeteefi irreechaa maal faatu maalirraa qophaa'a?
- Faaruuwwaniifi eebbiwwan yeroo ayyaana ateeteefi irreechaa faarfataman nijiruu?
- Meeshaaleen kabaja ayyaanaa yeroo ateeteefi irreechaa qabatan maal faadhaa?
- Duudhaalee Amantaa waaqeffannaa keessaa ateeteefi irreechaa faayidaa maalii hawaasaaf kenna?
- Duudhaalee amantaa waaqeffannaa keessaa ateeteefi irreechi yeroo kam kabajamaa?
- Sadarkaan sirna kabaja duudhaalee amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa yeroo ammaa irra jiru maalfakkaata?

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1.Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Xinxaala Haala Raawwii Duudhaalee Amantii Waaqeffanaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo irratti kan xiyyeeffatuudha.

### 1.4.2.Kaayyoo Gooree

- Maalummaa duudhaalee amantaa waaqeffannaa keessaa ateeteefi irreechaa ibsuu.
- Adeemsi duudhaalee amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa qaaccessuu
- Yeroo Duudhaalee Amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaaf maal faatu maalirraa akka qophaa'u adda baasuun adda baasuu.
- Duudhaalee Amantaa waaqeffannaa keessaa ateeteefi irreechaa faayidaa maalii hawaasaaf akk kennu addeessuu.
- Ilaalcha uummanni amantaa waaqeffannaaateeteefi irreechaaf qabu ibsuu.
- Sadarkaa amantaan waaqeffannaa ateeteefi irreechaa yeroo ammaa irra jiru tarreessuu

## 1.5.Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaa armaan gadii qaba

A. Mata dureen qorannoo kanaa faayidaa daree galee barnoota Afaan Oromoo barsiisuuf qabu. Duudhaa, safuufi aadaa hawaasaa ittiin barsiisuuf, Faaruwwaninifi eebbawwan qorannoowwan kana keessatti argaman kana gara daree barnootatti fiduun kan biraa akka barreessaniifi akka xinxaalaanii hubannoo isaanii cimsatan gachuuf.kan fayyaduudha.

B. Duudhaan amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa kan jiran cimanii akka itti fufaniifi kanneen dagataman xinxaaluun bifa barreeffamaan dhaloota dhufuuf dabarsuu.

C. Namoota waa'ee duudhaa amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa hinbeekne nibarsiisa.

D. Namoota duudhaa amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa barsiisuufi babaldhisuu barbaadaniif madda odeeffannoo ta'uun tumsa kennaaf.

E. Dhaloonni amma sadarkaa amantaa duudhaan waaqeffannaa ateeteefi irreechi irra jiru nibeeku.

F. Namoota dhimma kanarratti qorannoo bal'aa gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti kan gargaaradha.

## 1.6.Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun bakkaafi qabiyyeen dangeeffamee jira. Kanaafuu bakkaan guutummaa Naannoo Oromiyaatti osoo gaggeeffamee gaaridha. Haa ta'u malee humnaafi baajata guddaafi yeroo bal'aa gaafachuu isaa irraa kan ka'e Godina Shawaa Aanaa Warra Jaarsoo qofarratti xiyyeeffatu. Gama qabiyyeen yoo ilaalle immoo, uummanni Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo amantaalee hedduu qaba. Amantaalee kanneen keessaa amantaa jalqabaa uummatichaa kan ta'e Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa keessaa haala raawwii sirna kabaja ateeteefi irreechaa malkaa xinxaaluu qofa irratti kan xiyyeeffatuudha.

## 1.7.Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu hanqinaalee adda addaatu nama mudata. Anis akka qorataa tokkootti qorannoo kana yeroon gaggeessu rakkoolee adda addaatu namudate. Adeemsa kana keessatti waantonni akka hanqinaatti mul'atan, qorannoowwan kanaan duraxinxaalame duudhaalee amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaatti argachuu hin dandeenye. Inni lammaffaan ammoo, namoonni aanicha keessatti dhimma kana beekan hedduun isaanii sababa amantaa isaanii jijjiirrataniif ragaa sirriitti kennuuf fedha dhabuu, akkasumas waa'eedhuma kanaayyuu kaasuun cubbuudha jedhanii amanu. Haata'u malee, tattaaffii qorataan taasiseen ragaaleen barbaachisoo ta'an funaanamanii qorannoon kun galma ga'uu danda'eera. Gama namoota odeeffannoo kennuu didaniitiin hamma danda'ametti yeroo fudhachuun namoota aadaasaaniitti boonaniifi ammallee hirmaattota sirnichaa ta'an barbaaduun odeeffannoon akka funaanamu ta'eerawalumaa galatti qorannoo kana yeroon gaggeessu hanqinaaleen armaan gadii namudatanis tattaaffii kiyyaan milkaa'uu danda'eera

**Hanqina yeroo:-** Hanqinni yeroo kunis kan uumame yeroon qorannoo kana geggeessaa turetti hojii baruuf barsiisuu hojjetaa wantan tureef, hanqina yeroo namudate kanas yeroo boqonnaa gabaabduu qabutti fayyadamuun hojjechuun keessaa baheera.

**Hanqina baajataa**:- Hojii kana hojjechuuf meeshaaleen hojii fi humni namaa daran barbaachisoodha. Sababa hanqina maallaqaarraan kan ka'es hojii kana hojjechuu keessatti

dhiibbaa uumeera. Kanas qarshii amma barbaadamu firoottan koorraa fudhachuun ittiin hojii kana xumureera

**Hanqina kitabolee wabii**:- Kitaaboleen wabii qorannoodhaaf baay'ee barbaachisoodha. Manni kitaabaa gahaan bakka ani itti hojjedhu waan hin jireef, kitaabolee wabii qorannoo kanaaf barbaachisan argachuun rakkoo isa guddaa ture. Kanas bakkan jirurraa gara manni kitaabaa kitaaboota hedduu qabuu deemee kan qo'annookoo waliiin walsimu dubbisuun rakkoo namudate jalaa baheera.

## 1.8. Ibsa Iddoo Qorannichi Itti Gaggeeffamuu

Aanaan qorannoon kun keessatti gaggeeffamu Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kaabaa Aanolee Jiran Keessaa Aanaa Warra Jaarsooti. Aanaan Warra Jaarsoo moggaasa maqaa kana kan argatte 116 oliidha. Sanaan duraa maqaa Marabitee jedhamuun waamamaa akka turte ragaan waajjira aadaafi turizimii ni eera.Magaalli guddoo Aanaa kanaas Magaala Gohaa-tsiyoon yoo jedhamtu maggaasa maqaa kanas kan argatte waggaa 130 yoo ta'u erga tajaajila mana qopheessaa argattee waggaa 60 oliidha. Akka odeeffannoo Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Warra,Jaarsootti, Aannaan Warra Jaarsoo Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kaabaa (Salaale)keessatti Magaalaa Guddoo Finfinnee irraa gara kaabaatti km 186 fagaattee argamti. Magaalaa guddoo godina irraa immoo garuma kaabaatti km75 irratti argamti. Aanaan Warra Jaarsoo Gandoota Baadiyyaa 25fi Gandoota Magaalaa 6 qabaachuun walumaa galatti Gandoota 31 qabaachuun beekamti.

Aanaan kun Bahaan Aanaa Hidhabuu Abooteefi Aanaa Darraan, kibbaan Aanaa Kuyyuun, Dhihaan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabatatiifi Kaabaan Maatummaa Naannoo Amaaraa Aanaa Dajaniin daangeffamtee argamti. Baldhinni lafa ishee heektara 115,294 yoo tahu, haalli qilleensa naannoo ishees baddaan heektara, 8,220, (7.129%), badda dareen heektara, 43,661. (37.871%), fi gammoojjiin, heektara 63,413,(55%),dha. Baay'inni uummata aanaa warra jaarsoo baadiyyaan dhiira, 88166, shamarran,88692 fi magaalaan dhiira, 6223fi shamarran, 7407, waliigala dhiira, 94,389 fi shamarran,96,099 walumaagalatti 190,488 qabaachuun kan beekkamtudha. (Madda lakkoofsa uummataa bara 1999 dha.) Aanaan kun gosoota oomisha midhaan adda addaa kannee akka, Xaafii, Qamadii Shunburaa, Gaayyaa, Atara, Baaqelaa, Missira, Boqqoolloo; akkasumas midhaan zayitaa kan akka; Nuugiifi Talbaa oomishuun

beekkamti. Dabalataaniis kuduraafi muduraa kanneen akka Muuzii, Burtukaana, Qaaraa, Timatima, Shunkurtii, Maangoo, Ananiyaa, Paappayyaafi wkf. ni oomishamu.

Aanaan Warra Jaarsoo iddoowwan seena qabeessaafi turizimiif olaan kan uumamaafi namtolchee kanneen akka Holqa Ykn Waashaa H/Sillaasee, Waashaa Mikaa'eel, Asfaaltii Lakkoofsa Shan,Riqicha Cabaa Xaaliyaanii, Riqicha laga Abayiifi wkf. qabdi.Aanaan kun dhaabbilee tajaajila uummataa kanneen akka; Mana barumsaa oolmaa daa'immanii sadi, Sadarkaa tokkoffaa marsaa 1$^{ffaa}$ kutaa tokkoo hanga afuriifi kutaa shanii hanga saddeetii 64, Sadarkaa lammaffaa ja'a, Qophaa'ina lama, kolleejii Teekinikaafi Ogummaa (BLTO) tokko, Mana yaalaa tokko, Keellaa fayyaa 31 qabdi. Dabalataaniis dhaabbilee tajaajila kanneen akka; Baankii Daldaala Itoophiyaa, Baankii Gamtaa Oromiyaa, Baankii Hawaash, Waldaa Liqiifi Qosannoo Oromiyaa (WLQO), Bishaan, Ibsaa, Daandiifaa qabdi.Kanaa malees Aanaan Warra Jaarsoo Duudhalee Amantaa Waaqeffannaa kanneen akka; Ayyaana Gubaa, Irreecha Malkaafi Tulluu, Ateetee, Qaalluu, Borontiicha Dhibaayyuu, Kallacha, Jaaariifi kkf qabaachuun beekkamti. Isaan keessaa qorannoon kun Haala Raawwii Duudhaa Amantaa Waaqeffannaa Ateeteefi Irreecha Qofa Xinxaaludha.

## 1.9. Qindoomina Qorannoo

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan dhiyaatudha.  Boqonnaalee kanneen jalatti mata-dureewwaan adda addaa nijiru. Haala kanaan mata-dureewwaan boqonnaa tokko jalatti argaman seensaafi seenduuba qorannichaa, ka'umsaqorannichaa, gaaffilee qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa ,ibsa iddoo qorannichi itti gaggeeffamuufi qindoomina qorannichaa kan jalatti argamaniidha. Boqonnaa lamaffan immoosakatta'a barruu:- maalummaa fookloorii, faayidaa fookiloorii, gosoota fookloorii, duudhaalee amantaa waaqeffaannaa, dayeessa qorannichaa, amantii waaqeffannaa, madda waaqeffaannaa, maalummaa amantaa waaqeeffannaa Oromoo, duudhaalee amantaa waaqeeffannaa Aanaa Warra Jaarsoofi dhiibbaalee duudhaalee uummata Oromoo irra qaqqaban kan dhiyaate yoo ta'u Boqonnaa sadi:-malleen qorannoo, madda odeeffannoo, meeshaalee ragaan ittiin funaannamuufi malleen qaaccessa ragaawwaniitu argama.Boqonnaan afur immoo; qaaccessa odeeffannoo funaannamaniitu kan dhiyaate yoo ta'u Boqonnaa shan kaasssaatti immoo guduunfaa, argannoofi yaboo  qorannichaatu walduraa duubaan dhiyaate. Dhumarratti kitaabooleen wabiifi dabaleewwaan wal duraa duubaan dhiyaataniiru.

# BOQONNAA LAMA:- SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti,maalummaa, faayidaafi gosoota fookloorii,duudhaalee amantaa waaqeffannaa, dayeessa qorannichaa, amantaa waaqeffannaa, duudhalee Amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa, akkasumas wantoota duudhaalee amantaa waaqeffannaa Hawaasa Oromoorratti dhiibbaa fidan ibsamaniiru. Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu ragaa hayyootaan kitaabolee barreeffamaniifi ragaa afaaniin hayyootarraa argameen deeggaramee dhiyaata. "Qorannoon tokko yeroo qoratamu ragaan yaada mata-duree sanaan kan deeggaru yookaan kan mormu ta'ee dhiyaachuu akka qabu," (Dastaa, 2002:71) ibseera. Kana malees faayidaa sakatta'a barruu inni biraa waan hojjetamaniin walqabsiisudha. Haala kanaan mormuu, deeggaruu, cimsuufi qaawwa mul'atu agarsiisuun qorannichaaf ka'umsa kan ta'e addabaasudha. (Addunyaa, 2011:57). yaada yaada hayyootaa kanaatti sakatta'anni barruu lafee dugdaa qorannuu ta'uun yaada qorannoo sana keessatti kaafamu sana dhugummaasaa kan mirkaneessudha.

## 2.1. Fooklooriifi Amantaa

### 2.1.1. Fookloorii

Hiika fookloorii ilaalchisee hayyoota dirree qorannoo fooklooriirra jiran hunda kan amansiisuufi tokko taasisu hin'argamne. Kanarraan kan ka'e qorattoonni dirree qorannoo fookloorii hiika fookloorii kennuu caalaa wantota fooklooriin of keessatti hammatu tarreessurratti xiyyeeffatu (Dundes, 1965; Dorson 1972). Akka yaada kanaatti fooklooriin hiika bal'aa waan qabuuf hiika tokko qofa itti kennuun waan hin danda'amneef wantoota fookloorii keessatti argamu kanneen akka aadaa, safuu, sirba. Mammaaksa,hiibboofi duudhaa faadhaa.

Akkasumas, fooklooriin yaadrimee bal'aa of keessaa qabaachuu isaan walqabsiisee, Dorsen (1972:17) yoo ibsu, "Folklore has an echo of the past, but at the same time it is also the various voice of the present. Foklore has been, and continues to be, a reflection and weapon of the class conflict," jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti, fooklooriin mul'istuu wanta darbeeti. Kanaafuu, fooklooriin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan tureefi ammas darbaa kan jiru; fuuldurattis kan lufinsa isaa itti fufuufi akka meeshaa lolaafi daawwiitii uummmataatti kan hawaasa tajaajiludha. Kunis, duudhaan, jechaan, gochaan, meeshaan, muuziqaaniifi wkf darbuu danda'a. Duudhaa keessaa immoo amantaan waaqeffaannaa isa tokkoodha.

Karaa biraatiin, Fiqade (1991), qabiyyee fooklooriin of keessaatti qabu kanneen akka: raagoo, afseenaa, durdurii, taphootaa, dubbiiwwan, fakkeenyan dubbataman, eebbawwan, abaarsa, arrabsoo, nagaa walgaafachuu, huccuu aadaa, ragada, beekumsa, amantii, riqicha aadaa, muuziqaa, meeshaalee aadaa, sirbaa, maqaawwaan barreeffamoota awwaalarratti barreeffamanii, tapha saddeeqaa, kadhannaawwan, haasa'aa sochii irratti hunda'e, sanyii lakkaa'uu, gosoota nyaataa, ayyaanota waggaa wkf of keessaatti akka qabutu ibseera.

Dimshaashumatti, yaadrimee fookloorii jedhuuf, hayyoonni ija garaa ilaaluun hiika akka itti kennaniif sababa kan ta'e, jechi 'fookloorii' jedhu yaadrimee bal'aa waan of keessaa qabuuf, akkaataa ilaalchaafi hubannoo isaaniitiin ibsuu isaanii mul'isa. Kunis, yaadrimee tokko bifa adda addaatiin ibsuudha malee, waan haaraa uumuu isaanii miti. Kanaafuu, jechi 'fookloorii' jedhamu kun akka beektonni hedduun ibsanitti, jiruufi jireenya hawaasaa keessatti waan, aadaa, safuu, falaasama, duudhaa, amantaa, barsiifata, afseenaa, raagoo, durdurii, taphootaa, dubbiiwwaan adda addaafi wkf of keessatti nihammata.

### 2.1.2. Faayidaa Fookloorii

Faayidaan fookloorii jiruufi jireenya hawaasaa tokko keessati hedduu akka ta'e beektonni fookloorii adda addaa ni ibsu. Beektonni kunneenis hawaasa tokko gama hawaasummaatiin, siyaasaatiin, aadaafi seenaa, ilaalchisee faayidaa hedduu kan qabu ta'uu eeru. Fakkeenyaaf; Misgaanuun (2011:12) akka armaan gadiitti ibsa. "Fooklooriin dhaloota darbeefi kan ammaa riqicha ta'ee walqunnamsiisa. Kana jechuun hambaalee bara durii turaniifi jiran dhaloota har'aatti agarsiisuun maalummaa uummatichaa walitti fida.

Fooklooriin madda ragaati. Kunis qorannoon seenaa aadaa, duudhaafi haala uummata tokkoo keessatti bifa madda ragaatiin waan dhi'aatuuf uummata madda raga barreeffama hinqabneef madda qorannoo, seenaa, aadaa, duudhaafi amantaa godhachuun fooklooriin nitajaajila. Kana malees fooklooriin uummata madda seenaa barreeffamaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, aartii, barnootaa, dinaagdeefi hawaasummaa keessatti nitajaajila. Dabalataan, fooklooriin hawaasa biratti gita qabsoo keessatti ga'ee olaanaa qaba. (R.Dorson,1972**,** Misgaanuu, 2011).

### 2.1.3.Gosooto Fookloorii

Gosoota fookloorii ilaalchisuun beektonni garagaraa yaada isaanii kaa'aniiru. Isaan keessaa Fiqaadee (1991:1) R.Dorson irraa fudhachuun "meeshaa aadaa, Afoola, aartii sochii qaamaafi barsiifata/duudhaa/ hawaasaa" jechuun fookloorii bakka afuritti (4) qoodu.Hayyoonni gosawwan fookloorii yemmuu ilaalan fooklooriin hojii kalaqaa kan himamsa afaaniitiifi gochaan akkasumaas wantoota ijaan mul'atan kan hojiirra oolan har'as ta'e borus jiraachuu danda'an hammachuu isaa hubanna. Isaaniis akka itti aanutti ibsamu.

## 2.1.3.1.Meeshaalee Aadaa

Namoonni fedhii meeshaafi xinsammuu guuttachuuf dandeettii ogummaa agarsiisuuf jecha kan hojjetan, wantoota ijaan mul'ataniifi harkaan qabamuu danda'aniidha. Yaada kana (Misgaanuu, 2011:15) akka ibsetti. "Wanti aadaa kan gurraan dhaga'amu yookaan kan afaanin dubbatamurraa kan ijaan ilaallamuudha.Wanti aadaa kunis aadaa, amantaafi falaasama hawaasaa bifa ilaalamuufi harkaan qabamuutiin kan labata tokkorraa isa biraatti ittiin darbuudha."Akka yaada kanaatti wanti aadaa irra caalaa wanta dubbatamuufi haasawamu osoo hintaane, kan harkaan qabamus ta'ee, ijaan mul'atu kalaqa uummanni jiruufi jireenya isaa keessaatti uummate ta'ee kan dhalootaa dhalootatti daangaa malee darbaa ture, darbaa jiruufi gara fulduraattiis kan darbuudha

### 2.1.3.2.Afoola

Afoolli (oral literature) gosoota fookloorii keessaa isa tokko ta'ee hayyoonni haala adda addaan hiika adda addaa kan itti kennaniidha. Isaan keessaa Melekne (2006:13) "Oral Literature refers to hirval heritage of mankind transmetted generation by word of mouth,"jechuun ibsa. Yaadni isaa kun afoolli akkuma maqaa isaa himamsa afaanii/dubbii/dhalootarraa dhalootatti kan darbu ta'uu isaati.Kana jechuun afoollii hawwaasan uumamee hawaasni afaniiffaan dhalootaa gara dhalootatti kan dabarsu jechuudha.

### 2.1.3.3.Aartii Sochii Qaamaa

Artiin sochii qaamaa hawaasaa, gosa aartii hawaasaa keessaa tokko ta'ee ogumni isaa sochii qaamaan kan mul'atuudha. Aartiin sochii qaama hawaasaa, hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaaf bifa ogummaa guuteen, muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan kalaqeedha. Gosti aartii kun qaama keenya keessaa kutaa qaamaa hanga ta'een jechuunis;

harka, miila, mataa, fuula, mudhii, morma, kkf. keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatuudha.

Iristeen (2012), aartii sochii qaamaa waraqaa qorannoo keessatti akka ibsitetti Aartiin duudhaa ogummaa aartii hawaasa tokkoo yoo ta’u gosa mul’ina fookloorii bifa faaruuwwaan duudhaa, ragada, diraamaa, tapha fardaafi kkf. kanneen sochii qaamaan qindaa’anii dhiyaataniidha. Aartiin duudhaa kalaqa aadaatiin kan argame yoo ta’u ogummaa sochii qaamaatiin qindaa’ee waan dhiyaatuuf dandeettiin fedhii namaa hawwachuu isaatii cimaadha. Kanaaf haala salphaan fooklooriin waa’ee uummata tokkoo kan calaqqisiisuufi dhalootaa dhalootatti kan dabarsuu danda’uudha.

#### 2.1.3.4.Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa barsiifata hawaasni waliin qooddatu ilaallata. Amalli kun kan ture, dhaabbataafi karaa jireenya akka feeteen ta’uu mala. Kunis,dhalli namaa hanga jirutti, kan waliin jiraatudha. Hawaasni waliin jiraachuuf kan waliin hordofuudha. Duudhaan hawaasaa dhimmoota aadaa waliin hidhata qaba. Hawaasa gidduu bara dheeraan dura kan tureefi kan sabni irratti walii galee fudhatedha. Kunis, dhimmoota duudhaafi amantaa walqabataadha. Duudhaa hawaasa tokkoo keessatti lufinsi kabajaa nijira (Simsfi Martine, 2005). Kunis, sirna namni tokko umrii tokko ykn kabaja hawaasaa jalatti gooreewwan argaman keessa muraasa isaanii akka armaan gadiitti ilaala. Isaanis: lufiinsa, jilaafi kabaja ayyaanaa, taphaafi bashanna, amantii duudhaa, waan safuu, tapha aadaafi wkf dha. Isaan keessaa qorannoon kun xinxaala haala raawwii duudhaa amantaa waaqeffannaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Walumaagalatti sakatta’a barruu kanarraa wanti hubatamu fooklooriin waan hawaasa keessatti guyyaa guyyaatti irra deddeebidhaan raawwatamu waan ta’eef duudhaan amantaa waaqeffannaas waan hawaasni jiruufi jireenya isaanii keessatti irra deddeebiin waliin qooddachuun waan raawwataniif damee fookloorii keessaa duudhaa hawaasaa keessatti calaqqisa jechuudha.

### 2.1.4. Amantaa

Amantaan fookloorii waliin hidhata qaba. Kunis amantiin damee fookloorii keessaa duudhaa hawassa keessatti argama. Akka ilaalchaafi amantaatti dhalli namaa akka namaatti erga uumameefi of baree booda haala naannoo isaafi raajii uumamaa waaqaa yaaduu jalqabee humni tokko akka jiruufi humni kun waan hunda akka tolcheefi human kanaaniis akka jiraatu hubate. Hojiifi raajii uumaa waaqaa kana dinqisiifachuun seeraafi safuu ittiin bulu tolfate kunis amantii

jedhama. Kanaaf akka ilaalchaafi amantaa waaqeffannaatti waaqni nama uume, namni immoo amantii ittiin seera/ajaja waaqaa hordofee buluufi adeemsa jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti ittiin jiraatu tolfate.(Hundeessa,2018:12). Akka yaada kenaatti amantaan damee fookloorii keessaa duudhaa hawaasaa jalatti argamuun waan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti irra deddeebiin waliin qooddachuun raawwataniidha.

Akka amantaa waaqeffannaatti amantiin kan uumame aadaa, duudhaa, barsiifata, safuufi dhugeeffata saba tokkoo keessaa akka ta'etti hubatama. Kumimmoo fookloorii keessatti amantaan duudhaa hawaasaa keessatti calaqqisuun beekkama. Sabni yookaan biyyi tokko akka bara ammaa kana seeraafi heera bulchiisna mootummaa tumameen/seerameen buluu osoo hinjalqabiin dura, kan ittiin wal bulchaafi waltiksaa ture seera amantiin ture. Isa kanatu yeroo yeroon guddatee, fooyyaa'ee, baballa'atee barruunis qindeeffamee ijaarramuun beekkamtii argate. Osoo akkas hin turre ta'ee, silaa lafa kanarra amantii/ dhugeeffata gosa tokkoo jiraata ture. Kanaaf amantiin aadaa, duudhaafi ilaalcha sabni tokko uumaafi uumamaaf qabu keessaa madda.

Walumaa galatti fooklooriifi amantaan kan walitti hidhatan yaa ta'u malee fooklooriin bal'aa yoo ta'u amantaan garuu fookloorii gadi ta'uun gosooto fookloorii keessaa duudhaa hawaasaa keessatti argamuun kan hawaasni waliin qooddachuun eenyummaa ofii calaqqisuun, dhalootaa gara dhalootatti dabarsaa turaniifi dabarsaa jiraniidha. Kanaaf amantaan gosa fookloorii osoo hin taane damee fookloorii keessatti kan argamu jechuudha.

## 2.2.Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa

Duudhaaleen Amantaa Waaqeffannaa duudhaalee uummanni Oromoo durii qabee gareedhaan iddoo amantaa isaanitti guyyaa murtaa'e yookaan beekkame kabajachaa turaniidha. Duudhaan amantaa kunis amala hawaasni waliin qooddatu ilaallata. Hawaasni waliin jiraachuuf jecha kan waliin hordofuudha. Duudhaan hawaasaa dhimmoota adda addaa waliin hidhata qaba. Duudhaan waan hawaasni haala jiruufi jireenyaa keessatti waliin qooddatan ta'ee innis dhimmoota garee hawaasichaa keessatti irra deddeebi'anii raawwatamanidha. Kunis kan raawwatamuuf, miseensa garee hawaasa tokkoo ta'uuf yookiin itti makamuu agarsiisuuf ofbeeksifachuu akka ta'e agarsiisa. Dhimmoota hawaasni garee keessatti waliin qooddatan keessaa duudhaan amantaa isa tokkoodha. Dorsan (1972:3-4). Amantaaleen duudhaalee hawaasaa Oromoo Aanaa Warra

Jaarsoo hedduu ta'anis qorannoon kun haala raawwii ateeteefi irreechaa xinxaaluu irratti qofa kan xiyyeeffateedha.

Duudhaalee amantaa waaqeffannaa keessaa  Ateeteefi Irreechi barsiifata hawaasaa keessaa isa tokkoodha. Amantaan Waaqeffannaa ateeteefi irreechi kunis bifa ogafaaniin dhalootaa dhalootatti darbuun falaasama amantiifi beekumsa Oromoo mul'isaa tureera. Uummanni Oromoos Amanti iwaaqeffanna ateeteefi irreecha kanaan waggoota dheeraaf shakkii tokko malee ittiin jiraachaa yookaan ittiin walgageessaa tureera

## 2.3.Daayessa Aadaa Hawaasaa (Folk-Cultural Theory)

Dayeessi kun duudhaan hawaasaa  akka cimu waan godhuuf duudhaa hawaasaa keessaa immoo amantaan waaqeffannaa isa tokko waan ta'eef qorannoon kun dayeessa aadaan walitti hidhata qaba. Dayeessi kan madde qo`attoota duudhaa kan ta`an kanneen akka Iorwerth  Peate, Don Yoder faadhaam kalaqame Kaayyoon afoolee kanaas, afooleewwan kaan keessatti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimu taasisuudh, (Hiikaa, 2010:100). Kana jechuun,bu`aan hawaasaa (waantota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo argachuu qabaan yaada jedhuudha of keessaa qaba. Akka  yaada dayeessa kanaatti qo`annoon tokko daayessa qofaa kan gidduu galeessa godhate miti. Odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii,waan durii irra deebi`anii fayyadauu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa`ee afoola sanaa kan agarsiisudha.

Kanaafuu, qo`annoon afoolaa waan aadaa, duudhaa, faaya aadaa, akkasumas, qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhu nutti agarsiisa

Gosti qorannoo kanaa dayeessa  aadaa hawaasa tokkoo kan bu'ureffatuudha. Kaayyoon dayeessa aadaa kanaas, hawaasa keessatti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimu kan taasisuufi bu`aan hawaasaa (waantota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo argachuu qabaan yaada jedhu of keessaa qaba.

Kanaafuu, dayeessi aadaa hawaasaa kun, waan aadaa, amantaa, duudhaa, faaya aadaa, akkasumas, qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhu nutti agarsiisa.

Kanarraa ka'uun, gosti qorannoo kanaa dayeessa aadaa hawaasa bal'aa bu'uureffata. Dayeessi kunis garee hawaasa garaa garaa keessa waan jiru kanneen akka jilawwan adda addaa, duudhaalee amantawwaan adda addaa garagarummaa haa qabaatu malee hawaasa sana biratti calaqqisiisa. Kanaaf qorannoon kun gosa qorannoo jiran keessaa qorannoo sanyaabsaa/aadaa jalatti kan raadamuudha. Qorannoon aadaa hawaasa tokko keessatti qorannoo sanyaabsaa daran filatamaadha. Sababni isaas, qorannoon sanyaabsaa qorataan qaamaan bakka duudhaan aadaa jirutti, yoomeessan argamuun gurraan dhaga'uun ykn bakka sirni tokko itti raawwachaa jiru ilaaludhaan ragaalee adda addaa irraa argatuudha (Creswell, 2012). Gosa qorannoo aadaa qorachuuf malli qorannoo al-lakkoofsaa mijataa ta'uufi gosti qorannoo kun ilaalcha, hawaasni waan tokko irratti qabu kanneen akka, amantaa, muuxannoo, gaddaa fi gammachuu, jaalala, aadaa siyaasaa addaan baafachuuf akka oolu ibseera. Akkuma yaada hayyuu kanarraa hubannu qorannoon kun haala raawwii duudhaa amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreecha kan xinxaaludha.

## 2.4.Amantaa Waaqeffannaa

Waaqeffannaan amantaa uumamaa isa jalqabaa kan Uummata Gurraacha Oromooti. Amantaa uummataa hangafa sanyii namaa, amantaa bakka sanyiin namaa dura itti argametti, Amantaa Uummata Oromoo Kuushiti. Akkuma sanyiin namaa jalqabaaf Gaanfa Afrikaa Oromiyaa, kuush keessatti uumame Amantaan Waaqeffannaas asumatti uummata gurraacha hangafa sanyii namaa ta'een amantaa ormaa dura eegale.(Dirribii, 2009:18)

Waaqeffannaan Amantaa Uummata Oromoo ganamaa inni uummanni gurraachi Oromoo bara kuma hedduuf hordofaa ture. Haa ta'u malee karaa hedduun itti duulamuun akka badu godhamaa tureera. Garuu amantaa dhugaa ganamaa waan ta'eef, lapheefi sammuu uummata Oromoo keessaa baduu didee har'a ga'eera. Waaqeffannaan ganama uumamaan waaqa kadhataa ture malee, wanti barreeffame yookaan jechi waaqaa bu'e yookaan immoo ani ergamaa waaqati, waanin ani jedhu shakkii tokko malee akka jirutti fudhadhaa namni jedhu raajaa (prophet) irraa kan dhufee miti. (Dirribii,2009:24)

Amantiin Waaqeffannaa amantaa sabni Oromoo hordofaa ture yoo ta'u innis yaada waaqa tokkotti amanuu jedhu kan ofkeessaa qabuudha. (WADO,2006:461). Amantiin waaqeffannaa

amantii hundeedhaan biyya kana keessaa maddeefi amantiilee har'a babalatanii jiran hundaaf bu'uura ykn ka'umsa ta'uu isaaf ragaa hedduutu jira.

Yaaduma kana ilaalchisee Dirribiin (2009:18),yoo obsu,

> Waaqeffannaan amantaa uummataa isa ganamaa kan uummata Oromooti. Amantaa bakka sanyiin namaa dura itti argameetti eegalame, amantaa uummata Oromoo kuushiti. Akkuma sanyiin nama dura gaanfa Afrikaa Oromiyaa kuush keessatti uumame Amantaan Waaqeffannaas asuma ummata gurraacha hangafa sanyii namaa taheen amantaa ormaa dura eegalame.

Akka yaada hayyuu kanaatti ummanni Oromoo jalqabaa qabee amantaa waaqeffannaa biyya uumata Oromoon Oromiyaa keessa made itti amanaa kunuunsaa har'aan ga'ateedha.

Kana malees,amantaa habaabileefi akaakilee isaanii kunuunfachuun ittiin bulaafi walbulchaa kan tureedha. Qorannoon kun haala raawwii duudhaalee amantii waaqeffannaa Ateeteefi Irreechaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo xinxaaluu irratti xiyyeeffata. Duudhaaleen kun Aanaa Warra Jaarsoo keessatti baayyee beekkamuu baatuus barsiifata hawaasaa tahuun yeroo darban keessaatti tajajilaa turuun isaa nibeekkama. Kunummoo yeroo ammaa dhimma xiyyeeffannaa barbaadudha.

Amantiin waaqeffannaa ateeteefi irreechaa amantii Sabni Oromoo hordofaa ture yoo ta'u waaqa tokkotti amanuu qabiyyee jedhu kan ofkeessaa qabuudha. Kanaaf akka falaasama Oromootti, duudhaalee amantaa ateeteefi irreechaa keessatti dhugeeffannoo ittiin ibsatu jiruufi humna waaqaa akkasumas raajii isaa dhalootaafi iccitii jireenyaa walitti fiduun kan ibsatuudha. Kun ammooo garee fookloorii  uummatichaa keessaa isa tokkoodha.

Alamaayyoofi Kaawwon (1998:38). yoo waa'ee waaqeffannaa ibsan, "Uummanni Oromoo guddina qarooma aadaa keessatti ija mukaafi sanyii funaanurraa qonna yogguu eegale, adeemsa jiraachuurraa horii horsiisuu yogguu jalqabetti, kan roobee biqilchuufi guddisu bokkaafi aduun lamaanuu waaqarraa akka dhufe qalbeefate. Kanarraa amantiifi falaasamni isaa akkasumas, warri amantii gaggeessan uumaman" jedhu.

Akka yaada kanarraa hubachuun dandaamutti uummanni Oromoo waan amanu tokkoof dhugeeffannoo qabatamaa irratti hundaa'uun kan Waaqeffatu ta'uu isaati. Yaaduma kana Hayiluu. (1997), yoo ibsu, "Amantiin sabni Oromoo hordofu keessaa tokko waaqeffannadha."

Namoonni amantii kana hordofan waaqeffataa jedhamu.  Kan isaan itti amanan ammooo waaqatti jechuun ibsa. Kun ammoo kan ibsu amantaa mataa isaafi gaggeessaa amantaa kan mataa isaa akka qabuufi borulleen akka dagatamuu hin dandeenye lafa kaa'a.

Akka aadaa Oromootti gaggeessaan amantii (giddu deemsi) waaqaafi namaa, ayyaana (Qaalluu) jedhamuun hawaasa keessatti beekama. Ayyaantuun kun ammooo akka dhugeeffannoo Oromootti, warra tokko keessatti akka Waaqayyo giddu-deemsa irratti dhaabufiidha jechuun amanama. Kanuma ilaalchisee Negaso(1984:153) yoo ibsu "Through their role as "Mediators" both between the sprits (Ayyaanaa) of the ancestors and their descendants and between individual and groups, the could accumulate."jedha

Adeemsa hoji ayyaanaa keessatti warra tokkoo giddu deemsa namaafi waaqa namaaf dhaabatee, nama dhuunfaaf yookin garee tokkoof dhaabatee kan tajaajilu ta'uu isaa ibsa. Kanaaf, ayyaaanni afuura giddu deemsaa yoo ta'u ayyaantuun ammooo nama warra tokko keessa ayyaanni irratti bu'uudha.

Oromoon waggoota dheeraadhaaf amantii duudhaa waaqa tokkotti amanamuun, waaqeffaataa tureera. Amantiin kun seeraafi safuu uumaafi uumama eeguun sonoota hawaasaa kan akka jaalalaa, kabajaa, ulfina, amanamummaa, naamusaafi kkf. eeguun kan ittiin hariiroon hawaasaa cimsamuudha.

### 2.4.1.Waaqaafi Waaqeffannaa

Waaqni waaqeffannaan duudhaa amantii Oromoo keessatti kabajaafi bakka guddaa kan qabuudha. Akka, (WADO,2006), keessatti ibsametti. "Jechi waaqeffannaa jedhu jecha waaqa jedhu irraa kan laachifame yoo ta'u waaqa jechuun uumaa dachiifi ruudaa, namaafi uumama olitti argamuudha

Haala teessuma lafa naannoo jireenyaa irratti hundaa'uun Oromoo gidduu garagarummaan jiraatuyyuu kanneen duudhaa durii waliin jiraataan kanneen amantii kiristaanaa ta'ee kan islaamaa hinfudhanne, kanneen duudhaalee itti dhalatan jabeessaan yaada bu'uura amantii duudhaa Oromoo walfakkaataa qabu.

### 2.4.2.Amantaafi Waaqeffanaa

Ateeteefi irreechi duudhaaleen amantaa waaqeffannaa keessaa tokko waan ta'eef waa'ee amantaafi waaqeffannaa ibsuun barbaachisaadha. Yaadarimeen waaqeffannaa kan dhufe jecha afaan Oromoo "waaqa" jedhurraa laachifameeti. Waaqeffannaa jechuun waaqa tokkotti buluudha. nageenya, qulqullinaafi damboobummaadha. (WADO,2006:46). Dirribiin (2009:18), akka ibsutti "Amantaan waaqeffannaa amantii uumamaa isa ganamaa kan uummata Oromooti." Walumaagalatti waaqeffannaan amantii namoota waaqa tokkichatti amananii bulan yoo ta'u, waaqeffattoota jechuun immoo namoota amantii waaqeffannaa hordofaniidha. (WADO, 2006:46)

Waaqeffannaa  jechi jedhu maqaa waaqa jedhu irraa kan madde yemmuu ta'u jecha lamaan kan walqabatan ta'uu isaanii agarsiisa. Isaaniis waaqaafi waaqeffannaadha. (Debebe,2007:9). Waaqeffannaan kan gaggeeffamu Amantootaan yemmuu ta'u kan gaggeeffamuufis immoo waaqaafiidha. Dhaabbilee amantii kamiiyyuu keessatti waaqeffannaan nigaggeeffama. Waaqeffannaan sammuu ofii guutuun, lubbuu ofii guutuun, hafuuraafi dhugaan fedha ofiitiin ulfina waaqayyoof kan ittiin dhiyeessani. Waaqeffannaan waaqayyoon ajaaa'ibsiifachuu waan qaaqeessan sanaaf ulfina barbaachisu kennuudha.

### 2.4.3. Madda Waaqeffannaaa

Akkuma beekkamu Ateeteefi irreechi qaama duudhaa amantaa waaqeffannaa madda waaqeffannaati. Akka hayyoonni adda addaa ibsanitti waaqeffannaan amantii dhugeeffannaa Oromoo kan jalqabaa dachii kana dhufee ammallee haala adda addaan otoo hin badiin sesselachaa har'a ga'eedha. (WADO,2006:47). Amantii Oromoo waaqeffannaan amantii aadaa, falaasama, beekkumsaafi qaroomina kuush irraa akka madde hayyoonni seenaa lafa kaa'u. Hundeen kuush durii immoo Afrikaa kaaba bahaati.Alamaayyoofikanneen biroo,(1998). "waaqeffannaan amantii Oromoo isa yayyabaati."Amantiin uummata Oromoo osoo amantiin jabanaa yookaan si'anaa biyya Oromiyaa keessa hinseeniin durumaanuu kabajamaafi amanamaa tureedha.Amantii kanas amantii uummanni Oromoo waaqa irraa gonfatee ittiin bulaa tureedha. (Hayiluu,1997)

Akka yaada hayyoota kanaatti amantiin waaqeffannaa amantii ganamaafi dhugaa uummata oromoo waan ta'eef kana malees uummatuma Oromoon Oromiyaa kessaa waan maddeef yeroo

adda addaatti dhiibbaan adda addaas irra osoo ga'aa jiruu sababa cimina isaa fi dhugummaa isaatiin yeroo ammaa kana ga'uun kabajamaa kan jiruudha.

#### 2.4.3.1. Waaqa

Beekumsa waaqaafi waaqa tokkichatti amananii buluun yayyaba amantaa waaqeffannaa keessaa isa bu'uurati. Akka amantii waaqeffaannaatti yayyabni jabaan waaqa beekuudha. (WADO, 2006:31). Beekumsa waaqaa akka salphaatti baruun hin danda'amu. Qorannoofi xinxaala gadi fagoo gaafata. Dhimma kanaan guutamuuf waansaa cufa beekanii itti mul'achuu gaafata. Yeroo mara waa'ee isaa yaaduu, dubbachuufi dhaga'uu nama gaafata. Alaala taa'anii beekumsa waaqaa hinargatan (WADO,2006)

Akka yaada kanaatti waaqa jechuun uumaa waan hundaa ta'ee waaqeffattoonni waaqatti amananii buluuf waayee waaqaa beekanii itti amananii buluuf beekumsaafi dandeetti kan gaafatu ta'ee beekumsaa fi dandeettii waaqayyoos haala salphaan halaala taa'anii baruun kan hin danda'amneedha,

#### 2.4.3.2.Ayyaana

Ayyaanni uumama waaqaa qaalluu keessaa mul'atee waaqaafi nama walqunnamsiisa jedhamee beekkama. Ayyaanni waan tokko akka uumamu kan taasisuudha. (Gammachuu, 1998:41) Haaluma walfakkaatuun, (WADO, 2006:157), irratti ayyaanni utubaa waaqeffannaa keessaa isa tokko yoo ta'u mil'uu waaqaa kan waaqni uumama mara uumee qajeelchee wanti tokko akka dhalatu kan taasisuudha. Kana malees, ayyaanni wanti tokko erga dhalateen booda akka ittiin mul'atuuf kan sirneessudha. Akka yaada hayyoota kanaatti hordoftoota amantaa waaqeffannaa biratti ayyaanni daandii ta'ee namaafi waaqa kan wal qunnamsiisuufi wanti tokko akka uumamu, wanti uumamees uumaasaa qabatee bakkeesaa akka taa'u kan godhuudha.

Hayyoonni adda addaa yaadarimee ayyaana jedhu ilaalchisee yaada walsimu  hin qabanu.. Imaanaan, (2006),(Gadaa,1988:17), wabeeffachuun yemmuu ibsu, ayyaanoota akka ergamtoota mootummaa waaqaa tokko tokkoo isaanii keessaan waaqni akka itti mul'atutti kan hubataman yookaan ergamtoota waaqayyoo dhugaan walfakkaataan jedhee hiikera. Gama biraatiin Gammachuun, (1994:112), ummamni hunduu; namni horiifi biqiltoonni ayyaana mataa isaanii qabu. Gareenillee ayyaana mataa isaanii qabu jedhee ayyaanni kan uumama hundaa ta'uu ibseera. Dabalataan Imaanaan, (2000), Knutson (1967:5), wabeeffachuun yemmuu ibsu

qorattoota armaan olii caalaatti yaadrimee ayyaana jedhu bifa bal'inaafi gadifageenyaa qabuun ibseera. Akka haala ibsa kanaatti akkuma yaadarimee "Waaqa" jedhuu,yaada rimeen Ayyaana jedhus hiikni isaaniis haala qabatamaa keessatti beekkama. Ayyaanni mallattoolee mataa isaa hubatamaan kan qabuufi uumaa keessaa bakka tokkotti argama jedhamee kan yaadamu. Garuu suura isaa yookaan eessaa akka jiraatu ibsuun rakkisaadha.

Waaqeffannaa keessatti uumanis, uummaamnis hundi ayyaana mataa isaanii niqabu, Ayyaana mataasaan bula, Ayyaana kana ijaan arguun hindanda'amu, Ayyana ayyaanaan beekaan malee ijaan hinargan. Yaada kana Maatiin, (2006:157), akka ibsee jirutti, "Ayyaana jechuun mil'uu waaqaa kan waaqni ittiin uumama mara uumee qajeelchudha." Ayyaana wanti tokko akka dhalatu kan taasisu, erga dhalatee boodas wanti sun akka ittiin mul'atuufi qajeelfamu sirreessee qabuufi to'atuudha. Kanaaf, Ayyaana jechuun mil'uu wanti tokko akka uumamu godhuufi erga uumamee boodas akka jiraatuufi sirnaan akka socha'u to'atee kan eeguudha.

Akka Maatiin, (2006:157-158), ibsetti "Waaqeffataan akka amanutti wanti uumame cufti ayyaana wajjiin dhalatu, kan mataasaa niqaba. Ayyaana kana dhalootaan argatan. Ayyaanni namaa hindu'u, hinbadus. Namni du'us ayyaanni dhaloota irraa dhalootatti darba malee hindu'u. Kana jechuun, uummaanni marti ayyaana latoo qaba jecha jechuudha. Ayyaanni Latoo kun ayyaana dhalootaa dhalootatti darbuudha. Namni ayyaana mataasaa qaba; Guyyaaniis ayyaana mataasaa qaba; wanti cufti ayyaana kanaan dhufa; ittiinis jiraata. Sirni dhugeeffannaa Oromoo;waaqeffannaa, amantaafi ayyaanaafi ayyaantuun qajeelfama.

Ayyaana ilaalchisee falaasamniifi aadaan amantaa Oromoo akkaataa ittiin ibsaniifi dhugeeffatan Alamaayyoofi kaawwan (1998:53), irratti akka armaan gadiitti ibseera, "Ayyaanni uummata kamiiyyuu keessatti kan waaqni ittiin addeeffamu ykn mul'atu.' Ayyaana gaariis ta'ee gadhee ykn badaa waaqatu kennaaf. Carraa gaariis ta'ee gadheedha. Kan namoonni qaban, ayyaana dhaloota isaaniitiin qaban irratti hundaa'a.

Ayyaanni karaa waaqni uumama isaa mara waliin walqunnamtiifi uumama mara ittiin qajeelchudha. Malkaan, tulluun, guyyaan, namni, bineensonnifi kkf. hundi ayyaan isaan eeguufi isaan qajeelchu qabu. Akka maaram ayyaana deechuu(deessuu), ateeteen ayyaan dubartii, borontichi ayyaana hangafaa, golfaan ayyaana qe'ee, wadaajni ayyaana maatiifi kkf maqaa

dhahuun ni danda'ama. Ayyaanni ijaan hinmul'atu; garuu, humnan yookaan afuura waaqaa kan nama eeguufi nama qajeelchu.(Maammoo, 2010:62)

Akka yaada kanaatti, namni yeroo uumamu ayyaana waliini. Kanaafuu uummamni martinuu ayyaanaan qajeelfama. Ayyaanni dhala namaa gara daandii qajeelaafi ifaatti deebisa. Akka amantii waaqeffannaatti ayyaanni akaakuu bal'aa qaba. Egaa walumaagalatti, akk falasaama duudhaa Oromootti, Ayyaanni maqaa, guyyaa carraafi afuurri waaqaa kan ittiin addeeffamu jechuun ni danda'ama. (Maammoo,2010:63).

Akka Maatiin, (2006:227), irratti ibsamee jirutti "Ayyaanni waaqeffannaa akkaataa kabajama isaan iddoo lamatti qoodama: Ayyaana Mo'aafi Ayyaana Galatooti. Ayyaana Mo'aa jechuun ayyaana warraafi maatii humnoomsee moosisuudha. Maatiifi warri ayyaanaa waaqaan guutamanii waan gaariifi qajeelaan gara egeree gaariifi qajeelatti akka fulla'an taasisa. Ayyaanota Mo'aa warri jedhaman kanneen akka Aarsaa, `Boronticha, Gindiikaa, fa'a. Ayyaana Galatoo jechuun ayyaanota kabajamoo waaqeffattoonni dhuunfaadhaan akka maatitti, gamtaan akka jamaatti walgayanii ayyaaneffataniidha. Achiinis ayyaana moofaafi dulloommaa keessaa muuxatanii bahuun ayyaana haaraafi jabaa dhuunfatan. Kunimmoo waaqeffattoota haaromsee humnoomsuun abdii egeree akka horatan taasisa. Kanaafis ayyaanonni kunneen dhalootaa dhalootatti fullaa'inaan kabajamaa ayyaneeffama. Ayyaanota Galatoo waaqeffattootan ayyaaneffaman kanneen akka; Taaboree, Irreecha, Wadaajaafi Ateetee faadha.

Walumaagalatti, sirni ayyaaneffannaa ayyaanota kamuu raawwataman hunda dura waaqa ofii ykn waan isaan uume kadhatu, faarfatu,akkasumas galateeffatu.

#### 2.4.3.3.Dhugaa

Dhugaan ergaa ijoo amantii waaqeffannaati. WADO(2006:1) keessatti "Namni amantii waaqeffannaa qabu dhugaa barbaade hin dhabu; kijibnis hin dhaalamu" jedha. Yaanni kun amantii duudhaa Oromoo waaqeffaannaa kan dhugaa Oromoo ganamaa badee ture amma ifa ba'uu isaaf fuldurattis jiraachuu akka danda'u agarsiisa. Kanaafuu amantii Oromoo ganamaa kan dhugaan madda walaabuu irraa Oromoof kennameefi kan dhugaafi dhugaan kadhatamuudha. Yaadarimee Dhugaa jedhu, Hundasaa fi Kaawwan.(6411),Dhugaa jechuun waan ijaan argan, gurraan dhaga'an, tokko otoo hin dhoksiin, hinjallisiin, hindabsiin himanii mirkaneessuu jechuudha. 'dhugaan niqallatti malee hincittu"jedha,Oromoon yeroo dhugaaf falmu. Waaqni

immoo iddoo dhugaan jiru waan beekuuf dhuma irratti namicha dhugaaf dhaabbate sanaaf injifannoo gonfachiisa jedhee amana.

### 2.4.3.4.Safuu

Jiruufi jireenya Oromoo guyyaa irraa guyyaatti jechi safuu jedhu bal'inaan mul'ata. Amantii Oromoo keessatti yaadrimeewwaan uumaa, safuufi ayyaanni yeroo mara waan waliin ka'aniif kan walitti hidhamaniidha.

Uumaan waan addunyaa kana irratti waaqni uume wanti ijaan arginuufi arguu hindandeenye. Amantii duudhaa Oromoo keessatti waaqni, lafti, uumaafi ayyaanni safuu jaalatu. Sababuma kana irraa ka'uun waaqni safuu roobee, lafti safuu magarsa. Ayyaana isaaniif safuu! Yaa uumaa siif safuu! jedhama. Yaadrimeen Safuu jedhu akkaataa Oromoo maccaa keessaatti mul'atu Imaanaan, (2000),Bartels (1983:330-341) Gammachuu (1970:41;54),wabeeffachuun bal'inaan ibseera. Yaadrimee safuu haala dubbii guyyaa irraa guyyaatti dubbatamu.Yaada namootiin yaadrimee safuuf kennaniif safuun seera gadaa keessatti akkamitti akka ibsamu xinxaalameera. Safuun uumaafi ayyaana irraa adda ba'ee akka hinjiraanne mirkaneessera. kunis ilaalcha Adunyaa Oromoo keessatti safuun akkaataa gochaalee kamiiyyuu sadarkaa dhuunfaa, Sadarkaa hawaasummaa yookaan sadarkaa adunyaa jiraannuutti qajeelfama naamusaafi amala gaarii kennuuf nugaraggaara jedheera.

Safuu jechuun haalli nagaan uumamee yookaan dubbatamee jiru tokko akka raajamu kan nama taasisu yookaan kan fuggisoo uumame, jal'atee dubbatamee nama muufachiisee naasisu tokko innaa uumaafi uumama gidduutti argamu kan akka raajitti irratti dubbatamuudha. **(**Hundasaa fi Kaawwan**,**6411:52). Akkailaalcha waaqeffannaatti akkaataan uummanni waldanda'uun walkabajanii hanga danda'ametti bakka walii kennanii waliin jiraataan safuu jedhama. (Dirribii 2009:61).

walumaagalatti amantaalee dhugeeffaannaa Oromoo keessatti safuun yaadrimee bu'uura jireenyaa waan ta'eef naamusaalee hin barbaachifne kan akka nama riifachiisuu, nama doorsisuu, dhugaa jallisuu, dhara guddisuu, waliin dubbii hinbarbaachifne taasisuu, soba, hannaafi kkf. kan waaqni hin jaalanne akka dhabaman taasisuudha. Oromoon walkabajuu, ayyaana walii kabajuuf marga kutee waliif kennee, maanguddoo simatee laga yemmuu cee'u, qe'ee warra ayyaantutii

yemmuu dhufu, yemmuu fuudhaafi heeruma raawwatu mallattoo safuu kan ta’e marga yookaan coqorsa kutee irreeffachuun yookaan namatti kennuun safuu ibsa.(WADO,2006).

#### 2.4.3.5.Cubbuu

Akka Amantii duudhaa Oromootti waaqni gaarummaaf waan nama uumeef yakka yookaan daba yoo hojjattan hinjaalatu. Namni gaariis ta’ee yaraa hojjetu lafarrattis ta’ee mana waaqatti hojii isaa ni argata jedhamee amanama. Namni waan waaqni jaalatu hojjete kan jaalatamu yoo ta’e, kan waaqni hinjaalanne raawwate immoo kan waaqni jibbu yookaan cubbamaadha. akka WADO (2006:139) tti, cubbuun nama seera waaqaa jallisee fedhii seera waaqaa dabsuuniifi cabsuu waliin walqabate cubbuu namni tokko raawwachuu danda’u dhaloota fulduraatiin ba’uu ni danda’a. Sababni isaas fedhiifi seerri waaqayyoon hin eeggamiin wanti walaabu keessaa jeeqamee dhaloota egeree irratti miidhaa fiduu waan maluufi. akka ilaacha Oromootti cubbuu jechuun safuu cabsuudha. Safuu cabsuun nagaa balleessee nama miidha.

## 2.5.Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa Aanaa Warra Jaarsoo

Godinni Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo keessatti duudhaalee amantaa waaqeffannaa hedduutu jira. Isaan keessaa; Ateeteefi Irreecha akka armaan gadiitti ibsamaniiru

### 2.5.1.Ateetee

Ateeteen ayyaana dubartii jedhama. Sababni isaas, ateetee kana kan eebbisee naqu dubartii waan taateef. Ayyaanni haadharra buufate kun ishiif tolee, dhala ishiitti akka darbuuf dubartoonni kan itti waaqa kadhatudha. Guyyaan Ateeteen itti kabajamu kunis guyyaa maaramaa jedhama. (Dirribii, 2009).

Ateeteen uummata Oromoo biratti baay’ee kan beekkamu ta’ee, akkuma duudhaalee kanneen biroo dhalootaa gara dhalootatti kan darbuudha. Akka Maatiin, (2006:145), ibsametti “Ateeteen ayyaana dubartii ta’uu hawwasni kan beeku yoo ta’u kan dubartiin facaaffattuudha.” Ateeteen duudhaa haadhaafi abbaa ta’ee akka amantii waaqeffannaatti ayyaana dubartoonni kan sanyii, hormaataafi jireenya ittiin qajeelfataniidha. Sirna ateetee dubartii qofatu bulfata. Kanarraa ka’uun bakka tokko tokkotti ayyaana dubartii jedhamuun beekkama. Dhirri sirna kabaja Ateetee hinhirmaatan malee waan Ateeteef barbaachisu gama isaaniin guutuun gumaacha isarraa barbaachisu hunda nitaasisa.

Sirna facaaffannaa Ateetee irratti dubartoonni walwaamanii waliin facaafatu. Beerraan siiqqee qabatanii garee uumuun sirba keessa dubbiin waltuqaa sirbu. Sirna facaafannaa kana keessattis faarfannaan ateetee garaa garaa ni weeddiffama. Ateeteen ayyaanni sabni Oromoo ayyaaneffatu keessaa isa tokko ta'ee kan dubartootaan ayyaaneffamu, dubartiin akkuma heerumteen jiruu gaarii akka qabaattu, akka hortees sooramtu, jireenya nagaafi kabaja gaarii akka argattu ,akkasumas bara dheeraaf maatishee wajjiin walii galteen akka jiraattu kan taasisuudha.

Dubartoonnis ayyaana kan facaaffattu ayyaanni haadha ishee isheefis tolee akka dhala ishiifis qajeeluuf uumamaan waaqa kadhatti. Ateetee kan eebbistee naqxu haadha warraa taati.Ayyaanni dubartii kunis kan qa'ee fi warra eegdee tolchituudha. Isuma kana Xilaahuun (1989) yoo ibsu, "Atete is a diety of divinity which women worship in the belief that it makes them fecund,happy, prosperous, wealthy"jechuun ibsa. Baxter immoo. (1979) "Atete as,a female sprit, a supernatural power, and even a female divinity who is the focus of a family cult associated with fecundity" jedhee ibseera. Akka yaada hayyootas kanaatti, Ateeteen kan waaqni dubartootaaf sooramaa, fayyaa, qabeenyaafi badhaadhina ittiin kennuudha

Akka Maatiin,(2006:238). ibsetti, "Warri Ateetee bulfatan ni oofkalu, warri bulfachuu dhiise immoo nibadu jedhama." Dubartoonni badii namaafi sa'aa kanarraa ooluuf ateetee bulfatu. Gaafa Ateetee dhaltii hin elman. Guyyaa kana hojii hinhojjetamu; guyyaa boqonnaati. Dubartoonnis guyyaa kana uffannaa ateetetiin miidhaganii oolu. Ateeteen ayyaana qa'ee akkuma namaaf araarsu, dubartoonni waa mara walitti araarsan; nageenya, badhaadhinaafi gaarummaaf kadhatan. Ayyaanni ateetees akkuma ayyaanota biroo kanneen itti bulanii facaafatan ni gaaromsa,nijabeessa.

#### 2.5.1.1.Faayidaa Ateetee

Dubartoonni sinqee qabaanii gurmuudhaan sirna hawaasummaafi duudhaa waan raawwataniif siinqeen waraana dubartii jedhama. Faayidaan ateetee kunis gama adda addaatiin nimul'ata. Isaaniis akka armaan gadiitti dhi'aataniiru

##### 2.5.1.1.1.Ateetee AkkaDuudhaa Aadaatiin

Aadaan hawaasa Oromoo karaa karaa adda addaatiin calaqqisa. Isaan keessaa tokko uffannaadha. Uffata yookaan huccuuguyyaa ayyaana ateeteehaati ateeteeuffattu aadaa calaqqisuu irratti ga'ee olaanaa qaba. Kunis haati ateetee naqattu qoloo faanaa, qoomee-qomaa, balee kuula

gurraachaa, diimaafi adii; marata mataa akkuma balee, sanaatti kuula qabu addarratti hidhatti, (Maammoo,2010:123). Akka yaada kanaatti uffanniifi maranni haati ateetee guyyaa sana uffattu kan aadaa calaqqisu jechuudha. Dabalataaniis dhangaaleen guyyaa sana nyaatamee dhugamu kanneen akka marqaa, farsoofi kkf. hunduu aadaa ni calaqqisu.

Akka walii galaatti; Ateeteen aadaa Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo calaqqisuu keessatti ga'ee ni qabdi.  Kunis sirna raawwii ateetee keessaatti bal'inaan ni mul'ata. Dubartoonni Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo yeroo ateetee facaafatan dubartoota ollaa isaanii waamuun dursa dhangaa ateeteef qophaa'uu qabu nyaata aadaa addaa walgargaaruun qopheessuun, guyyaa ayyaana ateetee facaafatan sanas dubartoota ollaa waliin wal waamanii facaafachuun kana malees nyaanni aadaa guyyaa ayyaana ateetee nyaatamuufi uffanni guyyaa ayyaana ateetee uffatamu aadaa hawaasichaa ni calaqqisa. Dabalataan eebbi guyyaa ayyaana ateetee eebbifamuufi faarfannaawwan guyyaa sana jedhaman. Walumaagalatti hawaasichi sirna sana jalqabaa hanga dhumaatti waliin dabarsuun aadaa waliin jireenya hawaasichaa waan calaqqisuuf ateeteen aadaa calaqqisuu keessatti ga'ee guddaa qabaachuu ishee kan nutti agarsiisudha.

#### 2.5.1.1.2.Ateetee Akka Duudhaa Amantiitiin

Ateeteen akka duudhaa amantiin hawaasa Oromoo aanaa Warra Jaarsoo keessatti ni mul'ata. Kunis dubartoonni jireenya isaaniifi maatii ofiif waan gaarii akka isaan qunnamuuf, qabeenyi isaanii manaafi alaatti akka nagaa ta'an,waaqa uumaa isaanii ji'oota adda addaa haala adda addaatiin wanti hundi isaaniif bakka jiranitti akka barbaadanitti akka jiraatuuf waaqa isaanii amananii kadhachuun duudhaa amantii isaanii calaqqisa jechuudha.(Dirribii,2012). Akka yaada kanaatti kaayyoon ateetee kadhachuun inni guddaan karaa dubartoonni  waaqa uumaa isaanii kadhachuun jireenyi isaanii akka qajeeluuf kadhachuun itti baramee waan jiruuf duudhaa amantaa kan calaqqisuudha.

Kana malee ateeteen naannoo sanatti haalli qilleensaa jechuun roobni yoo dhabame yookaan roobni humnaa ol yoo roobe dubartoonni ateetee ni kadhatu. Dabalataan nama dhala dhabeef yookaan dhalli buluu dadhabeef ateetee kadhachuun namni dhala dhabe akka dhala argatu kadhachuufi nama da'imni buluu dideef bulee akka guddatuuf ateete kadhachuun ateeteen duudhaa amantaa ta;uu isaa kan agarsiisudha.

Akka walii galaatti Ateeteen Ija Duudhaa Amantiitiin yoo ibsamu, warri Ateetee bulfate hormaataafi jireenyaa qajeelchuudha nihofkola, warri Ateetee bulfachuu dhiisemmoo nibada jedhama. Dubartoonnis badii namaafi sa'aa irra qaqqabuuf malu akka hinqaqqabneef ayyana ateetee kana ayyaaneffatu. Gaafa Ateetee facaafatan kanas wantoota adda addaa kanneen akka sagaagalummaarraa fagaachuu, liqii kennuu, dulacha elmuu dhiisuufaa lagatu .Guyyaa kana hojiin hinhojjetamu; guyyaa boqonnaati. Dubartoonni uffannaa ateeteen miidhaganii oolu. Ateeteen ayyaana qe'ee akkuma namaaf araarsu, dubartoonnis waa mara walitti araarsan, nageenya badhaadhinaafi gaarummaaf kadhachuun ateeteen duudhaa amantaa ta'uu isaa agarsiisa.

Inni biraa, Ummanni Oromoo jiruufi jireenyi isaa akka isaaf qajeeluuf waaqa kadhata. Ateetee bulfachuunis sirna dubartoonni Oromoo ittiin waaqa uumaasaanii kadhatan keessaa isa tokko ta'ee, jiruufi jireenyi isaanii akka qajeeluuf, kabaja, nageenyaafi fayyaan isaanii akka eegamuuf dubartoonni Oromoo sirna ateetee Kanarratti waaqa kadhatu. Kadhannaan isaanii kunis hawwii, abdii, jiruufi jireenyasaanii ittiin kabajamanii ulfina ittiin ibstan ta'ufi sirna ayyana dubartooni ittin argataniidha,(Dirribii,2012)

Uuummanni Oromoo looniif iddoo guddaa kenna. Loon akka horaniifiif tattaaffii guddaa taasisa. Loon horanii carraan dubartootaa akka milkaa'u taasisuuti amanama kunis; hormata loonii kanaaf abbaan manaa; loon erga galanii booda coqorsa, ulmaayiifi aannan qabatee haadha manaa isaa waliin marqaa ateetee dhadhaa itti naqee farsoo wajjin qabatanii, dallaa loonii seenuudhaan baala sanaan farsoofi dhadhaa itti facaasu kunis duudhaa amantaa waaqeffannaa kan caaqqisuudha.

### 2.5.1.1.3.Ateetee Akka Duudhaa Siyaasatti

Ateeteen akka duudhaa siyaasaatiin uummata Oromoo biratti ni calaqqisa. Kunis ateeteen uummata biyyattii keessaa qabeenya uummata Oromoo qofa ta'uun duudhaan siyaasaa, sirna waraana qabbaneessuufi biyyattii nagaa gachuu, akkasumas hawaasa naannoo tokko waliin jiraatan gidduutti walatti bu'insi osoo hin jiraatiin tokkummaafi jalalli isaan gidduutti akka uuman gochuun ateeteen ga'ee duudhaa siyaasaa keessatti kan calaqqisisuudha. (Dirribii,2012)

Bulchiinsaa jireenya ilmaan namaatif barbaachisaadha. Bakka seerri bulchiinsaa qajeelan uummanni ittiin of bulchu hin jirretti bilisummaan, nagaafi tokkummaan misoomanii jiraachuun

hin dandaa’amu. Saboota yeroo dheeraadhaa kaasanii seera ofii tumatanii ittiin bulaa turan keessaa tokko uummata Oromooti.

Akka Dirribiin (2012:201) ibsetti, Uummanni Oromoo bulchiinsa haala adda adda ta’e sadiin buleera. Isaaniis: Sirna bulchiinsa dubartii (haadhaa), sirna bulchiinsa Gadaafi sirna bulchiinsa alagaati.

Uummanni Oromoo seenaa ofii argaa dhageettiin akka dabarsaa dhufetti sirni bulchiinsa dubartii mootota shaniin gaggeeffachaa turaniiru. (Dirribiin, 2012:202) Mootonni dubartii shanan kanneen jedhamanis kanneen armaan gadiiti. Isaaniis:

A. Mootittii Maccaa-Haadha Sonkoroo
B. Mootittii Tuulamaa- Akkoo Manooyyee
C. Mootittii Ituu-Humbaanaa- Mootee Qorkee
D. Mootittii Booranaa- Haadha Abanooyyee
E. Mootittii karrayyuu- Akkoo Manooyyee

Gama biroon, Oromoon Gujii dubartoonni afur walitti aansanii biyya bulchaa turan jedhu. Isaaniis:

A. Akkoo Qarooyyee, Garooyyee
B. Akkoo Lasii Lasooyyee
C. Akkoo Qadhoo Qasooyyeefi
D. Akkoo Manooyyee jedhamu. (Dirribii,2012:203)

Akka yaada armaan oliitti uummata Oromootti dubartoonni biyya bulchaa turuu irraa hubanna. Haaluma kanaan dubartoonni kallattiin qooda keessatti yoo hin fudhanne illeen yeroo ammaa kanas gahee mataa ishee bahaa jirti. Fakkeenyaaf, yeroo dhiirri duula deemu gorsa cimaafi eebbistee akka mirgaan galu jajjabeessiti. Kana malees, Sirna Gadaa keessatti dubartoonni caaccuu baattee siiqqee qabachuun fuldura kan deemtuufi qooda qabachuu agarsiisa. Ateetee keessattis, kan fayyummaa maatii, nageenya, hormaatafi itti gaafatummaan maatii hooggantu dubartoota.

“Atete is one of the most important and show the thinking ability of Oromo society. It has both political and religious values. It show as Oromo people think about equality of women even political role of women in 0romo society which is almost similar to modern human right unlike traditional right of men” (Asmarom, 1973)

Akka yaada kanaatti, ateeteen baay'ee barbaachisaafi dandeettii yaaduu uummata Oromoo kan agarsiisuudha. Kunis siyaasaafi amantaa keessatti kan gatii qabu ta'u, akkuma mirga dhala nama ammayyaatti dubartoonni siyaasa keessatti dubartoonni gahee mataa isaanii qabu.

Akka kanaan dubartoonni yeroo ateetee kennatan walitti qabamuudhaan rakkoo gama siyaasaafi hawaasummaan dubartoota keessa jiran mari'achuun akka furamu taasisu. Kunimmoo ateeteen duudhaa siyaasaa keessatti faayidaa guddaa kennuu ishee agarsiisa jechuudha.

Akka Dirribiin (2012:202) ibsetti, yeroo dheeraa booda dhiibbaa dhiirri akka paartiitti gurmaa'ee godheen aangoon bulchiinsa dubartootaa irraa fudhatamee harka dhiiraa seene. Dhiirris aangoon kun akka harkaa hin baaneef humnaan, mammaaksan fayyadamee dubartii akka dadhabduufi wallaaltutti ilaalee aangoo qaban irraa fageesse. Gochi kun seenaa uummata Oromoo qofa osoo hin taane wanta addunyaa guutuuratti raawwateedha.

### 2.5.1.2. Haala Raawwii Ayyaana Ateetee

Ayyaanni ateetee ayyaana dubartootaan kabajamu yoo ta'ellee, kabaja ayyaana ateetee kanarratti namootni qooda fudhatan hedduudha. Isaaniis: dubartoota, ijoollee, abbaa warraafi keessummoota oollaati. Akka Dirribii (2012:123) ibsetti, Ayyaana ateetee haala lamaan bulfatan. Tokko, dubartoonni warra hangafaa hunduu warra hangafaatti walgahanii iddoo tokkotti facaafatu. Lammaffaan, dubartoonni hunduu kophaa kophaa mana mana ofiitti facaafatu. Yeroo kana haati warraa ilmaan ishee kan dubartii waliin facaafatti.

Dubartoonni badii sa'aafi namaa irraa ooluuf ayyaaneffatu. Dirribii (2012:124) ibsetti, dubartoonni ayyaana ateetee kana kan godhatan  waggaa afura afuriin yookaan waggaa saddeet saddeetiin,yeroo tokko yoo ta'u, birraa keessa Fulbaana gara dhumaa, Arfaasaa keessaafi Amajjii walakkaa akka kabajamu ibseera. Waqtiin ayyaanni ateetee itti kennamu kun harki caalmaan walitti dhiheenya yoo qabaatellee, kitaabilee adda addaa keessatti yeroon kabaja ayyaana ateetee kun garaagarummaa ni qaba.

Haala yeroo facaafannaa Ateeteerratti yaadota garaagaraatu jiru. Kanneen keessaa Maatiin (2006:237), Ateeteen ayyaana dubartii ta'uu eeruun waggaa lamatti altokko birraa yookaan arfaasaa keessa akka ayyaaneffatamu ibsameera.

Iddoo tokko tokkootti kan akka fakkeenyaaf shawaa bahaafi lixaatti ammoo Ateeteen kan facaafatamu ji’a waxabajjii, qaammeefi masqalaatti. Yeroo Ateeteen itti facaafatan sadii haata’an malee, dubartiin tokko sirna Ayyaana Ateetee kan kabajju yookaan kan facaafattu waggaatti si’a tokko qofaadha.

Akka Maatiin (2006:330) ibsetti, sirni ayyaana ateetee waggaa lamatti altokko baatii Fulbaanaa gara dhumaa keessa dhahaa dhoofsifachuun guyyaa kibxataa, kamisa yookiin sanbata facaafatu. Akka Dirribiin (2012:122) jedhetti sirni kabaja Ayyaana Ateetee baatii Fulbaanaa, Muddee, Guraandhala, Bitootessa, Eeblaafi Waxabajjii ta'uu dubbatu. Yeroo facaafannaa Ayyaana Ateetee kanarratti garaagarummaan xiqqoon yoo jiraatelleen kaayyoon isaa wal fakkaataadha.

Jaataniin ateetee bulfannaa sadarkaa sadii qaba. Isaaniis: bulfannaan dura, yeroo bulfannaafi bulfannaan booda waan raawwatamu of keessatti hammata. Jaatanii duraa keessatti ayyaanichaaf waan barbaachisan qopheessan. Jalqaba ateetee bulfachuuf horii qaban keessaa goromsa tokko kennu; goromsi kunis goromsa ateeteeti. Horii ateetee hin gurguran,hin qalan, hin geeddaran. Goromsi ateetee yeroo dhaltes hanga aannan ishee kufamee si’aa torba raafamutti namatti hin kennan. Jaatanii bulfannaa galgala haati warra wandaboo uffattee, okoleefi siiqqee waddeessaa qabattee sirna ateetee bulfannaa sana qajeelchituufi durba qarree waliin malkaa buuti. Okoleetti bishaan waraabanii baala mi’eessaa yookiin baala jajjabaa qarree lagaarraa buqqisanii deebi’an. (Dirribii,2012:123). Akka yaada kanaatti durbi qarree kan barbaachifteef qulqulluu ta’uu isheefi ateeeteen immoo qulqullummaan yoo kadhatan namaf awwaattee namaaf dhageessi yaada jedhu of keessaa qaba.

Akkuma haadha mana ateetee kennattuu gahaniin,waan lagaa fidanii dhufan sana jechuun,marga jiidhaa, baala mi’eessaa, qunniifi masarata bakka Qorxiifi sabaroon jiran borootti irreeffatan. Guyyaa ayyaana ateetee kabajan dubartoonni walitti yaa’anii haadha ateetee sana waliin oolan. Warri hangafaas mana haadha ateetee sana dhaqanii haadha ateetees ni eebbisan. Dubartiinnis akkasuma haadha ateetee san erga eebbisanii booda gamtaadhaan yeroo sadi ililchan. Itti aansee haati ateetee guchumatti yookaan okoleetti eebbaaf qophaa’erraa diinqatti dhibaafatti. Dhibaafannan booda marqaa qopheessuu jalqaban. Sadarkaa dhumaa kan facaafannaan boodaa sirni dhangaa nyaachuufi dhuguu itti fufuudha. Erga dhangaa ateetee nyaatanii dhuganii booda haadha ateetee eebbisuun faaruun ateetee faarfatamuu jalqabama.(Dirribii,2012:123).

Walumaa galatti, sirna kabaja ayyaana ateetee kana keessatti garaagarummaan muraasni kanneen akka: adeemsa itti raawwatu, hirmaatota sirnichaa, yoomessafi kkf. irratti jiraatuyyuu, jalqaba dubartoonni wantoota barbaachisan kana erga qopheeffatanii booda guyyaa kabaja ayyaana kanaa eebban akkas jechuun haati ateetee ililchitee eebbifatti,

Ilill ilill
Kan naga'aan oolle nagaan nu bulchi!
Tolaa nutti qabai
Hamaa hammaataa nurraa qabi!
Hormaata koo bakka jiranitti nagaa naaf godhi.
Ayyaanni kun naaf toli!
Alaa manaan naaf toli!
Sa'aa namaan naaf toli!
Fayyaafi nagaa naaf kenni!
Lubbuun naaf dheeressi!
Ijoollee koo waliin nagaan na jiraachisi!
Waggaa waggaan nagaan na ga'i!" Dirribiin (2012)

Jettee ijoollee ofiitti akka hangafaa quxusuutti ateetee facaafatti. Warra shamarraniifi dubartii morma tuqsiifti. Ijoolee dhiiraa ammo adda tuqsiifti. Eebbi haati eebbiftu dhiiraaf "Adda gootaa baasii!, Adda jabaadhu!, Addi kee adda leencaa haa ta'u!, Addi kee akka aduu addunyaatti haa ifu!" jechuun eebbisti. Dubartiif immoo, "Hori! Nagaafi fayyaa argadhu!, Lubbuu dheeradhu!, jettee eebbisti. Ijoolleen, jabboonni kee nagaan sii haa guddatan!, Boroon kee aannaniifi dammaan haa guutamu!, jechuun eebbifti. Sana booda warra ateetee facaafatan mara ofirraa calqabdee coqorsaafi ulmaayii kan ittiin ateetee naqxe sana hirtee waliin geessi. Coqorsi dubartootaf yoo kennamu, ulmaayiin dhiiraaf kennama. Coqorsa mataatti suqqatti. Kana jechuun eebba fudhachuu ateetee naqachuu agarsiisuudha. Kana booda farsoo doccoo keessa jiru dhandhamachuufi abbaan warraa marqaa, dhangaa qophaa'e waliin nyaachuun eebbisu (Dirribii, 2012:124-125). Akka yaada kanaatti sirni facaaffannaa ateetee seera kabaja ayyaana ateetee sana eeggachuun kan raawwatu ta'ee adeemsa adda addaa keessa jechuun laga bu'uun jalqabamee eebbifi dhangaaleen adda addaa qophaa'e nyaatamuun kan raawwatamuudha. Ateetee kanas

yeroo kennatan guyyaa ayyaana ateetee kennatan sana uffata aadaa uffachuunifi nyaata aadaafi meeshaaleen nyaanni aadaa itti qophaa'u nijaru.

### 2.5.1.3. Gosoota Ateetee

Gosoonni ateetee kun kaayyoo kadhatamuuf irratti hundaa'ee iddoo saditti qoodama.  Isaaniis akka armaan gadiitti itbsamaniiru.

#### 2.5.1.3.1.Ateetee Maaram Furmaa

Gosti ateetee kanaa, Ateetee Amajjii (Ateetee Maaram Furmaa jedhamee waamama). Ateeeteen kun kan haati maatii ishee walitti qabdee facaaffattuudha. Akka Dirribiin, (2012:121) jedhutti, “Ayyaanni kan. ji'a Amajjii keessa kan kabajamu,kan dubartiin ijoollee ishii Ateetee naqxee eebbiftu ayyaana Ateetee Gorobbee” jedhama. Guyyaa kana haati ijoollee dhangaa ishiif qopheessite, kan deesse hunda walitti qabdee ateetee itti facaaftee eebbisti. Dubartoonni heerumanillee bakka jiranii ijoollee ofii qabatanii; nyaata kanneen akka daabboo, kukkuta, buddeenaafi akkasumas dhugaatii kanneen akka daadhiifi farsoof qabatanii Ayyaana Ateetee Maaraam irratti argamu. Ayyaanni kun ayyaana waggaa waan ta'eef itti yaadanii argamu malee waamicha hinqabu. Guyyaa sana kan ta'an hundi tokkollee osoo hin hafiin mana haadhatti walga'anii eebba haadha ateetee naqachuudhaan fudhatu. Ayyaana kanarratti dubarriifi eessuman walbaru. Ijoolleen intala heerumtee, akkawoofi akaakayyuu ofii baru. Obbolaawwa haadha ofii, ijoollee eessumaafi hadaadaa isaanii waliin walbaru.Achumaniis ayyaanni kun wal argii firaa jabeessa, fira walbarsiisa jedhama.

#### 2.5.1.3.2.Ateetee Maaram Hagayyaa

Ateetee Hagayyaa(Ateetee Maaram Hagayyaa) jedhamuun kan waamamu ta'ee dhuma oomisha midhaanitti kabajamuudha. Akka Dirribiin,(2012:121), jedhutti, “Ateeteen Maaram Hagayyaa jechuun immoo Gindii Hiikoo yookaan Ateetee Midhaanii jedhama.” Gosti Ateetee kun yeroo ji'a hagayyaa keessa yeroo qote bulaan qonna raawwatee, midhaan facaasee, gindii hiikee ateetee naqee qotiyyootti shaashii mataatti maree eebbisee gadi dhiisudha. Guyyaa kana qote bulaan akka aadaa waaqeffannaa Oromootti, marqaan marqamee, farsoon naqamee midhaan faca'ee jirutti qote bulaan irra deemee farsoo itti dhibaaffata, Marqaa dhadhaan cuuphee daddarbuun akkas jedhee eebbisa jedhan. Dirribiin,(2012)

“Aramaa gadi margi!

Midhaan ol margi!

Lolaan toora irra bu’i!

Nyaataa ilkaan isaa qabi!

Ilkee nagaadhaan nu soori!

Qilleensaafi cabbii hamaa midhaan kanarraa qabi!

Waggaa waggaan nu ga’i!

Qotiyyoo gateettii jabeessi!

Qotaa hirree jabeessi!” Akka yaada kanaatti eebbi kun waan facaasan sana oomisha gaarii argachuuf wanta oomisha sanarraan miidhaa ga’u waaqni akka irraa ittisuuf kana kadhatamuudha. Kanatti aansuun bakka hundarra deemuun seera dhibaayyuu xummura. Sana booda, bakka dhibaayyuu sana taa’anii nyaatanii dhuganii galu. Guyyaa sana hidda qorii sinbiraa jedhamu mataa qotiyyootti maru. Kunis addoo (shaashii) maraa jedhama. Kunis mallattoo xumura qonnaati. Ayyaanni Ateetee kunis Ayyaana sanyii jedhama.

### 2.5.1.3.3.Ateetee Saadassaa (Maaraama Loonii)

Ateetee Saadassaa(Ateetee loonii) jedhamuun waamamuun kan hormaata looniif kabajamuudha. Ateeteen hormaata looniif facaafamuudha. Akka Dirribiin.(2012:122),ibsetti, Gosti Ateetee kanaa bakka tokko tokkotti jaarii kormaa yookaan gannii loonii jedhaama. Ayyaanni kunis ji’a saadasaa keessa kan kabajamu Ateetee Looniiti. Dallaa loonii bakka duraa irraa jijjiiranii ijaaruun, baala bakkanniisaa yookaan birbirsaa dallaa irra godhu. Ayyaanni kun bakka tokko tokkotti ayyaana Birboo jedham. Wiirtuu dallaa keessa birbirsa sorooroo jabeeessanii dhaabu. Inni kun kormoomsaa jedhama. Kormoomsaa sana jala ulmaayyii, urgeessaafi aannaannoo kaa’u. Dubartiin yeroo dhaqxee marqaa ateeteef ta’u kormoomsaa jalatti marqiti. Tikseen loon fiddee yeroon dhuftu abbaan manaa hoolaa qabatee taa’a. loon erga galanii booda coqorsa ulmaayiifi aannaannoo qabatee haadha manaa isaa waliin marqaa ateetee dhadhaa itti naqee farsoo waliin qabatee dallaa seenuudhaan baala sanaan farsoofi dhadhaa akka itti aanu kana jedhanii eebbisaa itti facaafatu jedhan ,Dirribiin,(2012),

“Horaa dallaa guutaa!
Bobba’aa bakkee guutaa!
Dheedaa barbadeessaa!

Dhugaa booressa!
Kormi cirri ta'i!
Yaabii qabadhu!
Ijji hamaan, ijji gomataan isin hin argiin,"jechuun itti facaasee eebbisa.

Sana booda horii qophoofte sana qala. Balbala mooraa irratti dhiiga sana bitaafi mirga karra xuqsiisa. Gogaan horii qalamee immoo, ciccitee mataa loonitti marama. Sana booda wanta qophaa'e nyaatanii dhuganii halkan waarii galu,kan hafes fudhatanii galu.

Gama biroon Immoo ,akka yaada Iteenash (2009) waraqaa qorannoo irratti ibsitetti, haala kadhannaafi kaayyoo isaa irratti hundaa'ee ateeteen bakka saditti qoodamu: Ateetee deessuu, Ateetee looniifi Ateetee haadha duulaa (ajjeesaa) jedhamu. Ateetee deessuun, ilmoo godhachuufi godhachuu dhabuudhaan kan bulfatamuudha. Kan ilmoo godhate waaqaaf galata galchuufi akka ilmoon ishee guddattu kadhachuudha. Dhabduun immoo akka ilmoo argattu kadhatti, dubartoonni kaanis ni kadhatuuf. Ateeteen loonii immoo;hormaataan kan walqabateedha. Jaaloo dhaabanii marqaa marqanii dallaa loonii keessatti olgeessuun loon faarsanii, ateetees faarsanii, loon nuuf horsiisi, jabbilee jala nuuf guddisi jechuun jakaranii kadhatu. Ateeteen haadha duulaa immoo ajjeessa baga oofkalchite ;baga abbaa mirgaa taasifte jechuun kan kadhataniifidha. Kanasa ajjeessan kan facaafatu yoo ta'u sirna isaa dubartootatu miidhaksa.

**2.5.2.Irreecha**

Amantii waaqeffannaa keessatti ayyaanonni galatoofi kabajamoo Aanaa Warra Jaarsoo keessaatti ayyaaneffaman keessaa ayyaanni irreechaa tokkoodha. Maalummaa irreechaa iaalchisee WADO, (2006:235), irreechaan ayyaana waaqeffannaa waggaatti alama: fulbaanaafi eebla kessaa malkaa,tulluufi abdaaritti bahanii irreenfataniidha. Ayyaanni irreechaa ayyaana keessaa akka ayyaana maatittis ta'ee akka ayyaana biyyaatti sadarkaa guddaatti kabajama. Ayyaanni irreechaa sirna waaqeffachuu gamtaadhaan tulluufi malkaa irratti bahanii waaqa kadhataniifi galateeffataniidha.

Karaa biraatiin irreecha yemmuu jennu hiika yookaan yaada biroos niqabaata. Kunis marga yookaan coqorsa sirna ayyaaneffannaa tokkoof yookaan araaraaf yoo deemamu harkatti qabatamus niqaba. Akkasumas hiikaa gara biraa warra waa beekuu deemanii namaaf himamu tokkoof kaffaluu yookaan galchuudha. Taliilaafi Maarsan, (2008). Dirribiin (2009:72) irratti Ireecha yookaan Irreensa jechuun marga yookaan coqorsa daraaraa yookaan baala jiidhaa

maqaa galata waaqaatiif bakka murtaa'e tokko kaa'udha. Waaqa marga kana magarse, waaqa biqiloota sana daraarse mallattoo fulduratti jiruuf abdii kennaa jiru galateeffachuudha. Irreecha ykn irreessa jechuun marga yookaan coqorsa daraaraa yookaan baala jiidhaa maqaa galata waaqaatiif bakka murtaa'e tokko kaa'udha. Waaqa nagaa namaa kenne, waaqa marga kana magarse, waaqa biqiltoota sana daraarse, mallattoo fulduratti jiruuf abdii kennaa jiru galateeffachuuf birraa irreeffatama.

Irreechi yeroo baay'ee malkaa yoo qaxxaamuran ededa bishaanichaarrattifi burqaa irratti irreeffatama. Tulluu guddaafi muka guddaa jalattis ni irreeffatama. borootti, balbala irratti, karra irratti iddoofi ooyiruu keessattis ni irreeffatama. Haala guutuudhaan yeroo irreefatan, dura margaafi daraaraa irreeffattu. Isarratti keessaa xiqqoo nidaddarbu, isarratti waan dhugamu dhibaafatu. Kana gochuun waan waaqni namaaf kenne keessaa mata-deebii yookaan qananiisa waaqaa deebisanii waaqaa kennuudhaan waaqa galateeffachuudha.(Dirribii,2012:74)kunimmoo uummata waaqatti amananiif akka amantiitti ilaallama jechuudha.

### 2.5.2.1.Faayidaa Irreechaa

#### 2.5.2.1.1.Irreecha Akka Duudhaa Aadaatiin

Irreecha akka duudhaa aadaatiin yoo ilaallamu, Irreechi ayyaana aadaa waaqa galateeffannaa waaqaeffannaati.(religious holiday). Akkuma warra kiristaanaa guyyaa dhaloota kiristoosifi faasikaa ayyaaneffatan. Akkuma warri musiliimaa guyyaa arafaafi maawuliida ayyaaneffatan, hordoftoonni amantii waaqeffannaas aadaa ayyaana irreeffachuu qabu. Kanaaf, Irreechi ayyaana aadaa waaqeffannaati malee amantii waaqeffattootaa miti.(Dirribii,2012:74). Akka yaada kanaatti irreechi amantaa osoo hin taane aadaa waaqa galateeffannaa uummataa ta'uu isaa nutti agarsiisa. Kunis guyyaa aadaa waaqeffannaa sana uummanni amantaa adda addaa qaban osoo wal hinqoodiin iddoo irreecha kabajan sanatti argamuun akka aadaatti uumaa isaanii kadhachuudhaan galata galchuuf. Kana jechuun iddoo sana kan deemaan aadaa waaqa galateeffachuu sana kabajuuf deeman jechuudha malee amantaa kabajachuuf kan hin deemne ta'uu isaa nutti agarsiisa jechuudha.

#### 2.5.2.1.2.Irreecha Akka Duudhaa Aadaafi Amantaatti

Irreechi, bara Oromoon sirna gadaa jalatti dhugeeffataa tokkoon bulaa ture,aadaafi dhugeeffannaa isaa waliin qindeeffatee kabajaa ture. Har'a immoo dhugeeffata yookaan amantii

adda addaa waan fudhateefi qalbiin is gama kanatti waan cillaaqfateef, gaaffiin irreechi aadaamoo amantaadhaa? jedhuu akka ka'u godhee jira. Kanaaf irreechi waaqeffatootaaf aadaadha, amantiidhas. Garuu warra amantii biraa hordofaniif ammo aadaa isaaniti waan ta'eef hordoftoonni amantaa kiristaanaafi islaamaa irreechaa akka aadaafi duudhaa Oromootti fudhachuun, obboleeyyan isaanii waaqeffattoota waliin yoo kabajan Oromummaa guddisuufi eenyummaa Oromoo adunyaatti mul'isuuf qooda isaan irraa eeggamu ba'an jechuudha. Amantiin akkuma abbaan dhugeeffate, kan dhuunfaa yoo ta'u, eenyummaan garuu dhimma waliiniti, dhimma lafeefi seenaa ta'uun qalbiin gadi fageenyaan kan hubatamuu qabuudha.(waaqeffannaa,2018:133). Akka yaada kanaatti irreechi warra waaqaeffannaaf jila amantiiifi aadaa yoo ta'u, warra amantaa biroo hordofaniif immoo jila aadaa yookaan iddoo calaqqee aadaa ta'uun kan calaqqisuudha.

Kana malees irreechi keenya arfaasaafi birraa kabajamu eenyummaa keenya alagaa barsiisuu qofa osoo hin taane , mallattoo eenyummaa,calaqqee aadaafi duudhaa keenya ta'uun tajaajila.

**2.5.2.1.3. Irreecha Akka Duudhaa Siyaasaatiin**

Irreechi akka duudhaa syaasaatiin yoo ilaallamu, dubartoonni meeshaa ulfaa ayyaana irreechaa qabattee iddoo kamiiyyuu yoo deemte ulfina qabdi. (Dirribii, 2012), Kana jechuun waldiddaan uummata gidduutti, sababa adda addaan uumamu karaa nageenyaatiin hiiku. Kana maleessi irreechi iddoo uummanni Oromoo walgayee aadaafi amantaa isaa calaqqisu cinaatti eenyummaa ofii biyyoota biroof itti qoodaniifi mirgaafi dantaa ofii iddoo itti mari'achuun beeksisaniidha. Dabalataan iddoo sabni Oromoo wal baree rakkoo uumamaa jiruuf furmaata itti kennuufi rakkoo gara fulduraatti ni uumama jedhamee yaadame immoo tokkummaan qolachuuf itti qophaa'aniidha.

Uummanni Oromoo aadaa wal kabajiifi nama biraa kabajuu keessatti iddoo guddaa qaba. Dabalataan iddoo irreechaa irratti walgayuun seera adda addaa kanneen akka ittiin bulmaata sirna gadaa,akkasumasa ga'ee namni tokko sirna gadaa keeessatti qabu ittiin tumatu. Dabalaaniis iddoo irreechatti namni waa balleessee fakkeenyaaf qabaanya name hate, lubbuu namaa baasee argame iddoo itti adabamuun balleessa isaa irraa akka baratu taasifamuudha.

### 2.5.2.2.Haala Raawwii Ayyaana Irreechaafi Hirmaattota Isaa

Guyyaa ayyaana irreechaa duraa duubaan sirna garaa garaatu raawwatu. Sirni raawwatu kunimmoo namooni hirmaataan meeshaalee aadaa, uffata aadaa halluuwwan adda addaa qabu qabachuufi uffachuun, namoonni irreeffannaaf deeman sun, yeroo gara irreeffannaaf deeman walduraa duubaan deemu. Sirnoonni guyyaa Ayyaana irreechaa raawwataman hedduu ta'anillee, kanneen ijoo ta'an kan armaan gadiiti. Isaanis, irreeffachuuf gara malkaa deemuu, yeroo irreeffannaaf gara malkaatti deemanis faaruu (faarfannaa), adda addaa faarfachhuuniifi kaan isaanii immoo sirba aadaa sirbuun deemu. Dabalataanis, sirnicha sirriitti miidhaksan dhiichisa (ragada) aadaa addaa addaafi uffanni aadaa adda addaa uffatamuun kan raawwatamuudha. (Dirribii, 2012).

Sirna kabaja ayyana irreechaa malkaa irratti namoonni hirmaataan saalaan amantaafi umriin osoo wal hinqoodiiin kanneen akka abbootii gadaa, maanguddoora, dubartoota, qarreefi qeerrowwan, foolleefi daa'imman qaamni himaachuu barbaade ni hirmaata.

**Abbootii Gadaa:-** Gareen kun abbaa gadaa ta'ee kan tajaajiluun hogganamee dura Abbaa malkaa, manguddoota biroofi haadholii ulfaa dabalachuun, kabajaafi ulfina abbaa gadaa, abbaa malkaa,manguddootaafi dubartoota ulfaa agarsiisuuf dura deemeen gara kabaja iddoo irreeffannaa ayyaana sanaaf kan qophaa'ee " hoo yaa mare hoo" jechaa waljalaa qabaatii waaqa isaan uume galateeffachaa faarfachaa kan deemaniidha. **"**In the Irrecha ritual ceremony, the Abbaa Malkaas and the Abbaa Gadaas have vital importance. Led by these prominent figures, the participating communities carrying bunch of lovely grasses and flowers in their hands – praise, bless and pray to Waaqa. Soaking that bunches of flowers and grasses after thanks givings on over, they lay there it over."

(***http://www.oromiatourism.gov.et/O…/oromia_relig_irrecha.html)***

Yaada kanarraa kan hubannu Yeroo irreeffannaaf gara malkaa deeman kan dura deemuufi deemsa sana hoogganu Abbootii Gadaafi Abbaa Malkaa ta'u. Kana malees, beerran ulfaa (meeshaalee aadaa) qabatan of dura aansanii "hoo yaa Maareehoo" jechaa deemu. Sirna Gadaa kan hoogganu hangafa gosaati. Hangafummaan kunis, bakka addaa addaatti dura eebbisuun, dura deemuun, dura dubbachuuniifi kkf calaqqisa. Guyyaa Ayyaana Irreechaas manguddoonni

dura deemuun angafummaa mul'isa. Kana malees, kabaja olaanaafi hoogganaa sabaa yookaan sirnaa ta'uu agarsiisa. Guyyaa kana dura deemuun hoogganaa sabaa ta'uu agarsiisa,

**Garee Shamarranii:-** Guyyaa ayyaana irreechaa sana irreeffachuuf shamarranis iddoo irreeffannaa sana ni deemu. Gareen kun durba waan ta'aniif sirni gadaa akka abbootii gadaafi warra ulfaa(meeshaa) dura deeman ni'eeyyamaafi. Dubarri duudaan (qarree) Sirna Gadaa keessatti mallattoo araaraati.(Dirribii,2009), Kunis, shamarran kabaja durbummaa isaanii eeggatanii jiran akka qulqulluutti lakkaa'amu. Waaqayyos, durba qarree kan qulqullummaashii eeggatteef nidhaga'a.  Kanaaf, yeroo Irreechaa,yeroo gumaafi yeroo araara Waaqa kadhatan shamarran of fuuldura hiriirsu. Bakka kanatti durbi qarree mallattoo araaraa ta'uu nu agarsiisa.

**Garee Foollee**:-  Gareen iddoo irreechaa deemanii irreenfachuun cinaatti, gareen wal ijaranii guyyaa sana miidhaan tokkooyyuu akka warra hirmaatan irra hin geenyeef nageenya kan eeganiifi namni kamiiyyuu akkataa qajeelfamicha irreechaatiin akka socha'ee nagaan irreeffatee galuuf kan dhaabbataniidha. Kunis,abbaan Gadaa, Abbaan Malkaafi beerran,dubartoonnifi daa'imman akka hindaddarbamne eegu. Sirna gadaa keessatti foolleen hiika hawaasa tajaajiluu qaba.Kana jechuun bakka addaa addaatti naamusa kabachiisuun akka foolisii ammayyaatti tajaajilu, (Caalaa, 20013:73)

### 2.5.2.3.Waktii Ayyaanni Irreechaa Itti Kabajamu

Ayyaanni irreechaa gareedhaan yoo kabajamu waqtii itti kabajamu qaba. Kana jechuun yeruma barbaadaan osoo hin taane sagantaan qophaa'ee guyyaafi ji'a murtaa'aa kabajama jechuudha. Akka Raayyaa Horoo Barruu Waaqeffannaa (2008:15) irratti ibsetti, "Ayyaanni irreechaa waggaatti yeroo lama: Fulbaanaafi Eebla keessa duraa duubaan malkaafi tulluutti ba'anii irreeffatu." Yaada kana Dirribii (2009:73) yoo ibsu, Oromoon durii waggaatti yeroo lama gamtaadhaan walfaana, malkaa bu'ee yookiin tulluu ba'ee,  haaloo walii dhiisee garaa tokkoon waaqa galateeffatee irreeffataa."Akka yaada kanatti ayyaanni irreechaa iddoo irreeffannaan qophaa'e jechuun malkaafi tulluutti ba'anii jaalalaafi tokkummaan osoo haaloo tokko walitti hin qabatiin waaqa isaanii uume galateeffatu jechuudha.

Yaada kana Asebe Ragasa (2013:1) irratti akka armaan gadiitti ibsa.

> "Traditionally, the Oromo practiced irrecha ritual as a thanksgiving celebration twice a year (in autumn and spring) to praise Waaqa (God) for peace, health, fertility and abundance they were given with regards to the people, livestock,

> harvest and the entire Oromo land. Irrecha is celebrated as a sign of reciprocating Waaqa in the form of providing praise for what they got in the past, and is also a forum of prayer for the future. In such rituals, the Oromo gather in places with symbolic meanings such as hilltops, river side and shades of big sacred trees. Here, I would like to make clear that Oromo people never worship any of these physical landscapes though some outsiders and detractors of Oromo culture and religion represent it as such. Rather, these physical landscapes are chosen for their representations in Oromo worldviews, for example, green is symbolized with fertility, peace, abundance and rain" jechuun ibse.

Akka waraabbii armaan oliirra hubachuun danda'amutti, irreechi waggaatti yeroo lama (Birraafi Arfaasaa) Waaqa nagaa, fayyaa, hormaatafi soorummaa gama hundaan isaaniif kenne galateeffachuuf irreeffatama. Gaama biraan irreechi Waaqa kennaa hamma kanaa isaaniif kunneef deebii galataa kennuu ta'uu hubanna. Kanaaf, irreechi waktii irreeffatamurratti hundaa'uun bakka lamatti hirama. Isaaniis irreeha birraafi arfaasaa jedhamuun akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

### 2.5.2.3.1.Irreecha Arfaasaa

Arfaasaan waktii Bonaatti aanee dhufa. Bonnimmoo rakkoolee addaa addaa qaba. Rakkoolee kanneen keessaa muraasni aduu hamaa, obomboleettiifi sababa margii hinjirreef loon yerootti margaafi bishaan dhabanidha. Kanaaf, Irreechi Arfaasaa Waaqa nagaan Bona gogaa dabarse galateeffachuufi Arfaasaa sanyii addaa addaa facaafatan akka ija arfaniin biqilee firii gaarii argataniif Waaqa kadhachuudha. Yaada kana Dirribii Damusee akka kanaa gadiitti ibsa:

> Irreechi Arfaasaa tulluutti baanee korma qallee, "Yaa Waaq lafti dheebottee, sanyii baattee magarsuuf, roobii magarsi, roobii lolaasi, malkaa booressi, sanga gateettii jabeessi, qottuu irree jabeessi, aramaan gadi haamargu, sanyiin ol haamargu, nyaataa ilkaansaa qabi,kan caama keessa jibban nuun hinga'iin, kan rooba keessa jibban nuun hinga'iin, cabbii kee nurra dabarsi jennee Waaqa kadhanna jedhu, ( Dirribii Damusee 2009:73).

Yaaduma kana Maammoo Gadaa, (2013) keessatti, " Margi badhaadhina Waaqayyo dhala namaaf kenne keessaa tokko waan ta'eef, kennaa Uumaan nuuf kenne qabannee Waaqa nu uume kadhanna," jedha.

Gabaabumatti,akka yaada hayyootaa kanaatti, Irreechi arfaasaa galateeffannaa bona nagaan ba'uufi kadhannaa hawwii fulduraaf Arfaasaa facaafatanii firii isaammoo Birraa haammachuuti. Marga qabachuunimmoo tokko uumama Uumaan kenneef qabatanii ittiin Waaqa isaaniif kenne galateeffachuudha. Margi lalisaadha, jidhaadha, magariisa. Kana caalmaatti kan mirkaneessu,

jecha Oromoon jedhu, “Lolaaf deema akka hinjenne marga (irreecha) harkatti baata,nagaan akkan hinsimanne waraana harkaa qaba, waantan godhuufi dhiisu waliin wallaale jedhee,” jedhama. Yaada kana keessa waantoota walfaana hindeemne lamatu jira. Isaanis, irreecha mallattoo nageenyaa kan ta’eefi waraana mallattoo waraanaati. Kanaafuu mallattoo nageenyaati, nagaa nuuf buusi, nagaa keen nurra golboobi jechuuf Waaqa fuuldura akka mallattoo nageenyaatti qabatanii dhaqu.

### 2.5.2.3.2.Irreecha Birraa

Irreechi Birraa malkaatti kan irreeffatamu yoo ta’u, Waaqa booruu Gannaa yookaan bacaqii Gannaa nagaan baase galateeffachuuf. Aadaafi amantaa Ummata Oromoo keessatti Ganni akka dukkanaafi rakkisaatti ilaalama. Sababa laggeen guutaniin firri gamaa gamanaa addaan kan citan kan isaan deebi’anii laga ce’anii wal dubbisan ji’a birraa waan ta’eef gammachuu kana Waaqa galateeffachuu hiika jedhu qaba. Akka jechamaattis boftiifi allaattiin kan Ganna ijji isaanii jaamaa ture birraa banamaaf waan ta’eef jiini fulbaanaa ummata Oromoo biratti ji’a gammachuufi ji’a galataati yaada jedhu qaba. Kana malees waaqni marga daraaraa godhe kun daraaraa firiitti akka geeddaruufis firii kanas akka ilkee nagaan sooratan galata cinatti kadhannaas niqaba. Fakkeenyaaf, eebba ayyaana irreechaa malkaattii yeroo eebbisan akka kanaa gadii jedhuun hawwii qaban ibsu:(Dirribii 2012:75)

Hayyee, hayyee, hayyee
Waaqa booruu Gannaa nagaan nubaafte
Booqaa birraa nu huufkalchi!
Daraaraa midhaan nuuf godhi!
Dhiiga nama godhi!
Kan adeeme haagalu!
Kan maseene haadhalu!
Malkaan keenya hingu’iin!
Margaan keenya hindu’iin!
Kan roobee tortorsu nu baasi!
Kan caamee goggoksu nu baasi!
Midhaan qotanne ilkaa nagaatti nuuf laadhu --- jedhanii kadhatu (wal eebbisu).

Eebbi (kadhannaan) armaan olii yoo xiinxalamu Ganni booruu, birraan immoo booqaa jedhama. Sababii ganni booruu jedhameef tokko ganna lagni, burqituufi haroowwan niboora'u. Lammaffaammoo, samiinillee hurriin haguugamee ija biiftuullee akka gaariitti arguun hindanda'amu. Kanammoo Waaqatu nu hoofkalche jechuun waaqa booruu gannaa isaan baase kana galateeffatu. Birraan booqaadha jechuun ifaa yookaan gammachiisaadha. Birraan waan hedduu fideetu dhufa. Tokkoffaa ganni kan roobni, dhoqqeen, ganni galaanaa nama rakkisu darbee ifti aduu, daraaraan habaaboofi kanneen kana fakkaatan yeroo itti dhufanidha. Ganna nagaan ba'uu galateeffachaa, Birraammoo akka hoofkalan, wanti daraare ija yookaan firii akka godhatu hawwii qaban ibsatu. Bara haarawaa kanattis kan daa'ima dhabe akka dhala argatu, kan deeme nagaan akka galuuf, bona fuldura isaanii jiruttimmoo malkaan jalaa gu'ee akka hinrakkanne, dhibeen hamaan nama isaanii akka hinarganne, roobni yeroo malee itti dhufee oomisha isaanii akka duraa hinballeessine, yeroo malees caamee akka midhaan isaanii jalaa hinbanne waaqa kadhatu. Kanaafuu Irreechi birraa ganna dukkanaa keessaa gara birraa ifaafi kan abdii qabuutti darbuudha.

**2.5.2.4.Irreecha malka**

Irreechu malkaa gosa irreechaa keessaa tokko ta'uun, waqtii ganni dukkanaafi bacaqiin roobaa darbee wayita birraan bari'u,kan facaafatan margee,guddatee,wayitii firii godhatu, lagni guutee hir'atee yeroo lafti qooru, dhuma ji'a fulbaanatti waaqa dukkana keessaa nagaan baasee, booqaa birraan isaan ga'e galateeffachuuf malkaatti ba'anii gamtaan irreeffatu.

Yeroo ammaa kana ayyaanni irreecha malkaa guyyaa galateeffannaa waaqaa qofaa miti. Guyyaa sabni Oromoo kallattii mararraa walitti dhufee,seenaa, aadaa, duudhaafi dhugeeffata Oromoo Adunyaatti ibsu ta'ee jira. Kana malees irreechi malkaa guyyaa galataa qofa osoo hin taane, guyyaa tokkummaa, guyyaa bilisummaafi guyyaa eenyummaan Oromoo damboobee ifatti mul'atuudha.

Irreechi malkaa akkuma maqaasaarraa hubannutti malkaatti ba'uun irreeffatama. Kunis ji'a Fulbaanaa keessa yoo ta'u, Ummanni Oromoo sababiin malkaatti ba'ee Waaqa galateeffatuuf,irreechis uumama nama jalqabaatiin walqabata jedha. (Barruu Waaqeffannaa Onkoloolessa 2003 A.L.A).

Akka yaada kanaatti irreechi uumanni Oromoo yeroo ummamuu qabee akka aadaattis ta'ee akka amantaatti malkaa ba'anii irreeffachuun waaqa isaanii kan kadhataniifi galateeffataniidha

### 2.5.2.4.1. Haala Raawwii Ayyaana  Irreechaa malkaafi Hirmaattota isaa

Irreecha malkaatti daraaraa keelloofi marga qabatanii waaqa nagaadhaan booqaa birraan ga'e galateeffachuun irreeffatu. Keelloon mallattoo gammachuufi abdii ta'uu ibsa. Yeroo irreeffannaaf gara malkaa deeman Abbootiin gadaafi namoonni gurguddoon "gabbisayyoo" jechaa fuldura yoo deemaan dubartoonniifi shamarran uffata aadaadhaan faayamanii siiqqeefi irreecha qabachuun "hoo yaa mareehoo" jechaa itti aanuun kan deemaniifi foolleefi qarreen itti aannanii dhiichisaa, sirboota ayyaana birraa leellisan weellisaa toora sadaffaa irra deemaniidha..

Yeroo malkaa ga'an osoo hin irreeffatiin dura warri walitti muufate waliif dhiisa.  Sababni isaas namni irreecha dhaqu waaqa kadhachuuf dursa nagaafi jaalala waliif qabaachuu qaban. Kan walmuufate yoo jiraate waliif dhiisuufi araaraa buusuu qabu. Yoo kana hin goone kadhata isaanii hinfudhatu.

Ittaansee abbaan malkaa irreechaaf malkaa sana saaquu yookaan banuu isaa erga ibsee booda akka hangafaa quxusuutti hayyoonni yookaan abbootiin gadaa akka eebbisan gaafata. Eebbi kennamus kan armaan gadiiti:-

Hayyee, hayyee,hayyee!
Waaqa uumamaa!
Tokkicha maqaa dhibbaa!
Gurraacha garaa garbaa!
Leemmoo rooba taliilaa!
Waaqa sagaltam garbaa!
Waaqa salgan booranaa!
Waaqa torban baarentumaa!
Waaqa shanan gadaa oromoo!
Waaqa bokkuu tumaa!
Dukkana gannaa keessaa booqaa borraatti nubaafte siif haa galatu!
Waan facaafannee biqilchitee nu soorte siif haa galatu!
Hamaa nurraa qabi!
Tolaa nutti qabi!
Afaan keenya tokko godhi!
Irree keenya jabeessi !
Aadaafi gadaa keenya nuuf bulchi!
Xiqqaa keenya nuuf guddisi!
Guddaa keenya nuuf bulchi!

Wallaalaa nuuf beeksisi!
Beekaa nuuf jiraachisi !
Biyya keenya nagaa nuuf godhi!
Dhibeefi dubbii hamaa nu baraari!
Kormi cirri haa ta'u!
Rimaan haphee haa ta'u!
Karri kan abbaa cufatee haa ta'u !
Qabeenyi kan abbaa horatee haa ta'u!
Waan horreefi horanneen nubulchi!
Gadaan quufaa gabbina!
Gabbisi waaqa!  ( Hundeessaa,2018:135)

Eebbaa booda hunduu tartiibaafi naamusa irreessaa qabatee dhaqe bishaaniin tuquun addatti facaafatee, waaqa nagaan ayyaana kanaan ga'e galateeffachuun bara dhufus, akkasuma nagaan akka ittiin ga'u kadhatu erga kana raawwatanii booda sirbanii waliin tabachuun yeroo xumuran hunduu akkataa dhufeen gara qa'ee ofiitti deebi'a.

## 2.6.Dhiibbaaalee Duudhaalee Amantaa Uummata Oromoo Irra Qaqqaban

Uummanni Oromoo saboota adunyaa kanarra jiran keessaa aadaa gabbataa nama boonsu aadaa dureessa  warra qaban keessaa isa tokko yoo ta'u,humnoota adda addaan yeroo adda addaatti dhiibbaan irratti gaggeeffamaa tureera. Amantii duudhaalee Oromoofi ayyaaneffannaalee isaa laafaa akka deemu kanneen taasisan hedduutu jira. Isaan keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

### 2.6.1.Amantaa Kiristaanaa

Amantiin kiristaanaa amantaa dhiibbaa guddaa amantaa waaqeffannaa irratta gochaa turan keessaa isa tokkoodha. Amatntaa  kiristaanaa ilaalchisee Toleeraafi Hundeesaa (1995:57),Akka Ibsanitti"Amantiin kiristaanaa erga jaarraa 4$^{ffaa}$ biyya habashaa seenee amantii warra mootii ta'ee mootonni habashaa ofiif fudhatanii saboota kaaniis fudhachiisaa turaniiru. Imaammanni kunis tokkorraa gara mootii tokkootti darbaa tureera." Akka yaada kanaatti mootonni sirnoota bulchiisna darbanii amantii kiristaanaa erga fudhatanii booda saboota biroo dhufaa dabarsaa kan fudhachiisaa turan ta'udha.

Haaluma kanaan amantii ortodoksii humnaan fee'amee tureera. Amantiin kun amantii duudhaa Oromoo aadaafi seenaa isaa acuuccamuufi akka badu gochuu qofa osoo hintaane haala hojiifi guddina diinagdee naannoo sanaa irrattis miidhaa guddaa fideera. Fakkeenyaaf guyyoota

ayyaanaa hedduu hojii lagachuu, yeroo dheeraa nyaata malee turuufi mana amantiitti yeroo isaa dabarsuu faadha. Oromoon maqaa hammachiisaa gatee maqaa kiristaanaa moggaafatee eenyummaa isaa akka dagatu taasifameera.

Damee amantii kiristaanaa kan ta'an kaatolikiifi miisiyoonin amantiin duudhaa Oromoofi aadaan isaa akka baduufi moggaatti darbamuuf ga'ee olaanaa taphataniiru. Daani'el (1983:121), Irratti akka ibsetti, harki caalmaa lixa Oromiyaa Naannoo Wallaggaafi Iluu Abbaa Booraa keessatti babal'achaa dhufuurraa kan ka'e yeroo ammaa amantii duudhaa Oromoo bakka bu'eera.

### 2.5.2.Amantii Islaamaa

Amantiin ilaamas akkuma, amantaa kiristaanaa amantaa waaqeffannaa balaleeffachuun dhiibbaa irraa ga'aa tureera. Amantaa Islaamaa ilaalchisee Toleeraafi Hundeesaa (1995:57), akka ibsanitti "Amantiin Islaamaa erga jaarraa 10$^{ffaa}$fi 12$^{ffaa}$karaa qarqara galaana diimaatiin Itoophiyaa seenuun babal'achaa dhufeera." Amantiin kun akkuma biyyoota Afrikaa hundaa Itoophiyaa keessatti kan babal'ate sababa daldaalaafi meeshaa biyya alaatii galchuu waliin kan walqabate ta'uu barreessitoonni kunneen ibsaniiru. Akka Ulrich (1984:231) irratti ibsetti, Amantiim Islaamaa erga Arsii keessatti babal'atee booda sirna ayyaaneffannaa Abbaa Muudaa Haroo Walaabutti ayyaaneffamaa ture balleessee ayyaaneffannan Sheek Huseeniin kan bakka bu'ameedha.

Akka Ulrich (1984:232) kaa'etti, Dhiibbaa Amantii Islaamaa Afaan Oromoo irraan ga'e, "Muslim Ideology had a modified impact on idigineous oral literature and partly replaced it. The Oromo Islam values consolidated in the mind of people and the more traditional culture was despised" jechuun ibseera. Akka yaada kanaatti amantiin islaamaa akkuma amantiin tokkko itti lallabamuufi seerri isaa amantii biroo waliin waan wal mormuuf, hordoftaanni amantii islaamas amantii duudhaa Oromoo tuuffachuun akka dadhabu taasisuun amantiin Oromoo akka badu ga'ee guddaa qabu.

### 2.5.3.Sirnoota Bulchiisna Mootummoota Darbanii

Sirnootni Mootummaata darbanii aangoo isaanii tursiifachuuf sanyiin walitti dabarsaa turan. Koloneeffattoonni aangoo walharkaa fudhachuudhaan Itoophiyaa bulchaa turaniiru.
Kaayyooleen ijoo mootota kanneenii uummata Oromoo koloneeffachuun seenaafi afaan isaa

akkasumas eenyummaa Oromoo balleessuun safuuwwaan, sonootaafi amantaa isaanii humnaan Oromoo irratti fee’era (GADAA,1988:63).

Akkuma Minilik, Hayilasillaaseeniis aangoo erga qabatee boodas haala baay’ee jibbisiisaa ta’een Uummata Oromoo miidhaa adda adda, aadaafi amantii isaa irraan ga’eera. Rakkoolee kunneen akkuma armaan gadiitti ibsamu.

Hayilasillaaseen carraaqqii kan taasise siyaasaafi dinaagdee qofaan uummata Oromoo Miidhuu miti. Aadaa Oromoos nidabalata, amantiilee kan akka amantii kiristaanaa ortodiksii malee kanneen akka islaamaafi amantii duudhaa Oromoo akka badan taasifamaniiru. (GADAA,1988:72)

Kana malees Mootiin Hayilasillaasee bakka amantiin waaqeffannaa Oromoo kan akka dhaabbanni qaalluu itti gaggeeffamu balleessuun bakka sanarraa bataksaanni akka ijaarramu gochuun maqaalee magaalota Oromiyaa gara maqaa amaaratti jijjiiruun eenyummaafi amantiin Oromoo akka bakkaa dhabamu taasisaa turuun isaanii beekkamaadha.

Sirni Dargiis erga jijjiirramee falasamootafi imaammata duraan turan irratti hundaa’uun akkuma mootota turanii maloota adda addaa gargaarramuun eenyummaa Oromoo, aadaafi amantaa isaa akka badu taasiseera**. (**GADAA,1988:109). Mootummaan Kun yaadotaafi maloota adda addaatti fayyadamuun qaamni hawaasa garagaraa waldaalee hundeessuufi maqaa safara jedhu jalatti walitti qabuun, Oromoon aadaa isaafi amantii isaa gatee kan namaa akka hordofu taasiseera. Haala kana GADAA, (1988:109), bittoonni duraanii safara akka meeshaa waraanatti fayyadamuun Oromoo kan ittiin miidhaan, kan Oromoo ariitiin gara Amaaratti ittiin geeddaran, afaan duudhaa isaa ittiin balleessaniif suuta suutaan eenyummaa Uuummata Oromoo akka badu taasisaa akka turan ibseera.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo mala qorataan ittiin qorannicha geggeesseefi filate kan ibsudha. Kunis, mala kam fayyadamee iddattoon akka filame, odeeffannoon funaanames mala kamiin akka xiinxalameefi hiikame kan ibsudha. Haaluma kanaan,qoratichi aanaa Warra Jaarsoo qorannoo xinxaala haala raawwii duudhaalee amantaa waaqeffann gaggeessuuf mala mit-carraaatti gargaaramuun iddattoo akkayyoofi darbaa dabarsaa filachuun meeshaalee funaansa ragaa kan ta'an keessaa daawwannaafi afgaaffiin odeeffannoo funaanuun yaada odeefkennitootaa xiinxaluun hiikee jira. Itti dabaluun, qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatiin kan hiikameefi ibsamedha. Yaada kana Addunyaa (2011) yoo ibsu,"Saxaxni qorannoo waliigala qorannichaa to'ata. Qorannichi odeeffannoo akkamtaa irratti yoo hundaa'u saxaxni isaa ibsa akkamtaa ta'a." jedha. Kanaaf yaada kana bu'uura godhachuun qoratichi qorannooo isaa geggeesseera.

## 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kana keessatti madda odeeffannoo ta'anii kan fayyadan hawaasa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo jiraataniiti.

### 3.2.1. Iddattoo

Qoratich iddattoo qorannichaa kan filate mala iddattoo akkaayyoo (purpoe sampling) fi iddattoo darbaa dabarsaa (snow ball sampling) jedhamaniidha. Haala kanaan qoratichi mala iddattoo akkaayyoo kan filateef namoota raawwii duudhaalee hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo nibeeku jedhe mala miti carraan filachuuni. Haala kanaan kumar (1996:162), "Qorataan mala iddattoo akkaayyoon odeefkennitoota filatus,qoranicha galma barbaadameen ga'uuf odeeffannoo gaarii kennuu danda'an jedhee yoo itti amane jechuun ibseera." Malli iddattoo lammaffaa qoratichi filate mala darbaa dabarsaati. Kanas Adunyaan (2010:67), Densombe (2007) wabeeffachuun yoo ibsu "With snow ball sampling the sample emerges through a process of reference from on person to the next."jedha.

Kanaafuu qoatichis bu'uuruma kanaan odeefkennittoota waa'ee duudhaalee hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo haalan beekaniifi gochicha keessatti hirmaatan (maanguddoota haawwoliifi qeerroowwaan) Aanaa Warra Jaarsoo keessa jiraataan keessaa kaayyoo qoranniichaa galmaan

ga'uu kan danda'aniifi hirmaattota kanaan eeruu kennameen inni tokko waan beeku himuun isa biraatti dabarsuun kanneen filatamaniidha. Adeemsa kanas osoo hojiirra hin oolchiin dura odeefkennotoota kana argachuuf dursaa hojjetaa waajjira aadaafi turiizimii Aanaa Warra Jaarsoo waliin marii taasisuun hojjettoonni waajjirichaas odeeffaannoofi ragaalee of biraa qaban kennuufi deeggarsa barbaachisaa ta'e ifa ta'anii kennuun eeruufi deeggarsa isaan qoratichaaf godhan irratti hundaa'uun odeefkennitoota hawaasa keessaa dhiira 12 fi dubartii 8 walumaagalatti odeefkennitoota 20 ta'an mala iddattoo akkaayyoofi darbaa dabarsaatiin qoratichaan filamuun afgaaffilee miti qindaa'aa dhiyaataniif deebii afaaniin gaafachuun deebii argame qindeessuun ragaan qorannichaaf barbaachisan qaacceffameera.

## 3.3. Mala Ragaan Ittiin Funaanaman

Raga funaanuuf malli itti fayyadaman hedduutu jira. mala qorataan kun itti fayyadamee odeeffannoo funaanuuf itti dhimma ba'e, mala akkamtaati. yaaduma Kana Dastaan, (2002:230), Marietset Fi Marieta, (2000), wabeeffachuun yoo ibsu "Qorannoo akkamtaa (bu'uuraa) gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannu; daawwaannaa, afgaaffii, dokumantii kan sakatta'uufi meeshaalee suur-sagalee fa'atti deeggaramuudhani."jechuun ibsa.

Addunyaa (2011:16), Mala Odeeffaannoon ittiin guuramu keessaa afgaaffii ,daawwaann, marii garee xiyyeeffatameefi sakatta'a dookumantii fayyadamuun akka danda'amu addeessera.

Akka yaada kanaatti gosti qorannoo akkamtaa mala afgaaffii, daawwaannaa, sakatta'a dookumanttii adda addaa, marii garee faa irratti xiyyeeffachuun odeeffannoo barbaachisaa kaayyoo sana galmaan ga'an meeshaalee funaansa odeeffannootti fayyadamanii kan galmaan ga'aniidha. kanuma bu'uura godhachuun qorannoo kan keessatti odeeffannoo funaanuuf daawwannaa, afagaaffiifi meeshaalee suur-sagaleetti dhimma bahuun qorannoo kun kan gaggeeffameedha. Malli qorataan odeeffannoo ittiin funaanees akka armaan gadii kanatti ibsamaniiru.

### 3.3.1 Daawwannaa

Daawwannaan qorannoo mata duree "xinxaala Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa keesaa haala raawwii ateeteefi irreecha Aanaa Warra Jaarsoo." jedhu kana keessatti adeemsa daawwanaa kanatti fayyadamee eenyutu maal akka raawwatu, yeroo akkamii akka raawwaatu, akkamitti akka raawwatu, meeshaalee barbaachisaniifi uffata guyyaa sirna sanaa uffatamu,

dhangaa guyyaa sana qophaa’ufi maalirraa akka qophaa’ufi kan kan fakkaatan ragaa dhugaa argachuuf yoomessa dhugaa keessatti argamuun qorataan raga kan funaannateedha. Adeemsi kunimmoo; odeeffannoo barbaachisu hunda itti dhiyaachuun argachuuf kan fayyaduudha. Akkasumas, adeemsi duudhaalee amantaa waaqeffannaa keessaa Ateeteefi Irreecha suursagaleen kaameeraan warabbamaniiru. Daawwataniis qorannoo kana adeemsisuuf iddoo sirni ateetee itti adeemsifamu ganda Aabbuu Keekkuufi Hoosee jedhamu iddattoo dabraafi dabarsaatti fayyadamuun warra ateetee facaafatan eyyamsiisee sirna ateetee irratti si’a lama argamuun odeeffannoo sagaleen waraabbachuufi suura kaasuun kan walitti qabateefi irreecha irratti immoo guyyaa ayyaana irreecha malkaa sana guyyaasaa waajjira aadaafi turizimii aanichaa gaafachuun Ganda magaalaa Tulluu Milkii keessatti malkaa argamu irratti adeemsifamuu isaa erga adda baafatee guyyaa sana meeshaalee odeeffannoo funaanuuf oolaan qabachuun sirnicha keessatti si tokko hirmaatee waan iddoo sirnichaatti raawwatame afaaniin gaafachuufi daawwatee sagalee waraabuufi suura kaasuun odeeffannoo kan walitti qabateedha.

### 3.3.2.Af-gaaffii

Af-gaaffiin malleen odeeffannoo qorannoo kanaaf ittiin funaanamuuf barbaachisuudha. Malli kun odeeffannoo daawwannaadhaan argachuu hindandeenyeefi warreen odeeffannoo bal’aa itti barbaadanii sirriitti qulqulleeffachuuf kan qoratichi qorannoo isaa keessatti itti fayyadameedha. Qorataanis mala kana fayyadamee yeroo odeeffannoo funaannatu afgaaffilee miti qindaawwaa yookaan banaa qopheeffachuun namoota odeefkennotoota waayee duudhaalee kanaa beekaan iyyaaffachuudhaan bira deemee kaayyoo gaaffichaa erga gadi fakkeenyaan deeggaree ibseefi booda dhiiri 12 fi dubartoota 8 walumaagalatti odeefkennitoota 20 irraa meeshaalee sagalee waraabduufi suura kaasuun iddoo namoonni odeefkennitoonni argaman deemee raga qorannichaaf barbaachisaa kan walitti qabateedha. Yaaduma kana deeggaruun Creswell, (2003:181), yoo ibsu “In interviews, the researcher conducts face to face interview…,this interviews involves unstructured and generally open-inded questions that are few in numbers*”* jechuudhaan ibsa. Kunis kan agarsiisu, qorataan af-gaaffii tokko hirmaattotaaf fuula fuulaan wal-arguudhaan kan gaaffii isaa gaafatu, gaaffilee hincaaseffaamneefi banaa ta’an dhimma itti ba’uudha. Yaada odeef kennitootaa fudhachuuf karaa isa gaarii ta’uu isaa ibsa. Gaaffilee banaa kan jedhaman odeeffannoo kennaan osoo hin dhiphatin waan gaafatame sana waan beeku sanaaf deebii kan kennuudha. Deebiin kennamu kan hin daangefamneedha.

Haaluma kanaan “Xinxaala Haala Raawwii Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa keesaa Ateeteefi Irreecha Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo” irratti odeefkennitoonni hirmaatan, namoota maalummaa duudhaalee amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreecha beekanii guyyaa sanammoo hirmaatan kanneen akka abbootii gadaafi maanguddoota, haawwaniifi qeerroowwaniifi qarreewwaniidha.

## 3.4.Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaanaman

Qorannoo kana keessatti ragaa funaanamuuf meeshaaleen adda addaa nibarbaachisu. Qorannoo kana keessattis qorataan raga funaanuuf meeshaaleeen inni itti dhimma ba’e,  kanneen akka; suursagaleeti fayyadamuun iddoowwaan duudhaaleen amantaa kun itti gaggeeffamu deemee heyyamsiisuyuun duraa duubaan suuraafi sagaleen waraabachuudha. odeeffannoo haala kanaan walitti qabamu kana immoo bifa barreeffamaatti jijjiiree qindeessuun, suuraalee muraasni sirna kana agarsiisaan keessaa waraqaa qorannoo kana keessatti  waa’ee sirnichaa ibsan dhiyaataniiru.

## 3.5.Malleen Ragaan Ittiin Qaacceffame.

Malli odeeffannoomittiin ibsamu mala qorannoo ibsaati. kunis odeeffannoon argamu lakkoofsaan osoo hintaane jechootumaan kan ibsamuudha. Haaluma kanaan qorataan kunis ragaalee afgaaffiifi daawwaannaadhaan qorannoo kanaaf barbaachisan walitti qabatee qindeessuudhaan, mala qorannoo ibsaatti fayyadamuun kan ibseedha.

## 3.6.Muuxanoo Dirree

Qorannoon Dirree kan qorataan tokko iddoo sirnichi itti adeemsifamu dhaquudhaan qorannoo kan gaggeessudha. Adeemsi kunis kan odeeffannoon qorannoosanaaf ta’urraa argamu (namoota,fakkii,hambaa, aadaa hawaasichaa, siidaawwaniifi kkf.) bira dhaquun qabatamaan ragaa barbaachisu sassaabuuf fayyada. Haaluma kanaan qoratichi sirna kabaja duudhaalee amantaa waaqeffannaa keessaa haala raawwii ateeteefi irreecha irratti qaamaan hirmaachuun hirmaattota isaa daaawwateera.

Odeeffannoowwaan qorannoo kanaaf barbaachisan walitti qabamuu kan qabu adeemsa adda addaa keessa darbeeti. Jalqaba qorataan odeeffannoo ittiin funaanuuf malawwan nagargaara jedhee filate (af-gaaffii dhuunfaatti namoonni saddeet, akkaataa yookaan haala raawwii amantaa waaqeffannaa keesaa ateeteefi irreecha kan beekaan; namoonni kudha lama hafan immoo,

meeshaaleefi dhaangaalee duudhaalee amantaa waaqeffannaa keesaa ateeteefi irreecha barbaachisan beekaan tokkoon tokkoon isaanii gaaffilee afurii hanga shanii erga gaafatee booda, ragaawwan argaaman kaameeraa odeeffannooittiin waraabuun waraabuunniifi yaaddoo qabachuun ragaa erga walitti qabatee booda ragaawwaan viidiyoo kaameeraan waraabbaman ilaaluun gara barreeffamaatti jijjiiree; ragaalee walfakkaataan iddoo tokkotti gurmeessuun qoqqooduun qaacceffamaniiru.

## 3.7.Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Qorannoowwan mata duree kanaan walqabatanii hojjetaman guutumaan guututti kallattii ta'uu baatuus walitti dhufeenyaafi addaa addummaa waan qabaniif akka qorannoowwan walfakkiitti dhiyaataniiru. Dhiyaannaan isaanii kunis walfakkeenyaafi adda adduummaa qorannoowwan kanneeniifi qorannoo kana gidduu jiru irratti xiyyeeffachuunidha. Kunis kutaa lamatti qoodamuun dhiyaateera. Inni duraa, qorannoowwan sadarkaa digirii jalqabaatti kanneen adeemsifamaniidha. Kan lammattaa immoo qorannoowwan sadarkaa digirii lammaffaatti kanneen adeemsifamaniidha. lamaan isaaniiyyuu duraa duubaan akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

### 3.7.1.Qorannoowwan Sadarkaa Digirii Jalqabaatti Adeemsifaman

Sanyii Baayisaa (2012) qorannoo mata duree, "Sakatta'a duudhaa amantaa waaqeffannaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu irratti Xiyyeeffate‟ jedhu keessatti Oromoon falaasama amantii isaa keessatti duudhaalee kanneen akka ateetee, irreecha, ifannoof kkf. bakka guddaa qabaachuu isaanii ibsa. Akkasumas yaada rimee ijoo amantaa waaqeffannaa kanneen akka ayyaana, waaqaafi waaqeffannaa, safuu, dhugaa, cubbuu jedhaman ibsuuf yaalera. Ibsi muraasni qorannoo kanaafi qorannoo sanyii keessatti waayee duudhaalee amantaa waaqeffannaafi yaada rimee ijoo amantaa waaqeffannaa qaban qorannoo kana hanga tokko walitti hidhata qaba. Haata'u malee, qorannoon isaa kun hiika maalummaafi wantoota duudhaaleen amantaa hammatu of keessaa qaba malee haala raawwiifi hirmaattota yookaan akkaataafi yoomessa akkasumas wanti ibsame hin jiru Kun immoo garaagarummaa qorannoo kanneen lamaan gidduu jiru mul'isa.

Iteenash W/Rufaa‟el (2009) mata duree, "Seeccaatii Qabiyyee Walaloo Ateetee Godina Wallagaa Aanaa Laaloo Assaabii" jedhurratti qorannoo digirii duraa guuttachuuf gaggeessiteen walfakkeenyi qorannoo kana waliin qabu, ateeteen ayyaana dubartiin kabajjuufi itti walgeessee

waaqa kadhattuudha. Kunis moggaasa maqaa adda addaan yaa beekkamu malee hiikan isaaniifi akkaataan kabaja isaanii walitti dhuyeenya kan qabu ta'ee, kan qorattuu kanaa haala kadhannaafi kaayyoosaa irratti hundaa'ee: ateetee deessuu, ateetee looniifi ateetee haadha duulaa jechuun bakka sadiitti qooddee jirti. Qorannoon kunimmoo kaayyuma irratti hundaa'uun ateetee maaram furmaa, ateetee maaram hagayyaa, ateetee saadassaa jechuuun iddoo saditti qooduun moggaasa maqaa adda addaa yaa qabaatu malee, ateetee Sadan isaanituu dubartoonni ollaa walga'aniiti jeekaranii nyaachaa, dhugaafi ateetee faarsaa bulun kan isaan walfakkeesudha.

Garaagarummaan qorannoo kana lamaan gidduu jiru moggaasa gosoota ateeteefi meeshaalee ayyaana ateetee keessatti barbaachisuufi hirmaatota sirna ateetee kanaa irratti argaman dubartoota qofa osoo hin taane keessummoonni, warri dhiiraas, akkasumas kara qajeelchaan (qajeelchituun) irratti hirmaachuu faadha.

Misiraach Geetaachoo (2012) irratti, Kabaja ayyaana Gannii Facaasuu (ateetee loonii) jedhu keessatti, Oromoon akkuma loon horsiisuun beekamu loon isaa ni jaalata. Walfakkeenyi,ayyaana ateetee keessatti ayyaanni Ganni kunis ayyaana horiidhaf birraa keessa ji'a sadaasaa keessa ayyaaneffatamu yoo ta'u, ayyaanni kun horii isaanii horsiisee guddisuu, nageenya, gammachuun jiraachuuf sanyiifi dhaltiin akka qajeeluuf waaqayyoon kan ittiin galateeffatan ta'uudha. Garaagarummaan qorannoo kanaa, ateetee loonii qofarratti kan xiyyeeffatte yoo ta'u, meeshaalee ayyaanicha irratti dhihaatan, haala raawwii kabaja sirnichaa dhabamuufi facaafannaa ayyaana ateetee kanaa ayyaana looniif qofa akka kabajamu gochuu isheeti.

### 3.7.2. Qorannoowwan Sadarkaa Digirii Lammataatti Adeemsifaman

Qorannoo digirii lammaffaa keessatti kallattiidhaan hanga ammaatti akka walii galaatti mata duree duudhaalee amantaa waaqeffaannaa irratti wanti hojjetame argachuu hin dandeenye. Yaa tahu malee duudhaalee amantii waaqeffannaa keessatti wanta argaman muraasa isaanii akka armaan gadiitti tokkummaafi garagarummaa isaanii ibsuuf yaalera.

Biraanuu Dirribaa (2007) qorannoo mata duree, "Qaaccessa Hiika Mallattoolee Irreecha Dirree Calalaqii Hawaasa Oromoo Godina Shawaa Lixaa Keessatti Adeemsifamurratti Xiyyeefate." Qorannoon kun mataduree, Hiika Mallattoolee Irreecha Dirree Calalaqii Irratti Dhiyaatan" jedhu jalatti maalummaa irreechaa, kana malees maalummaa meeshaalee ulfaa kanneen akka maalummaafi faayidaa Bokkuu, Kallachaafi Caaccuu addeesseera. Akkasumas, ilaalchaafi

fakkoommii meeshaaleen kun hawaasichaaf qabu bal'inaan ibsaniiru. Falaasamniifi kabajni hawaasni meeshaalee kanaaf qabuu hiika mallattooleen kun qabaataniif gumaacha guddaa akka qabaatu taasisa. Kun qorannoo kanaan hanga tokko walitti dhiyaatuyyuu Qorannoo Biraanuu Dirribaan kun garuu, mataduree, kaayyoofi galma isaatiin qorannoo kanarraa adda. Sababni isaas qorannoon kun waayee hiika mallattoolee osoo hin taane haala raawwii duudhaaleen hawaasa ateeteefi irreecha hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo keessatti bal'inaan beekkamaniifi akkaataa kabajaafi meeshaalee duudhicha kabajuuf barbaachisantu dhiyaate. Kunimmoo garagarummaa isaanii ibsa jechuudha.

Imaanaa Bayyanaa (2007), qorannoo "Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo Naannoo Shawaarratti" taasiseen, amantiin duudhaa Oromoo waaqeffannaafi faaruun isaa bifa ogafaanitiin dhaloota irraa dhalootatti darbuun falaasama amantiifi beekumsa Oromoo mul'isaa turaniiru. Akkatuma kanaan qorataan kun dhimmoota amantii duudhaafi hawaasummaa, waaqaafi waaqeffannaa, akkasumas, ayyaanefannaalee Oromoo amantii duudhaa Oromoo naannoo shawaa ilaaluuf yaalee jira. Dhimma duudhaa Oromoo irratti xiyyeeffachuu isaafi faaruu muraasa qacceessuurratti walfakkaata. Garuu gama birootiin qorannoo kanaa weedduu muraasaan alatti adeemsa sirna ayyaanichaa keessatti meeshaaleen ayyaanichaaf barbaachisan, hirmaattonni ayyaanichaa, waqtiin ayyaanichi kabajamu, dhangaaleenfi uffanni aadaa, akkasumas meeshaaleen ulfaa ayyaanicha barbaachisan qorannoo isaa keessatti waan ibsamneef qorannoon kanaan wal hinfakkaatu.

## 3.8.Naamusa Qorannoo

Hojiin qorannoo kanaa yeroo adeemsifamu bifa seera qabeessaafi naamusa qabuun kabaja hawaasaa eegee raawwate. Fkn yeroo qorannoo kanaaf afgaaffiifi daawwannaan ateetee bulfataniifi iddoo kabaja irreechaa keessatti taasifame, bifa aadaafi safuu hawaasichaa eegeen, mirga isaanii kabajeen akkasumas yeroo suuraa eeyyama gaafachuun fedha isaaniitiin suurri fudhatamee jira. Dabalees waraabbii sagalee irratti fedhii isaaniitiin odeeffanoo qabatamaa barbaadamu akka kennan fedhii gaafachuun sagaleen isaanii warabamee jira. Dhuma irratti xalayaa seera qabeessummaa gaafataniifi osoo hingaafatin odeeffannoo warra kennan maraa galateeffachuun xumuramee jira. Bifa naamusa qabuun haala olitti ibsameen qorannoo adeemsisuun adeemsa sirrii ta'uu kan nuuf mirkaneessu yaada V. Kahnfi W. 1Best (2005:347) dhiyeessaniidha. "Psychologist accord aproprate respect to the fundamental right, dignity, and

woth of all people.The are aware of culture, individual, and role difference,  including those due to age, gender, race, ethinicity, national origin ,sexual orientation, disability language and socio economic status” Akka yaada kanaatti namni qorannoo gaggeessu tokko aadaafi safuu hawaasaa iddoo qorannoon gaggeefamuu sana guutumatti kabajuu qaba. Kana jechuun odeeffannoon qorannoof barbaachisaadha waan ta’eef, odeeffannoo waa’ee duudhaa kanammoo kan argatu hawaasa keessaa waan ta’eef mirgaafi faayidaa hawaasichaa eeguun barbaachisaadha.

# BOQONNAA AFUR:- QAACCESSARAGAALEE

Boqonnaa kan keessatti ragaawwaan qorannichaa mala qorannoo ibsaan fayyadamuun funaannametu qaacceffamuun hiikamaniiru. Kunis odeeffannoowwan argaman mata duree adda addaatti qoqqooduun erga tartiiba'anii booda qorataan qaacca'uun hiikni itti keenameera. Haaluma kanaan odeeffannoon ijoon boqonnaa kanajalatti, Amantaa waaqeffannaa keessaa haalaa raawwii amantaa Ateeteefi Irreechaa; Akkasumas, duudhaaleen amantaa Ateeteefi irreechaa kunneen  hawaasa biratti akkamitti akka ilaallamu. Sadarkaan sirna kabaja duudhaalee amantaa ateetee fi irreechaa yeroo ammaa maal akka fakkaatu qaacceffamaniiru.

## 4.1.Qaaccessa Waaqeffannaa

Waaqeffannaan amantii uummanni Oromoo akkaataa duudhaa isaatiin iddoo addaa addaatti yeroo addaa addaa waaqeffatuudha.Obbo Tafarii Abbaabbuu(06/06/2011) Waaqeffannaa maali? gaaffii jedhuuf

> "waaqeffannaa jechuun akkaataa duudhaa Oromootiin nama waaqattibulu ta'ee gareedhaan yookaan dhuunfaadhaan  waaqa nama, samiifi lafa uume haala adda addaatiin anneen akka ateetee, irreechaa, boronticha,dhibaayyuufi wkf. fayyadamuun iddoo ayyaanonni kun itti kabajaman kannen akka tulluu, malkaa ,abdaarii, muka guddaafi wkf bira deemaniiwaaqa isaanii kadhachuun kan galata galchaniidha. Kana  malees ayyaanahaadhaafi abbaa akkasumsa ayyaana dirree ofii kadhachuun waaqeffataniidha." Jedhan.

Akka yaada kanaatti; waaqeffaannaa jechuun gama duudhaalee amantaa waaqfennaatiin namoota waaqatti amanan ta'ee waaqa waa hunda uume iddoo adda addaatti gareedhaan yookaan dhuunfaadhaan kan kabajataniidha.  Waaqeffannaa jechuun amantii tokkotti amanuu jechuudha. hiikni maqaa wanta tokkoo gochaafi amala isaatiin kan walqabatu ta'uu isaa yoo ibsu, waaqeffannaa jechuun amantii waaqa tokko, Ayyaana Dirreefi Duudhaa (lamaan namaa) amanuufi kadhachuuti, jedha. Ayyaana dirree yoo jedhus malkaa, tulluu, hora,  burqaa, caffee, siidaa, odaafi kkf  jechuudha. Akkasumas, ayyaana namaan lamaa kan jedhamanis ayyaana haadha ateeteefi kan abbaa nabiiti. Kana malees waqeffaanaa jechuun. Seerota waaqaa kabajuudha. Waaqeffanna jechuun; nagenya, qulqulinaafi damboobummadha.

 Amantaa waaqeffannaa keesaa ateeteefi irreechi duudhaa amantii Uuummata Oromoo ta'anii sirna durii irraa jalqabanii afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kabajachaa dabarsaa har'a ga'e

jedha. Kunis uummanni Oromoo ofiin amantaa durii isaa yeroo dheeraa kabajachaa ittiin walbulchaa tureedha. Uummanni kun yeroo kabajatus waliin ta’uudhaan amantaan,saalummaanfi qabeenyaa yookaan gosummaan osoo adda wal hinqooduun uffata aadaa wantoota naannoo isaanirraa hojjetamuufi nyaataafi dhugaatii aadaa walumaagalatti dhangaalee aadaa qabachuun iddoo amantaa sanatti argamuun kan kabajataniidha. Iddoo kabajaa sanittis nammoonni amanticha kabajachuuf ba’an wal duraa duubaan yookaan walkabajuun akkaataa umriitiin ta’uun kan kabajataniidha.

Kana malees uummanni Oromoo osoo amantaan kiristaanaafi islaamaa Oromiyaa keessa hinseenin dura amantaa habaabileefi akaakilee isaa kabajachaa kanturan duudhaalee amantaa waaqeffannaa kanneen akka; ateetee irreecha, borontiicha, qaalluu, dhibaayyuu faa kabajachuun hormaataafi maatii isaaf akka waan gaarii argatanii jireenya isaanii haala gaariin jiraataan kabajuun itti  amanuun yeroo dheeraaf biyyattii kana keessa kan jiraachaa turaniidha jedhu. Akka yaada kanaatti uummannu Oromoo jalqabaa qabee duudhaalee amantaa waaqeffanna hedduutti amanuun jireenya isaanii ittiin gaggeessaa turaniidha. Qorannoon kunis xinxaala duudhaalee amantaa waaqeffannaa keessaa Ateeteefi Irreecha irratti kan xiyyeeffatu waan ta’eef akka armaan gadiitti  tartiibaan qaacceffamaniiru.

## 4.2.Qaaccessa Ateetee

Ateeteen ayyaana dubartoonni maatiiniifi qabeenyi ishii nagaan akka jiraataniif waaqa uumaa isaanii ittiin kadhataniidha. Gaaffii ateeteen maali? waggaatti ji’a kam faa kabajamaa? Eenyu faatu immoo irratti hirmaataa? maal kabajatuu? Jedhuuf, Adde Gimjaa Mokonnen, (06/06/2011), akka jedhanitti; “Ayyaanni ateetee tun ayyaana dubartiin bara durii qabdee qabeenyaafi maatiikoo bakka jiranitti nagaa gochuun naaf eegi jettee maatii ishee waliin dhangaa adda addaa gootee kabajattuu. Ateteen kunis, mana warra hangafi manuma isheetti maatiifi olla ishee waliin ijoolleefi qa’een ishee akka nagaa ta’aniif ji’oota amajjii, haagayyaafi saadassa kabajattu” jedhan.  Akka yaada isaanitti Ayyaanni ayyana dubartiin waaqa uumaa ishee maatiifi dubartoota olla ishee waliin kadhattuudha.  Ateetee haala lamaan bulfama yookaan raawwatama. Inni duraa dubartoonni qa’ee warra hangafaa tokkootti bulan sanatti walgayanii iddoo tokkotti yoo facaafatan, Inni lammaffaa immoo,  mana ofiitti facaafachuudha.  Ateeteen kunis gosoota ateetee irratti hindaa’ee ji’oota amajjii, haagayyaafi saadassa dubartootaan kan facaafamuudha. Kunis dhala ishee cinaatti dubartoonni ollaa waamichi godhameefi mana haadha ateetee facaafattuutti

argamu. Yeroo kana haati warraa ilmaan ishee warra dubaraa heerumanii bultii uummataniifi dubartoota ollaa waliim facaafatti. Kunis dubartiin ayyaana ateetee bulfatte nihofkole, warri Ateetee bulfachuu dhiisemmoo nibada jedhameet itti amanama. Dubartoonnis namaafi sa'aa isaanii irra rakkoon akka irra hingeenyeef ayyana ateetee kana ayyaaneffatu. Guyyaa ayyaana ateetee facaafatan warri ayyaana ateetee facaafatan sun wantoota adda addaa lagatu. Isaaniis sagaagalummaarraa fagaachuu, dullacha hin elmatan, jabiileen akkuma namaatti akka quufaniifi akka hodhan godhama,guyyaa sana liqii namaaf hin kennan, Guyyaa kana hojiin hinhojjetamu; guyyaa boqonnaati.Dubartoonni uffannaa ateeteen miidhaganii oolu.Ateeteen ayyaana qe'ee akkuma namaaf araarsu, dubartoonnis waa mara walitti araarsan, Nageenya badhaadhinaafi gaarummaaf kadhatu.

Kana malees ateetee bulfachuuni sirna dubartoonni Oromoo ittiin waaqa uumaasaanii kadhatan keessaa isa tokko ta'ee, jiruufi jireenyi isaanii akka qajeeluuf, kabaja, nageenyaafi badhaadhinaaf dubartoonni Oromoo sirna Ateetee Kanarratttti waaqa kadhatu. Kadhannaan isaanii kunis hawwii, abdii, jiruufi jireenya isaanii ittiin kadhachuun, ulfina ittiin ibstan ta'ufi sirna ayyaana dubartooni ittin waaqa kadhatanii galateeffataniidha.

Aadde Ayyaluu Warquu(16/06/2011) irraa odeeffannoo akkan argadhetti, "Ateeteen ayyaana sanyii, hormaata dubartii waggaa waggaadhaan birraafi arfaasa keessa ayyaaneffatamuudha. "Ayyaanni kunis birraa baatii fulbaanaa gara dhumaa, arfaasaa dhuma caamsaa keessa nikabajama."Akka yaada isaanii kanaatti, dubartiin ayyaana kana kan kabajattuuf ayyaanni kun isheef tolee akka dhala isheetif qajeeluuf waaqa ishee kadhatti.

Akka waaqeffannaan amanutti ateeteen amantii ayyaana warraafi qa'eeti. Akkasumas, kan dubartoonni nageenya, gaarummaafi hormaataf ayyaana isaaniifi waaqa isaan uume ittiin galateeffataniidha. Ateeteen galgala irraa eegalee hanga ganama waaree boodaatti diinqa mana jireenyaatti ayyaaneffama.

Akka amantaa aadaa Oromootti namni ateetee facaafate yookiin bulfate iddoo fedhii ofii oolee gala; kan facaafachuu dhiise immoo, of dhabee gala jedhama. Kana malees, barbaachisummaa ateetee yoo ibsu akkas jedha:

> **"**Ateeteen warra gaaromsa
> Buttaan biyya aangomsa***!"*** jedhu.

Akka yaada kanaatti, ateeteen aangoo qabaachufis bakka guddaa kan qabdu ta'uu mul'isa. Namni ateetee qe'ee isaa bulfate aangoo barbaadeefi iddoo barbaade gahuu danda'a. yoo gidduutti addaan kutan akkuma faayidaa isaa miidhaan isaas ni baay'ata. Ateeteen loon mooraatti, jabbiin golatti, ijoollee diinqatti akka eeggamaniif kadhatamti. Akkasumas, daa'imman, hormaata looniiiifi qabeenya isaanii alaa manatti, nagaa biyyaafi naannootif jedhamee facaafama malee hojii hiikuufi miti. Kana malees, dubartiin oso hinheerumin hafte akka heerumtuuf, kan heerumtellee akka deessuu, deessuun akka oofkaltu, kan dhalate akka guddatu kan waaqa itti kadhataniidha. Haa ta'u malee, yeroo ammaa kana ayyaana ateetee facaafachuun akka nama seexana gabbarutti namoonni fudhatan ni jiru. Namoonni ilaalcha akkanaa qaban kun hanqina hubannoo sirriitti kan qabaniidha. Kanaaf ilaalcha isaanii sirreeffachuu qabu.

### 4.2.1.Qaaccessa Hirmaattota Ayyaana Ateetee

Ayyaana ateetee keessatti guyyaa ayyaanni ateetee kennamu namoota adda addaatu sirna sanarratti hirmaata. Akka Obbo Naggasaa Adunyaa(23/06/2011) irraa odeeffannoo argadhetti**,** "Uummata Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo, guyyaa ayyaanni ateetee kennamu haati ayyaana ateetee kennattu dubartoota hiriyoota isheefi ollaashee ta'an, keessaa tokka michuu ishee kan taate fincoo kan jedhamtu waliin hirmaatu". Akka yaada isaaniitti, dubartiin ateetee facaafattuufi fincoon hanga jireenya isaanitti addaan hin bahan. Kana malees, karaa qajeelchaa yookiin qajeelchituu, maanguddoonni ollaa, dubartoonni ayyaana ateetee bulfatan, ijoolleen ishee hundi, abbaa warraa isheefi haadhi manaa ijoollee ishee hirmaatota ayyaana kanaati. Maanguddoonni ollaa sirna ayyaana ateetee kanaa eebbisuun kan eegalchiisaniifi akka ayyaanichi tolee hormaanni, fayyaan, nageenyi tolu kadhatuuf. Dubartoonni immoo maddii haadha ateetee taa'uun dalagsiisu. Kana malees fincoon hojiilee sirna raawwii ayyaanichaa keessa hojjetaman gargaaruun hojjetti. Shamarran immoo, hojiilee mana keessaa buna danfisuu hanga nyaata qopheessuutti, meeshaalee sirna sana keessatti barbaachisan dhiheessuudha. Gaheen maanguddootaa eebbisuufi karaa qajeelchuudha. Akkasumas, faaruu faarfachaa bulu.

Akka Maqdas Suyyum, (06/06/2011), irraa odeeffannoo argadhetti ateeteen akaakuu lamatu jira isaaniis ateetee gudureefi ateetee darbaa jedhamu. Ateeteen guduree kun namni tokko umrii isaa keessatti niitii fuudhee haadha manaa isaa waliin ayyaana ateetee bulfatuudha.

Ateetee darbaa dabarsa jechuun abbaafi haati dulloomanii yoo humna dhaban loon yookiin lafa waliin biqila godhatanii eebbisuun dabarsaniidha. Mucaan kun ateetee darbaa kana kan bulfachuu danda'u, yoo dursa ateetee guduree bulfateedha

### 4.2.2.Qaaccessa FaayidaaAteetee

Ateeteen kabajuun faayidaa jiruufi jireenya keessatti kan qabu yoo yeroo eeggatee kabajameedha. Gaaffii ateetee facaafachuun maaliif fayyada jedhuuf? Aadde Muluu Lammaa (06/06/2011) akka jedhanitti, "Ateeteen hawwaasichaaf faayidaa hedduu kenniti: hormaataafi jireenyaa qajeelchuudha, ittiin waaqa kadhatu, loon akka horaniif milkiin duubartii akka toluuf, Mirga Dubartootaa Kabachiisuuf jedhan."Akka yaada isaanitti ateeteen horiin akka horuuf kan dhalate ammoo akka guddatuuf, jiruufi jireenya isaanii keessatti qabeenyiifi horteen ishee bakka hundatti nagaa ta'anii, araarriifi nageenyi akka jiraatu, jiruufi jireenya namaa eegdi. Dubartiin heerumtee jiruufi jireenya gaarii akka jiraattu kan gargaartuudha. Akkasumas dubartiin hortee kabajamtee jireenya nagaafi umrii dheeraa maatii ishee waliin akka jiraattuuf duukaa buutee kan eegduudha. Walumaagalatti faayidaa ateetee akka armaan gadii kanatti ibsaniiru.

#### 4.2.2.1.Qaaccessa Ateetee akka Duudhaa Aadaatti

Aadaan mallattoo saba tokkoo ta'ee duudhaalee amantaa keessattis yeroo inni waa'ee uummata Oromo calaqqisiisu nimul'ata, Aaddee Ayyaluu Warquu(16/06/2011),Gaaffii yeroo ateetee facaffattan aadaan ni calaqqisaa? jedhuuf "Akka jedhanitti yeroo ayyaana ateetee facaafannu waaqa uumaa keenya kadhachuun cinaatti uffataafi nyaata aadaa qopheessuun aadaan keenya akka calaqqisu ni goona jedhan." Akka yaada kanaatti yeroo ateetee facaataan waaqa uumaa ofii kadhachuun cinaatti aadaan bifa addaa addaan kanneen akka uffata aadaa kanneen akka qoloo, burreefi marata mataa marachuun kana malees dhangaa aadaa kanneen akka marqaa, qincee, wandara, kukkuta qopheessuufi waan dhugaatii immoo farsoo aaadaa qopheessuun amantaa isaanii kadhachuu ninaatti aadaa calaqqisuu keessatti shoora olaanaa qabaachuu isaanii ibsa. Kana malees faarfannaafi sochiin qaamaa guyyaa ayyaana ateetee raawwatamu aadaa ni calaqqisa. Dabalataan eebbawwan guyyaa ayyaana ateetee eebbifamu hangafaa quxusuun waan eebbifamuuf aadaa walkabajuun ni calaqqisa.

#### 4.2.2.2.Qaaccessa Ateetee Akka Duudhaa Amantaatti

Ateeteen duudhaalee amantaa waaqeffannaa ta'uun yeroo dheeraadhaaf hawaasa aanaa warra jaarsoo biratti kabajamaa tureera. Kunis akka duudhaa amantaatti fayyadaa tureera. Yaaduma kana ilaalchisee ateeteen akkamitti duudhaa amantaa ta'aa? gaaffi jedhuuf Aaddee Ayyaluu Warquu(16/06/2011) akka jedhanitti, "Ateeteen duudhaa amantaa ta'uun hormaataafi jireenyaa qajeelchuudha, ittiin waaqa kadhatu, loon akka horaniif milkiin duubartii akka toluuf." Akka yaada isaanitti ga'een ateeteen akka duudhaa amantaatti ta'uusaa agarsiisan akka armaan gadiitti ibasamaniiru.

**Hormaataafi jireenyaa qajeelchuudha**:-Warri Ateetee bulfate nihofkola, warri Ateetee bulfachuu dhiisemmoo nibada jedhama. Dubartoonnis badii namaafi sa'aa irra qaqqabuuf malu akka hinqaqqabneef ayyana ateetee kana ayyaaneffatu. Gaafa Ateetee facaafatan kanas wantoota adda addaa kanneen akka sagaagalummaarraa fagaachuu, liqii kennuu, dulacha elmuu dhiisuufaa lagatu. Guyyaa kana hojiin hinhojjetamu; guyyaa boqonnaati. Dubartoonni uffannaa ateeteen miidhaganii oolu. Ateeteen ayyaana qe'ee akkuma namaaf araarsu, dubartoonnis waa mara walitti araarsan, nageenya badhaadhinaafi gaarummaaf kadhatu.

**Ittiin waaqa kadhatu**:-Akka amantii waaqeffannaatti Ummanni Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo jiruufi jireenyi isaa akka isaaf qajeeluuf waaqa kadhata. Ateetee bulfachuunis sirna dubartoonni Oromoo ittiin waaqa uumaasaanii kadhatan keessaa isa tokko ta'ee, jiruufi jireenyi isaanii akka qajeeluuf, kabaja, nageenyaafi fayyaan isaanii akka eegamuuf dubartoonni Oromoo sirna ateetee Kanarratti waaqa kadhatu. Kadhannaan isaanii kunis hawwii, abdii, jiruufi jireenya isaanii qajeelee jireenya gaarii akka jiraatan, maatiifi hormaanni isaanii bakka hundatti nagaan dagaaganii wal horanii akka jiraatan waaqa isaanii kadhachuun galateeffatu.

**Loon akka horaniif milkiin duubartii akka toluuf**:-Uuummanni Oromoo looniif iddoo guddaa kenna. Loon akka horaniifiif tattaaffii guddaa taasisa. Loon horanii carraan dubartootaa akka milkaa'u taasisuuti amanama kunis; hormata loonii kanaaf abbaan manaa; loon erga galanii booda coqorsa, ulmaayiifi aannan qabatee haadha manaa isaa waliin marqaa ateetee dhadhaa itti naqee farsoo wajjin qabatanii, dallaa loonii seenuudhaan baala sanaan farsoofi dhadhaa akka armaan gadiitti i eebbisaa itti facaasu jedhe.

| Warra Eeebbisan | Hirmaattota |
|---|---|
| “kan nagayaan oolche nagayaan nuhaa bulchu! | haa bulchu! |
| Hamaa hammaataa nurraa haa qabu! | haa qabu! |
| Tolaa nuttaa qabu! | haa qabu! |
| Irraa gora nuhaa lagu! | haa lagu! |
| Kan babba’e nagayaan nuttaa galchu! | haa galchu! |
| Kan gale nagaa nuuf haata’u! | haa taa’u! |
| Loon keenya babba’anii nagaan haa galan! | haa galan! |
| Horaanii mooraa haaguutaan! | haa guutan! |
| Bobba’aa bakkee guutaan! | haa guutan! |
| Dheedaaniihaabarbadeessaan! | haa barbadeessan! |
| Dhugaanii booressaan! | haa booressan! |
| Kormi cirri ta’ee haayaabbatu! | haa yaabbatu! |
| Rimaan haphee ta’eehaaqabattu! | haa qabatu! |
| Iji goomattuu isin hinargiin!” | isin hin argiin! |

jechuun itti facaasee eebbisa jedhan.(Aadde Muluu Lammaa,06/06/2011)

Akka ergaa eebba kanaatti, Kan nagayaan oolche nagayaan nuhaa bulchu!, yaanni jedhu, nagaan hunda dursa waan ta’eef waaqayyoon nagaan akka isaan jiraachisee hormaata kanatti fayyadaman kadhatu. Hamaa hammaataa nurraa haa qabu!, kan jedhu kun namni jireenya isaa keessatti waan gaarii barbaaduu isaa calaqqisa. Tolaa nuttaa qabu!, Yaanni jedhu hawwiin namaa waan gaarii ta’uu isaa agarsiisa jechuudha. Irraa gora nuhaa lagu! Kunimmoo namni waan dabaa dhiisee waaqayyoon waan gaarii akka hojjechiisu kadhatu. Kan babba’e nagayaan nuttaa galchu!, Kan gale nagaa nuuf haata’u!, yaanni jedhu wanti hundu waaqan raawwachuu isaa waan amananiif yeroo hunda nagaa akka ta’an waaqayyoon kadhatu. Loon keenya babba’anii nagaan haa galan!, Horaanii mooraa haaguutaan!, Bobba’aa bakkee guutaan!, Dheedaanii haabarbadeessaan!, Dhugaanii booressaan!, Kormi cirri ta’ee haayaabbatu!,Rimaan haphee ta’ee haaqabattu! Yaanni jedhu, loon isaaniif nagaa hawwaa akka isaan wal horanii baay’ataniif waaqa isaanii kadhatu jechuudha.

Walumaa galatiti akka yaada kanaatti gochaa waaqayyoon godheef galata kan galchan ta’ee loon isaanii iddoo kamittuu haalan horanii nagayaan akka jiraataniif waan gaarii hawwaniifidha. Kunis waaqayyoo kan darbeef galateeffachaa, dogogora hojjetaniif dhiifama gaafachaa,loon isaanii horanii akka baay’atan, bobba’anii nagaan akka galan, akkasumas; fayyaa isaanii eeggamee nyaata sirriitti akka nyaataniifi bishaan sirriitti akka dhugan waaqa isaanii kadhatu jechuudha.

### 4.2.2.3.Qaaccessa Ateetee Akka Duudhaa Siyaasatti

Ayyaanni ateetee mirga dubartootaa kabachiisuu keessatti faayidaa baay'ee qaba, Gaaffii meeshaakabaja ateetee keessaa siiqqeen akkamitti mirga dubartootaa kabachiistii? jedhuuf Aadee Maqdas Suyyum(08/06/2011), "Akkuma sirna Gadaa keessatti dubartoonni kallacha baatanii dirree jilaa deeman ayyaana ateetee keessattis gahee mataa isaanii qabu. Dubartiin ayyaana ateetee sana keessatti olaantummaan kan hoogganamuudha. Akkasumas, qabeenyafi hormaata manaa, daa'imman hoogganuun kan bulchitu dubartoota. Kana keessatti immoo siiqqeen faayidaa guddaa kenniti." Jedhan.

Akka yaada isaanii kanatti, dubartiin sirna gadaafi jila aadaa keessatti hirmaachuun rakkoo haasummaa furuun cinaatti, akkasuma qabeenyaafi hormaata ishee alaa manatti too'achuufi hordofuuf olaantummaa qabaachuu ishee agarsiisa. Kana malees dubartoonni meeshaa kabaja ateetee qabachuun waan isaanirraa eeggamu olaantummaa qabaachuu isaaniiti. meeshaa kabaja ateetee dubartiin qabattu keessaa siinqeen iddoo guddaa qabdi. Siiqqeen mallattoo heerumaa fi mirga dubartooni Oromoo aadaadhaan qaban agarsiisudha. Siiqqeen ulee qajeelaa irraa tolfamti, mallattoo heerumaafi aangooti. Siiqqeen kabajaa, saalfii fi sodaatama guddaa qabdi. Akka ulee biroo siinqeedhaan horii hinrukkutani. Seeraafi kabajaaf qabatu. Kanaaf dubartiin siiqqee qabatte nisodaatamti, nisaalfatamti, nikabajamti, yoo dubartiin Siiqqee qabattee karaa irratti namatti dhufte, nama hoofkalchitu malee bira hindarbanu ykn hinqaxxaamuramu, malkaa ishii dura hince'amu. Dubartiin rakkate siiqqee qabattee kadhaaf karaarra yoo baate waan harkaa qaban hindhorkatanu. Dabalataanis, dubartiin uffata ayyaana ateetee uffachuun siiqqee qabatte karaa deemtu takka kabaja guddaa hawaasa biraa kan qabduudha.

Kana malees, dhiironni gaafa dirree waraanatti bobba'uun diinaan wal waraanu, adamoo gaafa deemu kan eeebbistee gaggeessitu dubartoota. Kana jechuun dubartoonni milkaa'ina dhiirotaa gama hundaan jiru keessatti qooda guddaa kan qabduudha. Warri dhiiraa gaafa dirree waraana deemuu tooftaa lolaa irratti gorsa kan kennituuf dubartoota. Dubartoonni jila adda addaa irratti siiqqeefi kallacha qabachuun fuuldura deemuun milkii kan tolchituudha.

Dabalataanis, dubartoonni diinagdee, hawaasummaa, jiila garagaraa keessatti hirmaannaa qabdi. Sirna kabaja ayyaana ateetee keessatti dubartoonni walitti dhufuun waldhabdee hawaasa keessa jiru walitti araarsuun furu. Dubartoota dhala dhabaniifis rabbii nikadhatuuf.

Adeemsi kunimmoo, ateeteen mirga dubartootaa kabachiisu keessatti gahee kan qabduu ta'uu agarsiisa. Itti dabaluunis, sirni kabaja ayyaana kanaa dubartoonni wantoota isaan ilaallataniifi jiruufi jireenya isaanii gaggeeffachuu keessatti qooda isaanii akka bahaniif mirga kan gonfachiisuudha. Walumaa galatti, ateeteen mirga dubartootaa kabachiisuu keessatti gahee olaanaa qabdi jechuudh.

### 4.2.3.Qaaccessa Yoree Raawwii Ayyaana Ateetee Bulfannaa

Ayyaanni ateetee yeruma barbaadaan kan facaafatan osoo hintaanee yoroo facaafamu qaba. kunis ateetee yeroo malee yo facaafatan faayidaa tokkooyyuu hinqabu. Kanuma ilaalchusiuun Ayyaanni Ateetee yeroo kam kabajamaa? gaaffii jedhuuf, Aadde Muluu Lammaa (06/06/2011), irraa akkan odeeffannoo argadhetti, "Ayyaanni ateetee guyyaafi ji'a itti kabajamu qaba. Innis ji'a waxabajjii, hagayyafi fulbaana akkasumas,waggaa afuritti yookaan waggaa sadeetitti si'a tokko kabajatu"jedhan. Akka yaada isaanitti ayyaanni ateetee yeruma barbaadaan kan kabajatan osoo hin taane ji'aafi guyyaan murteeffamee kan kabajamuufi ji'oota waxabajjii, hagayyafi fulbaana keessa kan kabajamu yoo ta'u, guyyoonni itti kabajamuus, kiibxata, kamisaafi sanbata xiqqaa keessaa guyyaa tokko ni kabajama. Guyyoota kana barii ulmaa kan jedhamu nyaata guyyaa gaafa ateetee irraa hafe nyaachuun kabaju. Yeroo ateeteen itti facaafamu sadi haa ta'an malee dubartiin tokko waggaatti si'a tokko qofaadha. Ji'oota kana keessa sababa facaafamuuf qaba. Fakkeenyyaaf, ji'a waxabajjii keessa kan kabajamuuf bubbee arfaasaa jalaa nubaastee booruu gannaa kana nagaa nubaasii jedhaniiti. Akkuma isaan jedhan horii, ijoollee, alaa manaa isaanii eeguun baasa. Hagayya dhumatti kan kabajamuufimmoo, waaqa booruu gannaa isaan baaseef galata galchaa akka dhibee birraa jalaa isaan baasuuf facaafatu. Birraattimmoo birraan waan bari'eef gammachuu birraadhaf qaban ibsuudhaaf jecha facaafatu.

Yaaduma kanatti Aadde Muluu Lammaa itti dabaluun, namni tokko ayyaana ateetee kan kennatu waggaa saddeet saddeetini. Yoo dandahemmoo waggaa afur afuriin ateetee nifacaafatu. Kunis marsaa Sirna Gadaa kan hordofuudha. Walumaa galatti, baatiifi guyyaan garaagarummaa xiqqoo haa qabaatan malee, barbaachisummaafi adeemsi sirna ateetee walfakkaatadha. Ayyaana ateetee kana keessummoonni waamamin haati ijoollee ishee walitti qabachuun ateetee nifacaafatti. Kunis, guyyaa sana elemtuutti aannan guuttachuun laga buutee kadhachaa irreessa qabachuun gara manaatti weeddisaa oldeebiti.

“Guyyaa ayyaanni ateetee itti kabajamu guyyaa maarama jedhama. Innis iddoo saditti qoodama.Isaaniis, Amajji Ateetee Maaram Furmaa, Hagayya, Ateetee Maaram Hagayyaafi Sadaasa, Ateetee Maaram Loonii” jedhama. Aadde Muluu Lammaa (06/06/2011),

**Ateetee Maaram Furmaa.** Ateeteen kun ji’a amajjii keessa dubartoonni maatii ishee waliin facaafattuudha. Kanuma ilaalchisuun ateeteen maaram furmaan yoom kabajamaa? Maaliif kabajamaafi eenyu faatu immoo irratti hirmaataa? Gaaffii jedhuuf**,** Aadde Muluu Lammaa (06/06/2011), akka jedhanitti,**“**Ayyaanni Ateetee maaraam Furmaa ji’a Amajji keessa kan kabajamu ta’ee kan dubartootni ijoollee ofiif ateetee naqxee eebbiftudha.**”**jedhan**.** Akka yaada kanaatti ateeteen maaraam furmaa ji’a amajjii keessa kana kabajamu ta’ee, guyyaa kana haati ijoollee dhangaa qopheessitee kan deesse hunda walitti qabdee ateetee ittifacaaftee eebbifti. Ijoolleenii ishii bakka jiranii ijoollee ofii qabatanii nyaataa kaneen akka buddeenaa daabboo caccabsaafi dhugaatii kanneen akka farsoo, haraqee, daadhiifaa qabatanii ayyaana ateetee maaramaa irratti argamu. Ayyaanni kun ayyaana waggaa waan ta’eef,itti yaadanii argamu malee waamicha hinqabu. Guyyaa sana hortee haadha manaa sanaa hundi tokkollee utuu hinhafin, mana haadhatti wal-ga’anii eebba haadha ateetee naqattuu fudhatu.

**Ateetee Maarama Hagayya:-** Ateeteen kun ji’a hagayyaa keessa dubartoonni maatii ishee waliin facaafattuudha. Kanuma ilaalchisuun ateeteen maaram hagayyaa yoom kabajamaa? Maaliif kabajamaafi eenyu irratti hirmaataa? Gaaffii jedhuuf**,** Aadde Muluu Lammaa (06/06/2011), akka jedhanitti, “Ayyaanni Ateetee maarama hagayyaa ji’a hagayya keessa kan kabajamu ta’ee kan dubartoonni maatii ishee waliin waan oomashanfi hormaata isaaniif waaqa isaanii kadhataniidha.” Jedhan. Akka yaada kanaatti Ateetee maaram hagayyaa jechuun ganni waggaa dhumatu waan ta’eef moofar sangaa ykn gindii hiikoo ykn ateetee midhaanii jedhama. Ayyaanni kun ji’a hagayya keessa yeroo qonnaan bulaan qonnaa raawwatee gindii hiikee midhaan facaasee hundatti ateetee naqee, qotiyyootti shaashiimataatti maree eebbisee gadi dhiisuudha. Guyyaan kun qonnaan bulaa biratti akka aadaa Waaqeffannaa Oromootti marqaan marqamee, farsoon Oromoo naqamee qophaa’a ooyiruu midhaan faca’e jirutti qonnaan bulaan midhaan hundarra deemee farsoo itti dhibaafata. Marqaa dhadhaan cuuphee daddarbatee akkas jedhee eebbisa.

| Abbaa warraa | Haadha warraafi ijoollee |
|---|---|
| “Yaa waaqayyoo:- | yaa waaqayoo |
| Kan nagaan nujalqabsiiste | |
| Nagaan nu xummursiiste | |
| Galaani si haa ga’u! | ya’u si taa ga’u! |
| Midhaan facaaffanne kana ol nuuf magarsi! | nuuf magarsi! |
| Aramaa gadi margarsi! | gadi magarsi! |
| Firee soorata nuuf godhi! | nuuf godhi |
| Soorata suga nuuf godhi! | nuuf godhi! |
| Qilleensaafi cabbii hamaa irraa nuuf qabi! | nuuf qabi |
| Waggaa waggaan nuga’i! | nu ga’i |
| Qotiyyoo harqootatti nuuf eegi! | nuuf eegi! |
| Dhaltii okoleetti nuuf eegi! | nuuf eegi |
| Qotaa irree jabeessi! | jabeessi!” Jedhanii eebbisu. |

Akka yaaa kanaatti hawaasni Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo mala qonna aadaatiin oomisha isaa erga oomishee xumuree booda oomisha sanarraa waana gaarii akka argataniif waaqayoo isaanii kan kadhataniifi qotiyyoo ittiin facaafaniis eebba kennuu nagaan akka jiraatu waaqa isaanii ji’a hagayyaa keessa dhangaa adda addaa qopheessuun kadhatu jechuudha.

**Ateetee Sadaasaa (Maaraama Loonii**), **:-** Ateeteen kun ji’a sadaasaa keessa dubartoonni maatii ishee waliin loon ishee fayyaa ta’anii akka horaniif kana facaafattuudha. Kanuma ilaalchisuun ateetee Sadaasaa (Maaraama Loonii) yoom kabajamaa? Eenyu faatu immoo irratti hirmaataa? Maaliif kabajamaa? gaaffii jedhuuf**,** Aadde Muluu Lammaa (06/06/2011), akka jedhanitti, “Ateetee Sadaasaa (Maaraama Loonii) ji’a sadaasaa keessa kan kabajamu ta’ee kan dubartoonni maatii ishee waliin loon ishee fayyaa ta’anii horuun akka baay’ataniif waaqa isaanii kadhataniidha.” Akka yaada isaanii kanaatti,ateeteen saadassaa jechuun ji’a saadasaa keessa kan kabajamu Ateetee Looniiti. Haalli kabaja isaatiis loon akka horaniif mooraa loonii bakka duraa irraa jijjiiranii ijaaru. Mooraa loonii jijjiirrame kana keessa birbirsa sorooroo jabeeessanii dhaabu. Inni kun kormoomsaa jedhama. Kormoomsaa sana jala ulmaayyii, urgeessaafi aannaannoo kaa’u. Dubartiin yeroo dhaqxee marqaa ateeteef ta’u kormoomsaa jalatti marqiti. Tikseen loon fiddee yeroon dhuftu abbaan manaa hoolaa qabatee taa’a. loon erga galanii booda coqorsa ulmaayiifi aannaannoo qabatee haadha manaa isaa waliin marqaa ateetee dhadhaa itti naqee farsoo waliin qabatee dallaa seenuudhaan baala sanaan farsoofi dhadhaa tuquun itti facaasaa akka itti aanu kana jedhanii eebbisaa itti facaafatu:

“Horaa Dallaa Guutaa,

Bobba'aa Bakkee Guutaa,
Dheedaa Barbadeessaa,
Dhugaa Booressaa,
Kormi Cirri Ta'i
Yaabii Qabadhu,
Ijji Hamaan, Ijji Gomataan isin hin argiin,"

Jechuun itti facaasee eebbisa. Aadde Muluu Lammaa (06/06/2011), Sana booda horii qophoofte sana qala. Balbala mooraa irratti dhiiga sana bitaafi mirga karra xuqsiisa. Gogaan horii qalamee immoo, ciccitee mataa loonitti marama. Sana booda wanta qophaa'e nyaatanii dhuganii halkan waarii galu,kan hafes fudhatanii galu.

### 4.2.4.Qaaccessa Haala Raawwii Ayyaana Ateetee

Ateeteen yeroo facaafamu wantoonni haadhi ateetee facaafattu raawwattu ni jira kunis callisameetuma kan raawwatamu osooo hin taane wantoonni raawwataman ni jiru. Kanumailaalchisuun, Gaaffii ateeteen akkamitti kajamaa jedhuuf? Akka Aadde Shaashituu Kabbabaa (14/06/2011), irraa odeeffannoo akkanargadhetti, "Guyyaa gaafa ateetee kennatan sana haati ateetee kennattu obboroon daa'ima durba qabattee malkaa bu'uun irreessa fudhattee bishaan waraabbachuun galti" jedhan. Akka yaada isaanitti ateeteen yeroo kabajamu haati ateetee guyyaa ateetee facaafattu sana ganama obboroon dubara bultii hin uummatiin waliin laga bu'anii malkaadhaa irreessa fudhattee galti. Kana booda kara qajeelchaan, keessummoonni, ijoolleen hundi galgala sana bakka qabachuun taa'u. Durba duudaa sababni qabattee malkaa buutuuf durbi sun kan olguddaachaa deemtuu waan taateef kan cubbuu hin beekne waan taateefi. Bishaan malkaadhaa waraabbamu kun kan ittiin wandarri yookiin marqaan ayyaana ateetee ittiin qophaa'uudha. Kana malees, irreessi marga jiidhaa waan ta'eef lalisummaafi jiidhinsa agarsiisa.

Adeemsi ayyaana ateetee qophiilee lama keessa darbee raawwata. Isaanis, qophii sirnichaan dura raawwatuufi yeroo sirnichaatti raawwatuudha. Kanatti aansuun qophiileen kun tokko tokkoon akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

#### 4.2.4.1. Qaaccessa Gocha Ateetee Duraa

Dubartoonni osoo guyyaan facaaffannaa ateetee hin gayiin ateetee sanaaf wanta ta'u uffataa ateeteefi dhangaa ateetee qopheessan. kanuma ilaalchisuun, gaaffii gochoonni facaafannaa ayyaana ateetee dura raawwatamu maali jedhuuf? akka Aadde Shaashituu kabbabaa

(14/06/2011), irraa odeeffannoo argadhetti, “sirna ateetee bulfannaa keessatti wantoonni dursa qophaa’an kanneen akka, uffata aadaa, meeshaalee faayaa, nyaataafi dhugaatii adda addaatu qophaa’a”.jedhan. Isaaniis akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

#### 4.2.4.1.1. Meeshaalee Faayaafi Aadaa Guyyaa Ayyaana Ateetee Dhi’aat*u*

Meeshaaleen faayaan guyyaa ayyaana ateeetee itti fayyadamamu osoo guyyaan ateetee facaafannaa hin ga’iin dursa qophaa’a. Kanuma ilaalchisuun, gaaffii meeshaaleen faayaan guyyaa ayyaana ateetee itti fayyadaman maal faadha? jedhuuf AkkaAadde Shaashituu Kabbabaa (14/06/2011), jedhanitti “Meeshaaleen faayaan kun wantoota naannoo irraa amantaa waaqeffannaan walqabatee kan hojjetamuudha.”jedhan. Akka yaada isaanii kanaatti, Meeshaaleen faayaa ayyaana Oromoo kun meeshaa faaya ayyaana jedhamuun beekama. Meeshaan ayyaanaa kana waaqeffattoonni yerooWaaqeffataan, yeroo waaqa kadhatan, ayyaantuun yeroo ayyaana qajeelfattuufi ayyaaneffattu, yeroo ayyaana ateetee kennatan uffachuun yookaan harkatti qabachuun kan ittiin waaqa kadhataniidha. Meeshaan faaya ayyaanaa kunis kanneen akka: Callee; Caaccuu, Burreefi Guuftaa, Siiqqee fa’a yoo ta’u, Dabalataaniis meeshaaleen faayaa ayyaanaa kun kan uffatamuufi kan harkatti qabamuun alatti kan dhangaan guyyaa ayyaana ateetee facafatan itti qophaa’uufi itti dhiyaatee ittiin nyaatamu ni dabalata. Meeshaaleen dhangaa itti qopheessan kanneen akka:Gundoo, Gingilchaa,Waciitiifi Okolee faadha. Muraasni isaanii akka armaan gadiitti ibsamaniiru

**Callee:** Calleen meeshaa gosawwan callee adda addaa irraa haada jabatatti tartiibeffamee kan hojetamu ta’ee, meeshaa faayaafi amantii dubartoonni guyyaa jilaafi amantaa godhataniidha**.** Akka Shaashituu Kabbabaa (14/06/2011), jedhanitti, **“**Calleen meeshaa bareedinaafi amantii ta’ee innis gosoota callee hedduu irraa haada dheeraa jabaatatti naqamuun kan, hejjetamuudha.”jedhan. Akka yaada isaanitti haadni dheeraa kunis yaada sanyii koo umrii dheeressiifi colleen baay’ee immoo sanyiifi hormaata koo baay’isi yaada jedhu of keessaa qaba jedhan. Kanaaf colleen faaya dubartoonni guyyaa ayyaanaa ateetee mormatti kaawwatan yoo ta’u, akaakuu lamatu jira. Tokko callee marsaa afur qabuudha. Gosti callee kanaa kan kaawwatamu namni tokko ateetee guduree yeroo kennatuudha. **Ateetee guduree** jechuun ayyaana ateetee kan mataa ofii yeroo godhattuudha. Inni lammaffaan callee marsaa saddeet yoo ta’u, calleen kun kan godhatamu yeroo ateetee darbaa dabarsaa godhataniidha. **Ateetee darbaa dabarsaa** jechuun kan mataa ofii erga facaafatanii booda kan abbaafi haadhaas facaafachuudh.



**Suura 1ffaa. Callee marsaa afuriifi marsaa saddeetii.**

**Siiqqee:-**Siiqqeen ulee qalloo muka harooressa jedhamu irraa hojjetamtee kan dubartiin guyyaa jilawwan adda adda qabachuun nageenyii fi dhiibbaan iddoo jila sanaatti akka hin uumamne kan waaqa isaanii ittiin kadhataniifi seeraafi naamusa kan ittiin eeganiidha. Akka Aadde Shaashituu Kabbabaa (14/06/2011), jedhanitti, "siiqqeen Meeshaa faayaa qal'oo dheertuu, qajeeltuufi dirraan walqixxooftuu kan ija hinqabnee taaatee kan dubartiin gaafa ayyaanaa ateetee kennattu qabattuudha." Siiqqeen muka harooressa qajeeltuu irraa tolfaamti. Dubartiin siiqqee kan qabattu gaafa heerumturraa haati tolchitee itti kenniti. Intalli heerumtu guyyaa kanarraa jalqabdee haadha siiqqee taati. Dubartiin yeroo malkaa buutuufi ayyaana ateetee facaafattu siiqqee biratti coqorsafi ciicooqabatti. Ciicoonimmoo qabee buqqee yookiin suphee irraa miidhagdee hojjatamtu yoo ta'u, qabee aannaniiti. Kunis, hormaatafi nageenya agarsiisa.

**Burreefi Guuftaa**:-burreefi guuftaan uffata aadaa kan jirbiirraa dubartoonni hojjetan ta'ee, guyyaa sirnaafi kabajawwan ayyaanota adda addaa dubartoonni uffataniidha. Akka Aadde Shaashituu Kabbabaa (14/06/2011), jedhanitti, "Ateeteen duudhaaf aadaa Oromoo keessaa tokko ta'ee uffata haati Ateetee guyyaa facaafattu uffattu kan mataa isaatitu jira. Uffanni kunis burreefi guuftaa yoo ta'u, kan irraa hojjetamu jirbiifi kuula gurraachaafi diimaadha." Kana keessatti gurraachi olaantummaa waaqaa, diimaan ga'anii bilchaachuu, guutanii argamuufi gootummaadha. Adiin immoo, fixannoo yookiin raawwannoo agarsiisa. Hurriin rooba hin qabne adiidha. Daabbasaan (rifeensi) nama dulloomee adiidha. Daaraan adiidha; Lafeen adiidha. Kanaaf, adiin mallattoo raawwinaati.



**Suura 2[ffaa]. Uffata Burreefi Guuftaa guyyaa ayyaana ateetee dubartii uffatte.**

**Dibbee:-**Dibbeen meeshaa gogaa looniifi fi mukarraa hojjetamu ta’ee kan guyyaa ayyaana ateeteen kennatan sana sirna sana ho’isuudhaaf yeroo faarfannaa itti fayyadamaniidha. Kanuma ilaalchisuun akka, Akka Aadde Shaashituu Kabbabaa (14/06/2011), jedhanitti,“Dibbeen mukaafi gogaa irraa kan hojjetamuu ta’ee, meeshaalee aadaa kan hawaasni Oromoo yeroo cidhaa, kabaja ayyaanaa irratti, yeroo weedduu ayyaana ateetee weeddisan kan dargagoonni, abbootiin, haadholiin, ijoolleeen itti fayyadamaniidha.”Kana jechuun guyyaa dubartoonni ateetee kennatan, ijoolleen ishii hundiifi ollaan nagayaan walgayuun akka gammachuutti ilaalamuun guyyaa sana gammachuu mul’isuuf immoo faarfannaan adda addaa waan godhamuuf faafannicha immoo kan ittiin ho’isan dibbeedha jechuudha.

**Jaaloo**:-Jaaloon meeshaa aadaa dubartoonni waan naannoo isaanii coqorsaafi migira irraa hojjetanii kan callee ateetee keessa kaa’anidh**.** Akka Aadde Shaashituu Kabbabaa (14/06/2011),), jedhanitti, “Jaaloon migirarraa bifa aadaan kan hojjetamu ta’ee kan calleen ateetee keessa kaa’amuudha.”Akka yaada isaanitti colleen meeshaa kabaja ayyaanaaf qophaa’ee hanga guyyaa ayyaana sanaatti colleen kan keessa olkaawamu jaaloodha jechuudha..

**Elemtuu**:-Elemtuun meeshaa oguman migiraafi coqorsa irraa dubartootaan hojjetamu ta’ee kan aannan itti elmaniif guyyaa jilawwan adda addaa dubartoonni qabatanii deemaniidha**.** Akka Aadde Shaashituu Kabbabaa (14/06/2011), jedhanitti**,** Elemtuun (Okoleen) meeshaa sa’a itti elman kan mala aadaan haawwootiin migirarraa hojjetan ta’ee, yeroo ayyaanni ateetee aannan itti guutanii qabatanii malkaa bu’aannii achitti dhibeeffatanii bishaan itti waraabanii galuun bishaanichaan kan marqaa marqaniifi marqaafi dhadhaa baachuuf gargaarudha.

Sababni meeshaan kun ayyaana kanarratti filatameef yoo meeshaa kanatti fayyadaman sa'i aannaan godhatti jedhamee waan amanamuufidha.

**Gingilcha:-**Meeshaa aadaa dubartoonni migiraafi coqorsa irraa hojjetaniidha. Akka Aadde Shaashituu Kabbabaa (14/06/2011), jedhanitti,"Adda baastuu(Gingilchaan) migirarraa haawwootiin kan hojjetamu ta'ee kan marqaan yeroo ayyaana ateetee marqame irratti bahuudha." Sababni marqaan marqame gingilchaa irratti bahuuf mortuufi hamtuun keessaa baasimee, nageenyi, fayyaan, badhaadhinni qofti akka namaa dhufuuf yaadamee kan hojjetamuudha.

**Gundoo:-**Meeshaa aadaa dubartoonni migiraafi coqorsa irraa hojjetaniidha**.** Akka Aadde Shaashituu Kabbabaa (14/06/2011), jedhanitti**,** Gundoon meeshaa aadaa kan migirarraa hojjetamu ta'ee, kan daakuun garbuu ayyaana ateeteef qophaa'u irratti bahuudha. Kana malees, meeshaa irratti nyaanni dhihaachuun nyaatamuudha.

#### 4.2.4.1.2.Dhangaa Ayyaana Ateetee

Dhangaan  guyyaa ayyaana ateeetee nyaatamu osoo guyyaan facaaffannaa ateetee hin gayiin oomisha naannoo amantaan walaqabate irraa qohaaa'a. Kanuma ilaalchisuun gaaffii dhangaan guyyaa facaafannaa ateetee nyaatamu  maalfaadha?Maalfaa irraammoo qophaa'a? jedhuuf, Akka Aadde Ayyaluu Warquu(16/06/2011) jedhanitti, "Yeroo ayyaana ateetee dhangaaleen nyaata aadaa hedduutu oomisha naannoo irraa hawwootiin hojjetama."Jedhan.  Akka yaada isaanitti Dhangaaleen guyyaa ayyaana ateetee qophaa'an kanneen akka; Daabboo,  Korsoddoma, Caccabsaa,  Marqaa, Qiixxamarqa, Mooqaa, Duffunyii (Qiixxaa Ija Hinqabne), Maxinoo, Bassoo, Marqaa (Wandara), Mulluu, Akaayii, Nuugii, Dhodhoosoo, kana malees, gosa dhugaatii kan akka; Daadhii, Farsoo, Haraqee, Bulbula Dammaa (Dhibaayyuu) faadha. Isaan keessaa muraasni isaanii akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

**Marqaa**:-Dhangaan yeroo ayyaana ateetee dhiyaatu keessaa marqaan isa tokkoodha. Akka Aadde Ayyaluu Warquu(16/06/2011) irraa odeeffannoo argadhetti, Marqaan yeroo ayyaana ateetee garbuurraa kan hojjetamu ta'ee, mi'eessituu keessaa osoo barbareen itti hin godhamiin dhadhaa baksaan kan nyaatamuudha.  Sababni barbareen itti hin dabalamneef immoo, barbareen nama kan gubu waan ta'eef, Wanti nama gubu immoo, guyyaa ayyaana ateetee sanas tahee aadaa uummata Oromoo keessatti fudhatama kan hinqabaannedha. Marqaa kun gosa midhaanii

kanneen akka xaafii gurraattii, aajjaafi garbuurraa kan hojjetamuudha. Marqaan kan qophaa'u ayyaanota akka ateetee, gubaa, yeroo da'umsaaf kan qophaa'uufi kana malees firaafi abbaa manaatiif darbee darbee qophaa'uun kan nyaatamuudha.

**Qincee:**-Qinceen dhangaa nyaata ateetee ajjaan horaramuun kan qophaa'u ta'ee guyyaa sana kan nyaatamuudha. Akka Aadde Ayyaluu Warquu(16/06/2011) jedhanitti Qinceen aajjaa irraa horoorfamee kan hojjetamu yoo ta'u, guyyaa ayyaana ateetee facaafatan mi'eessituu keessaa osoo barbareen hin hingodhamiin kan nyaatamuudha. Gosti nyaataa kun nyaataa aadaa uummata Oromoo keessatti baay'ee kan beekkamuufi ayyaanota adda addaa irratti kan dhihaatuudha.

**Wandara**:-**wandarri** nyaata aadaa garbuurraa qophaa'ee guyyaa ayyaan ateetee nyaatamuudha**.** Akka Aadde Ayyaluu Warquu(16/06/2011) jedhanitti Dhangaan ateeteef qophaa'u inni biraa wandara jedhama. Wandarri garbuu haadhoo horooramee marqaan ateetee irra kan hojjetamuudha. Kunis, garbuun erga qophaa'ee booda qola isaa irraa sukkuumun kan qophaa'uudha. Kunimmoo, hormaatni akka qajeelu agarsiisa.

**Dhadhaa:-** dhadhaan mi'eessituu dhangaalee ateetetti godhaman keessaa tokko ta'ee kan kan wantoonni adda addaa itti dabalamuun dubartoonni hojjetaniidha. Akka Aadde Ayyaluu Warquu(16/06/2011), jedhanitti, Guyyaa ayaana ateetee sana mi'eessituun marqaatti godhamu dhadhaadha. Dhadhaan guyyaa ayyaana ateetee kan ittiin marqaan qopha'e nyaatamu yoo ta'u, jireenya guyyaa keessatti fayyummaa uummataa, jidhinsa kan kennuudha. Kana malees, akka aadaa uummata Oromootti maanguddoon eebba yeroo eebbisan muudni dhihaatu dhadhaadha. Dubartiin deesse, addaa irratti, yoo dhukkubsatan kan dibatamu dhadhaadha. Kunimmoo, dhangaan saawwan irraa argamu kun nyaatarra darbee iddoo eebbaafi dhukkuba fayyisuuf kan oolu ta'uu isaati.

**Farsoo**:-Farsoon dhugaatii aadaa oomisha naannoo irraa dubartoonni kan hojjetan ta'ee kan guyyaa sirnawwan dhugamuudha. Akka Aadde Ayyaluu Warquu(16/06/2011) jedhanitti Gosa dhugaatii yeroo ayyaana ateetee qophaa'u keessaa farsooon isa tokkoodha. Farsoon gosa dhugaatii kanaa mala aadaatin midhaan biqile, garbuu yookiin boqolloofi geeshoo irraa ayyaana ateeteef naqamee kan dhugamuudha. Akka aadaa uummata Oromootti farsoon naqamee kan dhugamu guyyoota ayyaanaa kanneen akka: ateetee, booranticha, guyyaa gubaafi cidhaa kan naqamuun dhugamuudha.

**Buqura Adii**:-Buqurri adiin dhugaatii biqila, bishaaniifi dammarraa hojjetamu ta'ee kan guyyaa ayyaana ateetee dhibaafamuudha. Akka aadde ayyaluu warquu(16/06/2011) jedhanitti, buqurri adiin waan guyyaa ateetee sana dhiyaatee waaqayyoo isaanii ittiin kadhatan te'ee inni biqila,bishaaniifi qalaxoo irraa hojjetamuun guyyaa sana dhibaaffachuun waaqayyoo isaanii ittiin kadhataniidha.

**Damma:-**Dammi oomisha kanniisarraa argamu ta'ee guyyaa ayyaana ateetee sana jimaa ittiin dhandhamuuf oola. Akka aadde ayyaluu warquu (16/06/2011) jedhanitti, Dammi guyyaa ayyaana ateetee safuuf dhiyaatee caatiin ittiin qa'ee keessa biifamuufi mortuun qa'ee sana akka hin geenye jedhamee yaadamee loomii waliin dhiyaata. Dammi guyyaa kabaja ayyaana ateetee jiimaa wareegame kan ittiin warri ayyaana ateetee kennate qofti ittiin nyaatudha. kunimmoo, jireenyi akka damma sanaa maatii isaanitti akka mi'aawee itti toluufi. dammi uummata oromoo biratti baay'ee kan beekamuudha.

### 4.2.4.1.3.Meeshaalee Ayyaana Ateeteef Battalaa Dhi'aataan

Guyyaa ateetee facaafatan guyyuma facaafannaa ateetee sana wantoonni adda addaa naannootti argaman keessaa kanneen akka saardoofi coqorsaa ni barbaachisa. Kanuma ilaalchisuu, gaaffii meeshaaleen battalaa guyyaa ayyaana ateetee kennatan dhiyaataan maalfaadha? jedhuuf "Ayyaana ateetee kennachuu keessatti meeshaalee yeruma sana dhiyaataan(battalaa) yoo jennu, guyyaa ayyaana ateetee sana yeruma sanatti kan naannoo manaatti argannee itti fayyadamnu jechuudha. Isaan keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti**.** Jedhan. Aadde (Caaltuu Waaqjiraa12/06/2011)

**Coqorsa:-**Akka Amantaa Waaqeffanna Ateeteetti Uummanni Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo,waan laallissaan waaqa isaa kadhata. Isaan keessaa coqorsi isa tokkoodha. Coqorsi marga bonaa ganna lalisee, kan hin gogneefi hiddi isaa jabaafi lafarra kan loo'uu waan ta'eef, bonaa ganna akka coqorsa kanaa jidhiinaafi akkasumas hiddi warra sanaa akka baay'atu kan agarsiisuudha. Kunis, yeroo ayyaana ateetee kabajan maanguddoonni qabatanii kan eebbisaniidha. Fakkeenyaaf maanguddoonni yeroo eebbisan akka coqorsaa lafarraa loo'aa jedhu. Kunimmoo, dameen keessan haa baay'atu lafa guutaa jechuudha. Kana malees, jiidhaa lafa keessatti qabata, nilata, nilalisa waan ta'eef, akkuma nu'i jiidhinaafi lalisaa qabannee fuldura kee siif dhaabbanne jireenya keenya bonaa ganna nuuf lalisi, nujiisi jedhanii waan amananiif.

Kanumaan walqabatees coqorsi araara waaqaati, jireenya namaati. Kanaafuu, coqorsi safuufi ulfina waan qabuuf filatamaadha.

Inni biraa saardoodha.Saardoon marga jiidhaa ta'ee kan dubartiin yeroo ateetee kennatu dhadhaa baksaa ittiin facaafattuudha. Saardoodhaan dhadhaa facaasuun sun hormaata, badhaadhinaafi nageenya hawwuudha.

#### 4.2.4.3. Qaaccessa Gochawwan Yeroo Ayyaana Ateetee Facaafamanii

Gocha yeroo ateetee jechuun gochoota yeroo sirni sun adeemsifamu jalqabaa hanga dhumaatti wantoota raawwataman hunda hammata. Kana bu'uura godhachuudhaan gaaaffii gochawwan yeroo ayyaanna ateetee facaafatan maali? jedhuuf"Gochoonni kun sirna hafaa hafanii eebbifachuun eegalee hanga dhumaatti raawwatuudha."jedhan. (Caaltuu Waaqjiraa  12/06/2011). Isaaniis akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

##### 4.2.4.3.1.  Eebba

Amantaa waaqeffannaa Oromoo keesssatti eebbi iddoo guddaa qaba. Eebbi waaqeffataan wanta tokko gochuun duratti oofkaltii(eyyama) waaqaa argachuudhaaf kan maanguddootaan kadhaa dhiyaatuudha. Akka waaqeffattootaafi amantii waaqeffannaatti sirna kamiyyuu adeemsiisuuf duratti oofkaltii(eyyama) waaqaa argachuudhaaf eebbaan jalqabuunnifi eebbaan xummuramuun barbaachisaadha. Eebbi eebba alaafi manaa jedhanuun kan godhamu yoo ta'u, eebbi alaa iddoo jaarsummmaatti, malkaafi tulluufi Kana manaa immoo, galmaafi mana dhuunfaa keessatti kan godhamuudha. Gama biroon, eebbi qaama tokkoof hawwii, nagaa, badhaadhinaafi fayyaan akka isa muudatu, maqaa waaqaa (ayyaana abbaafi haadhaa) waamudhaan ergaa dabarsuudha. Eebbiwwan kunis akka armaan gadiiti jedhu (Caaltuu Waaqjiraa 12/06/2011). Eebba Ayyaana Abbaafi Haadhaa, Eebba Hawwii Agarsiisan, Eebba Nagaafi Qabeenyaa, Eebba Uumamaa, Eebba Kadhaa faadha.  Isaanii akka armaan gadiitti ibsamaniiru

**Eebba Ayyaana Abbaafi Haadhaa:_**Eebbi ayyaana abbaafi haadhaa adeemsa sirna ayyaana ateetee kabajuu keessatti kan taasifamuudha. Battala eebba eebbisan kanatti abbaan warraafi haati warraa marga jiidhaa qophaa'ee jiru kana wal cinaa dhaabbachuun balbala irraa gara diinqaatti hafu.  Kana booda abbaafi haadhi sun sirna ayyaana ateetee eebbisa.

Akka Obbo Ijaaraa Warqee(19/06/2011)**.**Jedheetti abbaafu haadhi guyyaa ayyaana ateetee facaafatan sana sana eebba akka armaan gadiitti eebbisuun eegalan jedhan.

| Warra Eebbisan | Hirmaattota |
| --- | --- |
| “Kan nagaan oolee nagaan nu haa bulchu! | haa bulchu! |
| Tolaa nuttaa haa qabu! | haa qabu! |
| Hamaa nurraa haaqabu! | haa qabu! |
| Biyyi teenya nagaa haa taatu! | ha taatu! |
| Waaqni abbaa keenyaa waaqni haadha teeenyaa! | |
| Galanni isa siyaa ga’u,galanni kee hindulloomiin! | hin dulloomiin! |
| Ilma abbaa beekuufi intala haadha beektu nuuf kenni! | nuuf kenni! |
| Osoo gaariin jiruu hamaa nu hindubbachiisiin! | hin dubbachiisiin! |
| Osoo gaariin jiruu hamaa nuhin dhageechisiin! | nu hindgageessisiin! |
| Kan rafistee nukaaste bobbaasii nugalchi! | nu galchi! |
| Namaafi waaqan walii galtee nuuf kenni! | nuuf kenni |
| Xiqqaa nuuf guddisi guddaa nuuf bulchi! | nuuf bulchu! |
| Erguma urgaa kana godhannee fayyaa arganne nama jedhu nutaasisi! | nutaasisi! |
| Nuti wallaalaan sikadhannaa ati beekkumsa godhii nurraa fudhu! | nurraa fudhu! |
| Caffeen har’aa caffee hoodaa nuuf godhi! | nuuf godh!i |
| Gadaa baraanaan nugeessee gadaa itti aanuun nugahi” | nuun ga’i!” |

jedhanii eebbisu

Kaayyoo guddaan eebbaa dhalaa isaaniifi hormaataaf nagaa hawwuudha. Ergaan eebba kanaa waaqni uumama hunda uume rakkoo isinirraa haa fageessu, qootiyyoonni qonnaafi saawwan elmaman nuufi haa bulan jechuufi. Kana malees margi jiidhaan hafame kun hormaata keenya tiksee ta’ee nuuf haa eegu jechuudha. Ergasii booda nitaa’u. abbaan manaafi haati manaa nu’i teenye jechuun keessummootatti dhaamu.



**Suura $3^{ffaa}$ Eebba Abbaafi Haadhaa**

“Karaa qajeelchaan akkas jedhaan:
Fayyaan isin bira haa taa’u
Nageenyi sin bira haa taa’u
Eebbi isin bira haa taa’u
Xiqqaan keessan haa guddatu!
Guddaan keessan haa bulu
Gadaan baranaan isin ga’e” jechuun eebbisa.
Maddi:- Obbo Ijaaraa Warqee(19/06/2011)**.**

Eebbi armaan olii kun nageenyifi warra ayyaana ateetee facaafachaa jiru kanaaf waan gaarii hawwuudhaan fayyaa keessan hunda isiniif haa kennu daa’imni keessan haa guddatan, guddaan keessan isiniif haa bulu, jechuudha. Kana booda eebbichaafi bishaan buqqee xiqqaatti guutuun dhiheessu. Baala eebichaa abbaan warraafi haati warra harkatti qabatu. Kana booda abbaan warraa baala eebbichaa harka isaa jiruufi kan haadha manaa harka jiru walitti dabaluun suphee xiqqoorratti micciira. Yeroo kanatti haati warraa bishaan buqqee xiqqoo keessaa itti buustiif. Eebichi kun waan hadhaa’u yoo ta’u, wanti jireenya keessatti nama qunnamu bu’aa ba’ii hedduu ta’uu waan danda’uuf rakkooleen argaman kun cuunfamanii akka bahan hawwuudha. Sababni eebicha haadha warraafi abbaa warraa walitti dabaluuf immoo isaan qaama tokko kan waan tokkoof dhaabbatan ta’uu mul’isa.

**Eebba Hawwii Agarsiisan:-**Eebbii hawwii agarsiisaan waan fulduratti yaadameef waaqayyoon akka biraan ga’uf yaadamee kan eebbifamuudha. Akka Obbo Ijaaraa Warqee (19/06/2011) jedhanitti; Atetee yeroo facaafan eebbi hawwii agarsiisan nitaasifamu. Eebbihawwii agarsiisan kun maatii warra ayyaana ateetee kennatan sanaaf waaqni dhagahee alaa manaan sa’aa namaan akka eegee fayyaa kennuuf hawwuudha. Eebbi hawwii qaban eebifamus kan armaan gadiiti.

| Warra Eebbisan | Hirmaattota |
|---|---|
| “ Kan nagaan oolle nagaan nuhaa bulchu! | haa bulchu! |
| Hamaa hammaataa nurraa haaqabu! | haa qabu! |
| Tolaa nuttaa qabu! | haa qabu! |
| Gadaan bara kanaa nuuf haaguutu! | haa guuttu! |
| Guutuun keenya yaa tahu! | haa ta’u! |
| Hir’uun kan mortichaa yaa tahu! | haa ta’u! |
| Alaa manni keenya haa guutu! | haa guutu! |
| Saddeet sagaliin nuuf haa guutu! | haa guutu! |
| Guutuun guutuu haa ta’u! | haa ta’u! |
| Sa’aa namaan nuuf haa guutu! | haa tolu! |
| Kan guute keessa nu oolchee haa bulchu! | haa bulchu! |
| Hamattuu nurraa haaqabu! | haa qabu! |

| | |
|---|---|
| Bobbaan nagaan haa galu! | haa galu! |
| Gabaan nagaan haa galu! | haa galu! |
| Sa’aa tikseen nuuf haa tolu! | haa tolu!” |

Jechuun kadhatan jedhan Obbo Ijaaraa Warqee(19/06/2011)**.**

Ergaan eebba kanaa irratti, saddeetiin isiniif nuuf guutuu jechuun uummanni Oromoo Sirna Gadaan kan bulaa tureefi aangoo waggaa saddeet saddeetiin kan walharkaa fuudhaa ture waan ta’eef saddeetiin nuuf haa guutu jedhu. Kana malees, Sirna Gadaa keessatti yaa’iin sagal waan ta’eef sagaliin nuuf haa guutuu jechuun eebbisu. Dabalataanis, sa’aa namaan nuuf haa guutuu jechuun daa’immaniifi hormaata isiniif haa kennu jechuudha. Qabeenya jiru keessatti fayyaa nuuf kennee lubbuun keenya haa dheerattu jechuudha. Kan kana jibbite yookiin mortuun haa duutu jechuudha. Kan karaa dhimmaafi gabaa deemee gufuun osoo hin dhahiin nagaan haa galu jechuudha. Hormaatafi ijoollee nuuf haa kennu jechuun hawwii qabu agarsiisa.

Abbaan warraa baala micciiraa oole sana qixxeetti muruun, “Moraa nurraa muri!” jechaa kan harka bitaan qabatee jiru haadha manaa isaaf kenna. Yeroo kanattis “gammachuun nuu qabadhu, fayyaan nuuf kenni, dhibee nurraa qabi” jechaa darbata. Eebicha qixxeetti muruun waan hamaa ta’e tokko waaqni akka irraa balleessuuf. Kanaafgammachuu nuuf qubadhu jechuun nageenya, gammachuu, fayyaa nuuf kenni jechuu yoo ta’u, dhibee nurraa balleessi jechuudha.

**Eebba Nagaafi Qabeenyaa:-**Kaayyoo guddaan ayyaana ateetee facaafachuu nageenyi isaaniifi qabeenya isaanii bira akka jiraatufiidha.Dabalataanis Obbo Ijaaraa Warqee(19/06/2011**)** akka jedhanitt,Eebbi nagaafi qabaanyaa iddoo maatiin isaanii jiruufi jireenya isaanii gaggeessan maratti isaaniif eebba godhamuudha. Eebbi kunis maatii sanaaf nagaa kennee hormaanni isaanii akka qajeeluuf eebba eebbifamuudha. Eebbichis akka armaan gadii kana fakkaata;

| Warra eebbisan | Hirmaattota |
|---|---|
| “Kan nagaan oolle nagaan nuhaa bulchu! | haa bulchu! |
| Bobbaasee nugalchee, raffisee nuhaa kaasu! | nuhaa kaasu! |
| Maatii keenya bira gammachuun yaajiraatu! | yaajiraatu! |
| Qa’een Nagaa haata’u! | haa ta’u! |
| Fageenyi haa dhihaatu! | haa dhi’aatu! |
| Abbaan warraa gulantaatt! | gulantaatti! |
| Haadha warraa barcumatti! | barcumatti! |
| Qotiyyoo harqootatti! | harqootatti! |
| Dhaltii okoleetti! | okoleetti! |

| | |
|---|---|
| Collee fardaa golatti! | golatti! |
| Waatii manatti fayyaa nagaa nuuf haa kennu! | haa kennu! |
| Awwaara bonaa nagaan nu baasee! | nubaasee! |
| Booruu gannaa nagaan nuu haa baasu! | haa baasu! |
| Birraan kaadhimaa kadhimatti! | kaadhimatti! |
| Ilkaan kolfaa mataa adiin nuu haa baasu! | baa baasu! |
| Hababoon dhohee garaa nagaatti nuu haa baasu! | haa baasu! |
| Maaram haati hallaa jalaaltee gootee! | jaalaltee gootee! |
| Fageenyaa dhihaattee! | dhihaattee! |
| Dhiheenyaa owwaattee! | owwaattee! |
| Hallaa qabattee! | qabattee! |
| Nabii qabattee firaa tiskee isiniif nuuf taatu! | haa taatu! |
| Gammachuun  bara saddeetii saddeettamaan! | Saddeettaman! |
| Kan bara sagalii sagaltama nuu haa ta’u! | haa ta’u! |
| Faanni uummata kanaa! | faanni uummata kanaa! |
| Gaawwaan har’aa! | gaawwaan har’aa! |
| Jaaloon har’aa! | jaaloon har’aa! |
| Baksaan har’aa! | baksaan har’aa! |
| Kan seeraa nuuf haata’u! | haa ta’u!” |

jechuun eebbisaJedhanObbo Ijaaraa Warqee(19/06/2011). Nagaan qa’ee keenya haa qubatu jechuun nageenyi, gammachuun, fayyaan nubira haa qubatu jechuudha. Kana malees, rakkoon qabbanaa’ee kan fagaate nuuf haa dhihaatu jechuuf, Abbaan warraa gulantaatti haadha warraa barcumatti jechuun abbaan warraas haati warraas iddoo kabaja isaanii akka taa’an, qotiyyoon qanbaratti jechuun sangaan qonnaaf waan ooluuf waanjoo jalatti sirriitti akka qotee callaa gaarii argamsiisu hawwuudha. Dhaltiin okolee jalatti yoo jedhu immoo, loon dhalanii waatiifi aannaan akka kennitu, hormaanni akka tolu agarsiisuudha. Fardi uummata Oromoo biratti kabaja guddaa kan qabuufi guyyoota sirnaa fardaan waan garmaamaniif fardi nagaan haa bulu jechuudha. Fardi colleen immoo onnee waan qabuuf gootummaa agarsiisa. Waatii manatti jechuun hormaatni tolee mana akka guutu hawwuudha. Awwaara bonaa nagaan nubaasee booruu gannaa nagaan nuhaa baasu jechuun bonni yeroo roobni hin argamneefi margi magariisaan lafa hin uwwisne kan dhukkeen itti baay’atudha. Kana malees, ganni yeroo roobni cimaan roobee laggeen sababa guutaniif firri baatii lamaaf osoo wal hin argin turaniidha.  Kanaaf rabbi kana jala baasee birraa yeroo hababoon dhohee asheenni gahutti, yeroo dargaggoonni wal kaadhimatanitti akka isaan baasu agarsiisa. Maaram haati hallaa fedhii isheen iddoo fagoorraa dhihaachuun, dhiheenyaa owwaachuun tiksee taate akka isaan eegdu agarsiisa.  Hallaafi nabiin sirna kabaja ayyaana ateetee keessatti ayyaanota bakka guddaa qaban waan ta’aniif nageenyifi fayyaan, gammachuun baroota dheeraaf akka isaan waliin turu agarsiisa. Faanni namaa, Gaawwaan, jaaloon, baksaan

ayyaana ateetee keessatti iddoo guddaa waan qabuuf kan kabajaa  tahee nuuf haa dhagahu jechuudha.

**Eebba Uumamaa:-**Eebbi uumamaa kan guyyaa ayyana ateetee facaafatan sana warri ateetee facaafatu uumaa isaa ittiin kadhataniidha. Dabalataan Obbo Ijaaraa Warqee(19/06/2011) Akka jedhanitti, Amantii waaqeffannaa uummata Oromoo biratti eebbi uummamaa iddoo guddaa qaba. Eebbi kunis Abbaan warraafi haati warraa dabaree dabareen quba harkaa lamaanin eebbicha cuunfamee suphee keessa jiru tuquun maaram akka isaanii dhageessu kadhatu. Eebbi  isaaniis qaamota isaanii muraasa eebicha sanaan tuquun akka armaan gadiitti eebbisu

| Warra Eebbifatu | Hirmaattota |
|---|---|
| “Kan nagaan oolle nagaan nubulchi! | haa bulchu! |
| Amma amma eebbisnaa, | |
| ayyaanni kun nuuf haatolu! | haa tolu! |
| Hamaa ammaataa nurraa qabu! | haa qabu! |
| Tolaa nutti qabu! | haa qabu! |
| Waaqana sikadhannaa  nuuf dhaga’i! | nuuf dhaga’i |
| Laftana sikadhannaa  nuuf dhaga’i | nuuf dhaga’i! |
| yaawaaqayyobarruun nuuf toli! | nuuf toli! |
| Faanaan nuuf toli! | nuuf toli! |
| Jilbaanan nuuf toil! | nuuf toli! |
| Irree nujabeessi! | nujabeessi! |
| Umrii dheeraa nujiraachisi! | nujiraachusi! |
| Arraba nuqari! | nuu qari! |
| Afaaniin waan gaarii nudubbisi! | gaarii nudubbisi |
| Funyaalessa nugodhi! | nuuf gidhu! |
| Ijaan waan gaarii  nu agarsiisi! | nu agarsiisi |
| Gurraan waan gaarii nudhageechisi! | nudhageechisi! |
| Addaan nu addoomi! | nuu addoomi! |
| Sammuun nudaraari! | nuu daraari |
| Gurmuun nuuf toli! | nuuf toil!” |

jechuun kadhatu jedhan Obbo Ijaaraa Warqee(19/06/2011). Akka eebba armaan olii kun agarsiisutti uumaa dachiifi lafaa, dandaa’aan waan hundaa waaqa waan ta’eef nudhagahi jedhanii kadhachuudha. Akkasumas, uumama lafa kanarra jiran hunda danda’ee kan baate lafti waan hundaa baachuu waan danda’uuf gochaalee lafa kanarratti ta’an hunda nidandeessaa nudhagahi jechuudha.  Kanamalees, bakka deemnu hunda nagaa nuuf godhi, irree nujabeessun umrii dheeraa akka jiraatan hawwan. Gurri waan gaarii akka dhageessu, ijji waan gaarii akka agartuufi afaan isaanii keessaawaan gaarii malee jechii hamaan akka hin baane kadhatu

Erga eebbifatanii booda; abbaan warraafi haati warraa dabareen eebbicha sana bishaaniin cuunfuun boqootti hambuuqqachuun gara balbalaatti akkas jechuun gadi biifaan,

“Ayyaanni qa’ee kanaa
Mortuu nurraa tufi x3
Nageeny ol nuuf galchi x3”

Akka kadhaa kanaatti, Mortuun waan badaa kan gaarummaa namaafi hormaataa hin jaalanne, kan fayyaafi nagaa maatii hinbarbaanne, waan badaa jechuudha. Faallaa kanaan immoo nageenyi, fayyaan, hormaanni, badhaadhinni,walumaagalatti waan gaariin namaafi hormaataaf tolu akka mana isaanii guutan hawwuudha. Akkasumas, harka bitaan gara alaatti facaasuun, “Mortuu nurraa bahi”, harka mirgaan gara diinqatti darbachaa, “nageenyi ol nuuf seeni” jechaa kadhatu. Kana jechuun wanti gaarii ta’e tokko harka mirgaan qabuun natti dhihaadhu, kan argaa koo jibbite natti hindhihaatin jechuudha. Mirgi yeroo baay’ee gammachuu qaba. Bitaan immoo waan hamaa, kan karaa irraa gore waan ta’eef qe’ee keessaa bahee akka fagaatu waaqa kadhatu. Kana booda dabaree dabareen abbaa warraafi haadha warraa dabalatee keessummoonni achitti argaman hundi bakkuma taa’anitti bishaan harkaa walii buusuun irbaata wadaajaaf qophaa’e nyaatu. Erga irbaanni nyaatamee booda muudatu qophaa’a. Muuda osoo hin muudatin eebbatu taasifama. Kanas kaboota saddeet,saddeet dhiheessu. Kaboota saddeet qopheessuu jechuun kaabonni kan hojjetamu faltii loonii irraa kan ta’eedha. Loon immoo aannaan, dhadhaa, baaduun waan irraa argamuuf uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Kaboota saddeet. Saddeet wanti barbaachiseef yeroo turtii Sirna Gadaa waliin kan walqabatuudha. Kana malees, ateeteen kennamu kun ateetee gudureefi darbaa dabarsaa agarsiisuufi. Kaabotni afur afur kan qophaa’u ateetee gudureef yoo ta’u, kabootni saddeet saddeet kan qophaa’u immoo ateetee darbaa dabarsaa agarsiisuufidha. Eebbichas, abbaan warraafi haati warraa kaboota qabachuun ibidda biraa walcinaa taa’uun eebbifatu jedhan Obbo Ijaaraa Warqee (19/06/2011).

**Eebba Kadhaa:-**kanumatti dabaluun Obbo Ijaaraa Warqee (19/06/2011) akka jedhanitti, Kaayyoon guddaan ateetee facaafachuu waaqa isaanii kadhachuudha. Eebbi kadhaa waaqni waan hunda ofharkaa qabu nagaan isaan oolchee akka bulchu waaqa isaanii kadhatu jedhe.

| Warra Eebbifatan | Hirmaattota |
|---|---|
| “Nagaan oolle nagaan nuhaa bulchu! | haabulchu! |
| Hamaa hammaataa nurraa haa qabu! | haa qabu! |
| Tolaa nuttaa qabu! | haa qabu! |
| Biyya nagaa nuhaa bulchu! | haa bulchi! |
| Kunoo ayyaanni kun nuuf haa tolu! | haa tolu! |
| Erguma ayyaana kana godhannee! | godhannee! |
| Nagaa arganne nama jedhu nuhaa godhu! | haa godhu! |
| Gadaan kun nuuf haa gabbatu! | haa gabbatu! |
| Kan gabbate keessa oolchee nuhaa bulchu! | haa bulchu! |
| Maaram haati elellee nuuf haa naatu! | haa naatu! |
| Hallaan nuuf haa tolu! | haa tolu! |
| Nabiin nuuf haa tolu! | haa tolu! |
| Gadaa kana gammachuun nuuf haa naanna’u! | haa naanna’u!” |

Akka eebba kanaatti waa hunda dursa waan waaqayyoon isaanii godheef galateeffachuufi isa fulduraaf waan gaarii hawwuuf, Nagaan oolle nagaan nuhaa bulchu; Hamaa hammaataa nurraa haa qabu,tolaa nuttaa qabu, biyya nagaa nuhaa bulchu:jechuun waaqayyoo galateeffachuun kadhatu. kana malees erguma  ayyaana kana godhannee nagaa arganne, ayyaanni godhanne kun nuuf haatolu,waan hanqisnes itti nuuf guutee jalala godhee nurrss haafudhatu jechuudha,

Yeroo warri ateetee kennatu akka armaan gadii kanatti eebbifatan firoottaniifi ollaan isaanii sirna kanarratti hirmaan wal jalaa qabuun akka armaan gadii kana jedhu.

| Warra eebbisu | Warra jalaa qabu |
|---|---|
| “Nagaan oolle nagaan nuhaa bulchu! | haa bulchu! |
| Hamaa hammaataa nurraa haa qabu! | haa qabu! |
| Tolaa nuttaa qabu! | haa qabu! |
| Biyya nagaa nuhaa bulchu! | haa bulchu! |
| Gadaan gabbisna! | sa’aa namaan gabbadhaa! |
| Gadaa gabbisna! | xiqqaa guddaan gabbadhaa! |
| Gadaa gabbisna! | alaa manaan gabbadhaa! |
| Gadaa gabbisna! | sa’aa sanyiin gabbadhaa! |
| Akka gadaa gabbisne sa’aa namaan nuhagabbisaa! | Haagabbisu! |
| Akka gadaa gabbisne hormaataa bultumaan nu haagabbisu! | haa gabbisu!” |

jechuun eebbifatan jedhan Obbo Ijaaraa Warqee(19/06/2011).Akka amantii waaqeffaannaatti yeroon sirni kabaja ayyaana ateetee kun kabajamu galgala waan ta’eef, waaqni nagaan isaan oolche nagaan akka isaan akka bulchu kadhatu. wanti hundi alaa manaan akka isaaniif tolee waan isaan barbaadaan akka guutuuf kadhatu. Maaram haati elellee nuuf haa toltu jechuun ateeteen calleen faayamtee waan kadhatamtuuf nuuf haa toltu jechuudha, barri fayyaafi nagaan

nuuf haa dhufu jechuudha. Gadaan gabbina jechuun yeroo itti badhaadhinniifi nageenyi baay'atu waan ta'eef, sa'aafi sanyiin nuuf toli jechuudha. Gabbinni gadaa kun hormaataan, namaan, qabeenyaan, fayyaa haadhaafi ilmoon akka baay'atan hawwii qaban mul'isuudha. Kana booda abbaan warraafi haati warraa akka naannoo sanaatti faltii loon irraa kan hojjetamu kaboota kan jedhu afur afur abidda keessaa duraa duubaan kaasu. Irra deebiin eebbi erga taasifamee booda gaayyaa abbaan warraafi haati warraa dabareen harkaan qabachuun akkas jedhu:

| | |
|---|---|
| Warra ateetee facaafatu | Warra jalaa qabu |
| "Waaqayyoo nuuf toil! | isiniif haatolu! |
| Laftana nuuf tuli! | isiniif haa tolu! |
| Wadaaja keenya ol nuuf guddadhu! | isiniif haa guddisu! |
| Akka wadaajni keenya guddate! | guddate! |
| Sa'aa namaan na guddisi! | isin haa guddisu! |
| Haadhafi ilmoon nu guddisaa! | isiniif haa guddisu! |
| Sanyii sadeenin na guddisaa! | isiniif haa guddisu! |
| Kan guddatu nuuf kennu! | isiniif haa kennu! |
| Guddaa keenya nuuf bulchi! | isiniif haa bulchu! |
| Kan guddate keessa oolchii nu bulchi! | isin haa bulchu! |
| Wadaaja keenya isiniifhaatolu! | nuuf haatolu! |
| Faanni keessan nuuf haa tolu! | isiniif haatolu jechuun eebbifatu!" |
| jedhan | |

Obbo Ijaaraa Warqee(19/06/2011)**.**Kana jechuun immoo waaqayyoo waan hunda uumteefi lafa waan hunda dandeessu nuuf toli jechuudha. Kana malees wadaajni isaanii guddatee isaaniif olla isaanif akka tolu wadaaja keenya ol nuuf guddisii jedhanii kadhatau. Akkasumas, hormaata sa'aafi namaa waaqni nuuf haa kennuu jechuudha. Ilmoon haadha malee waan hin tolleef isaan lamaanuu walbira akka bulaniif waaqa kadhachuudha. Sanyii sadeenin naguddisaa jechuunimmoo, nama, horiifi midhaan nuuf kenni jechuu barbaadeti. wadaajin keenya isiniif tolee faanni keessan immoo nuuf haa tolu jechuun kan dhuftan nagaa argadhaa milkiin keessan immoo nuuf haa tolu jechuudha.

Kana booda gaawwaa marqaa itti marqan, gundoo, gingilchaa, wandarriifi baksaan ni qophaa'u. Haati ateetee kennattuufi fincoon gaawwaa ibiddarra yeroo sadii lafaan tuquun irra keessi. Fincoo hiriyaa dubartii haadha ateetee kennatuuti.. Gaawwaa yeroo sadii ibiddarra kaa'anii buusuun sanyii sadeen nama, horiifi midhaan yoo agarsiisu, eebbi jaarsoliis sadii waan ta'eef itti fayyadamu. Bishaan gaawwichatti akka maatii hunda walgahutti itti naqama. Fincoo waliin gamaa gamana dhaabbachuun quba waltuqsiisuun yeroo torba daakuu wandara itti naqu. Yeroo

torba wandara gaawwaatti naquun kan ibsu, torban tokko guyyaa torba kan of keessaa qabu ta'uufi haati ayyaana ateetee bulfattu hanga guyyaan torba gahee ulmaa baatutti kan qe'eedhaa hindeemne ta'uu agarsiisa. Kunimmoo, hiriyaa waliin osoo adda hin bahin gammachuun kan waliin dhaabbatan ta'uu agarsiisa jedhan Obbo Ijaaraa Warqaee(19/06/2011).



**Suura 4ffaa Haadhi ateetee kennattu yeroo hiriyaa ishii waliin okkotee marqaa abiddarra godhan**

Erga haati ateetee fincoo waliin okkotee abidda irra godhanii booda haati ateetee kennattu sun ni dalagdi. Sana booda gara diinqatti iddoo qophaaa'etti ol dabartee borooteessi. Boroon baha biiftuu yoo ta'uu, mirga ta'uu mul'isa. Achiin booda kara qajeelchaan sun irreessa qabatee bira deemuun "Maqaa kee naaf waami" jedhaan. Isheenis, "Ateetee guduree, faana dhalattuu, sammuu daraartuu kanan wajjiin dhaladhe" jetti. Irreessi lalisummaa, jiidhina kan agarsiisu yoo ta'u, ateetee guduree jechuun ayyaana hormaataa, nagaa, fayyaati. Kanarra karaa qajeelchituun sun Seerri siif haa guutu jedha. Kana booda niteessi; jimaa niqama'u. Jimaa qama'uun jiidhinsa, durummaa agarsiisa. Wandarri irraa ba'ee, baksaan itti godhama. Callee erga mormatti kaa'anii booda fincoon irreessa sanaan qabdee baksaa sana qadaada buchumaatti naquun jilbarra godhattee callee cuubuun, "Ishoo,ishoo ilil,ilil haadhatoo, baratu siif kenne, kan barri namaaf kenne hamtuun namrraa hinfudhatu, ateetee guduree, faana dhalattuu, ishee sammuu darartuu wajjiin dhalattee biyyee wajjiin daaktee guddatte baratu siif kenne namaa miti. Seera siif guute seerri siif haa guutu" jechuun mataa callee sanaa baksaa cuubu. Baksaa sana immoo mataa haadha ateetee kennatte sanatti naqu. Dhadhaa baksaa kan facaastu haadha ateetee kennatuudha. Yeroo facaafattus, "Ateetee haadhatoo alaa manaan, sa'aa namaan, waatii jabbiin na eegi,

Rakkoo qe’ee koorraa fageessi, qe’ee nagaa naaf godhi” jechaa yeroo sadii kan facaafamuudha. Kana booda niwaamu, nikadhatu, beerran ni dalagu. Baksaan badhaadhina, nagaafi soorummaa waan agarsiisuuf ateetee gudureen alaa manaan sa’aa namaan nagaa, fayyaa. badhaadhina akka kennituuf hawwuun mataatti naquuf.

Kana booda, haati ateetee gaawwaa fiduun fuuldura ofii keechee irreechan qabattee salaaffatti. Erga salaaffattee dalagaa gara diinqatti deebi’uun kallacha sana baachisu. Dalaguun sochii qaamaa yeroo ayyaana kana kabajatan hafuurri itti dhufuun kan mul’atuudha. Dalaguu keessatti hirmaattonni dubartoota, keessummootafi karaa qajeelchaadha. Haa ta’umalee, kallattiin gocha dalagu keessatti qooda kan fudhatan dubartoota. Gaheen warra dhiirotaa faaruu kara qajeelchaan baasuuf jalaa qabuun faarfachuudha. Fincoon sun deemtee diinqatti irraa fuuti. Isheenis ni dalagdi. Kana booda kara qajeelchaan sun barruu ishee irreessaan qabatee seera akkas jechuun itti tumata. “Hin nyaanne hin dhugne hin jettu, hin agarre hin jettu kunoo seera”jedha.jedhaan isheeniis seera jettiin. Kunimmoo kan barbaachiseef waan godhame hunda gammachuun simachuu ishee agarsiisa jechuudha.

Marqaan marqamee erga irra bahee booda dhadhaa baksaa itti naquun wadaajni ninyaata. Erga nyaatanii quufanii booda gara weedduutti seenu.Yaa waaq nagaan ooltee nagee bulimee jedhuun Dibbee gaa godhaatiiirra deddeebi’anii weeddisu.Yaa waaq nagumaan ooltee dachee nagumaan ooltee jechuun galata waaqaa agarsiisuuf weeddisu.Kana jechuun waan waaqni godheef galata galchuu keessatti dibbee rukutaa jalqaba kan samii dachii uumee har’aan nugeesse galata argadhu jechuu agarsiisuuf faarfatu. Kunimmoo, eenyumaa olitti abbaan waan hundaa waaqa waan ta’eef galata galchuuf. Dacheen immoo, waan waaqni uume hunda danda’ee kan baatee lubbu qabeeyyiin hundi waan barbaadan hunda kan irraa argatan waan ta’eef galata galchuufii agarsiisa. Itti dabaluun weedduu armaan gadii kana weeddisu

Ishoo yaa nagaa  siin jaalla natti goriimee

Ishoo Sa’aa namaan natti toli mee yaa nagaa jechuun irra deddeebi’anii waaddisu jedhan

Obbo Ijaaraa Warqee(19/06/2011). Akka yaada kanaatti namni lafa kanarra jiraatu nagaa barbaada. Kanaaf, nageenyi hundaaf barbaachisaa waan ta’eef, namaafi qabeenya isaanitiifis nagaa akka kennuufi nageenyi gara isaanitti akka gortuuf faarfatu. Nageenyi, waan barbaadamuuf haadhafi ilmoodhaf akka nagaa kennuuf hawwuun weeddisuuf. Erga lafti bari’ee

booda loomiin afur niqophaa’a. Bunni danfee loomiin qalame sun siinii keessatti cuunfamee haati ayyaana ateetee kennattu nidhugdi. Kana booda horii qalmaaf qopheeffatan niqalatu. Qarshiin horiin qalmaa ittiin bitamus hortee isaarraa walitti qabama. Horii qalamu kanas morma kan buusu abbaa warraa ateetee kennatu sanaati. Erga qalamee xumaramee booda tiruu achi keessaa baasuun haadha ateetee facaafatteefi hormaata ishiitiif qoodama. Sababni isaas isaan gedduutti jalalliifi tokkumaan akka jiraatuuf hawwuudha. Kan booda  amma ittoon ga’utti foon sana warri achi buleef abiddarratti bilchaatee kennamaaf. Erga ittoon bilchaatee immoo dursa haadha ateeteetii erga kennanii booda maatiifi ollaan ishee nyaaticha ni nyaatu.

Beerran achi bulan sun callee kaawwatanii jiran sana hanga ulmaatti achi kaa’anii deemu. Gaafa ulmaa sana wandarri nigodhama. Haati ayyaana ateetee kennattu sun burree uffattee, kallacha hammattee, hubboo baattee dubara waliin laga buuti. Malkaattis calleefi kallachaa bishaan cuubuun, irreessa  murattee, bishaan waraabbachuun gara manaatti galti. Hafaa guyyaa duraa gatuun haaraa hafuun nyaatni qophaa’e ninyaatama. Hanga torbaniitti mana hinbahaamu. Guyyaa torbee burree uffattee callee godhachuun gabaa abbaa warraa waliin deemti. Erga gara manaatti deebi’anii calleefi burree baafachuun huucuu haaraa uuffachuun buna danfifatti. Wandaras qopheeffachuun maatii ishee waliin nyaachuun ulmaa baati jechuudha.



**Suuraa 5ffaa Horii guyyaa ayyaanaateetee qalame.**

### 4.2.4.3.2.Faaruwwaan Guyyaa Ayyaana Ateetee Kennatan Faarfaman

Akka Amantaa Uummata Oromoo Aanaa Warra Jaarsootti Faaruwwaan yeroo ayyaana ateetee kennatan faarfaman hedduudha.Kanuma ilaalchisuun, gaaffii faaruuwwaan yeroo ayyaana ateetee facafaatan maalfaadha? eenyufaatu faarfatat? Maal jedhaniimmoo faarfatu? Jedhuuf:-

> “Sirna kabaja ayyaana ateetee keessatti erga qophiin eebbaa hanga nyaatanyaachuutti xumuramee booda faaruu faarsuun galata galchu. Faaruun faarfatamu kunis erga adda addaakan of keessaa qabu yoo ta’u, dibbee rukutaa keessummoonni achi bulan hundi faarsuun dalagaa bulu. Faaruunayyaana ateetee keessatti faarfatamu kan maaram qofa osoo hin taane hedduudha.Isaanii, faaruu Ateetee, faaruu Hallaa, faaruu Nabiif faaruu Xuuqar jedhamu.”jedhan Obbo Naggasaa Tasammaa(21/06/2011**)**, Isaaniis akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

**Faaruu Ateetee:-**Faaruun ateetee ayyaana ateetee facaafachuu keessatti iddoo guddaa qaba. Sababni isaas ateeteen haadha hormaataa, nagaa, badhaadhinaafi eegduu daa’immaniiti waan ta’eef nifaarfatamti. Haati waan kana hunda namaaf gootu kabaja guddaa argachuu waan qabduuf faaruun galata isheef galchuun barbaachisaadha. Isaaniis waljalaa qabuun akka armaan gadiitt faarfatu.

| Warra baasaan | Warra jalaa qaban |
|---|---|
| “Ilil,ilil ishoo.ishoo! | ishoo,ishoo! |
| Osoo waamanii aayyoo guduruu waamanii! | aayyoo guduruu waamanii! |
| Waan isheen jetti laalani aayyoo guduruu waamanii! | aayyoo guduruu waamanii! |
| Shuree moo Turee aayyoo guduruu waamanii! | aayyoo guduruu waamanii! |
| Joore moo dhufee aayyoo guduruu waamanii! | aayyoo guduruu waamanii! |
| Toltuuu karrarraa waamanii aayyoo guduruu waamanii! | aayyoo guduruu waamanii!” |

jechuun weeddisu. jedhu Obbo Naggasaa Tasammaa(21/06/2011). Akka faaruu kanaatti, dura gammachuun galateeffatu, itti aansuun aayyoo gudureen kan hormaata, nagaa, fayyaa, badhaadhina namaa kennituufi toltuu ta’uu ishee ibsu. Shuree yookiin Tureen maqaa dubartootaa yoo ta’u, kan waamamte kun ateetee ayyaana dubartii kan qe’ee namaa eegdu, kararratti kan mortuufi gomattuu dhorkitu ta’uu agarsiisa. Kana malees weedduu armaan gadii weeddisu..

| Warra baasu | Warra jalaa qabu |
|---|---|
| “Osoo aayyoo aayyoo guduruu waamanii! | osoo waamanii! |
| Waan isheen himattu laalanii! | jettu laalanii! |
| Oggaa gingilchaa murtuu aayyoo guduruu waamanii! | murtu waamanii! |
| waan isheen himattu laalanii! | himattu laalanii! |

jechuun weeddisu. jedhu Obbo Tasammaa(21/06/2011).Akka Aadaa Uummata Oromootti Aanaa Warra Jaarsootti, gingilchaan ayyaana ateeteef migirairraa dubartootaan kan hojjetamu yoo ta’u,daakuuf marqaaf ta’u sana gingilchuun midhaan qulqulluun bahee kan faayidaa hin qabne ammo gubbatti hafuun gatama. Akka faaruu kanaattis aayyoo gudureen ayyaanni dubartiifi eegduun qe’ee, ijoolleeniifi hormaatni fayyaa,nagaafi mortuu, dhukkubaafi gomattuu akka qulqulleessee irraa hambisuu waaqa isaanii kadhatu.kana malees wal jalaa qabuun akka armaan gadiittis ni faarfatu.

"Kan baasu — Warra jalaa qaban
Yeroo gingilchaa murtuu mana hin oolan yaa aayyo! — birraa mana hin oolanii!
Garbuu daaktee horortee mana hin oolan yaa aayyoo! — birraa mana hin oolanii!
Harroon dhale burreen jala dorrobaa mana hin oolan yaa aayyoo! birraa mana hin oolanii!
Owwaattuu karaa boroo mana hin oolan yaa aayyoo! — birraa mana hin oolanii!
Waraabbanni qarsaadhaa mana hin oolan yaa aayyoo! — birraa mana hin oolanii!
Waraabbanni farsoodhaa mana hin oolan yaa aayyoo! — birraa mana hin oolanii!"

Harroon dhalee burreen jala dorrobaa mana hin oolan yaa aayyoo---birraa mana hin oolanii' jechuun waaddisu jedha Obbo Naggasaa Tasammaa (21/06/2011). Akka faaruu armaan oliiti qophii ayyaana ateetee kennachuuf gingilchaan hodhamee garbuun marqaaf ta'u hororamee ittin gingilfama. Owwaattuu karaa boroo yoo jennu aduun ba'aan namaaf baati wanti hunduu namaaf darba waan jedhaniif,kanamalees Ateetee yoo kadhatan yookiin kennatan wanti hawwaaniifi barbaadan waraabamee kan namaaf dhihaatuufi kan waraabamee hindhumnee akkasumas nyaanni marqaa garbuu horoorfamee dhadhaan dhihaate yoo nyaatan kan jabaatan ta'uu agarsiisa. Qarsaan lafa bishaan qulqulluun keessaa waktii birraa burqu yoo ta'u, bishaan qulqulluu kanaan farsoo naqatanii ayyaana ateetee irratti yoo dhugan waaqa isaanii faarfatu jechuudha. Kana malees faaruu armaan gadiis ni faarfatu jedhan

"Warra baasu — Warra jalaa qabu!
Ilill Yaa maaram ilill yaa maaram! — yaa maaramilill!
Noorimee yaa giiftii maccaa dhufte! — yaa giiftii maccaa dhufte!
Fardatu magalaafii ilill! — maggalaafii ilill1
Ittachi daraaraadha yaa maaram ilill! — yaa maaram ilill!
Saawwantu dheedee fixe malee ilill! — dheedee fixe malee ilill!
Ilmaan kee wallaalaadhaa nibeektaa ilill! — nibeektaa ilill!
Nama beekee fide yaa maaram ilill! — yaa maaram ilill!
Yaa baala dabaaqulaa yaa maaram ilill! — yaa maaramilill!
Otoo baala nyaatanii yaa maraam ilill! — yaa maaram ilill!
Maaramtu tan yaadanii aayyoo koo ilill! — tan yaadanii –ilill!
Noorimee Ayyaantittii barii baate! — noorimee yaa ayyaantittii birraa

jechuun waaddisu jedha jedhan Obbo Naggasaa Tasammaa (21/06/2011).

Akka faaruu armaan olii kanaatti ilill jechuun waan hawwan tokko yoo argatan gammachuu agarsiisuuf sagalee dhagaa'amuudha. Maccaan iddoo gosti Oromoo irra jiraatu yoo ta'u, Maaram waan hedduu namaaf gooti waan ta'eef ililchuun galata galchuuf. Maccaan iddoo ayyaanni kun irraa dhufte ta'uu agarsiisa. Ittachii sanyii muka bosonaa keessaa tokko yoo ta'u, daraaraa kan baasuufi saawwan dheedanii kan gabbatan ta'uu mul'isa. Akkuma kana ijoolleen maaram kan hin beeknefi namoonni beekaan maaram nagaa, hormaatafi fayyaa kan namaa kennitu ta'uu

agarsiisuufi. Kana malees, akka guddina baala dabaaqulaatti nyaachuun barbaachisaadha. Haa ta'u malee, baala waan babal'atuuf nyaachuun hin danda'amu. Kan yaadamuu qabdu haadha teenya waan hunda namaa kennuu dandeessuu waan taatee galata galchuun akka olseentu hawwuudha.

Akka Obbo Naggasaa Tasammaa (21/06/2011).irraa odeeffannoo argadhetti, haati ayyaana ateetee kennatu fuldura deemuun keessummoota achitti argaman waliin yeroo torba faaruu faarfachaa naanna'u. Yeroo torba gaawwarra nanna'uun namni tokko ayyaana kana godhatee kan alatti (ulmaa) bahuun dandaa'amu torbee tokko xumuruuni. Kana malees, torbeen tokko guyyoota torba waan qabuuf yeroo torba naanna'uunwal jalaa qabuun akka armaan gadiitti Faarfatu jedhan.

| Warra baasaan | Warra jalaa qaban |
|---|---|
| "Jaaloorra naanna'anii Oggaa kana yaa aayyoo ! | oggaa kana yaa aayyoo! |
| Gaawwarra maggalanii Oggaa kana yaa aayyoo! | oggaa kana yaa aayyoo! |
| Ennaa tana yaa maaree baksaarraa marmaaranii! | baksaarraa marmaaranii! |
| Ennaa tana yaa aayyoo marqarraa gadi laalanii! | marqarraa gadi laalanii! |
| Hurruubni abbaa qabaa marqarraa gadi laalanii! | marqarraa gadi laalanii! |
| Yoo ceete na ceesisii marqaarraa gadi laalanii! | marqarraa gadi laalanii! |
| Anoo sagalee hin qabuu marqaarraa gadi laalanii! | marqarraa gadi laalanii! |
| Waamee sidhageessisuu marqaarraa gadi laalanii! | marqarraa gadi laalanii!" |

Akka faaruu armaan olii kun agarsiisuutti, sirna kabaja ayyaana ateetee keessatti,Jaaloon meeshaa aadaa kan migira irraa hojjetamu ta'ee calleen dubartootaa bakka kabajaan keessa kaa'amuudha. Gaawwaan meeshaa dubartiin supheerraa hojjeettamu ta'ee guyyaa ayyaana ateetee marqaan kan itti marqamee baksaadhaan nyaatamu.Kanaaf, keesssummoonni sirna ayyaanichaa irratti argaman wantoota ateeteef jedhamanii qophaa'an sana ilaalu. Kunis, sikadhachaa jirra nuuf dhaga'i waan hunda waan barbaaddu hamma human keenyaafi beekumsa keenyaa siif qopheessineerra jechuun galata galchaafi jiraachuu mul'isa. Hurruubni abbaa qaba jechuun kan sochii qaamaa agarsiisu yookiin dalagu dubartoota kan ayyaana ateetee kana kennatan waan ta'eefi ani sagalee ittiin dubadhu waanan dhabeef gara hormaatatti, fayyaa nagaatti nuceesisi jechuudha. Gochoonni marqaarra, baksaarra, jaaloorra nannaa'uufi dalagamu hundi akka haati isaanii maaram naateefi sa'aa namaan, alaa manaan, bobbaastee isaan galchitu kadhachaa jiru. Yeroo faaruu kana faarfatan kanatti jilbaan lafa tuqaa addaanis lafa tuqaa faarfatu. Jilbaafi addaan lafa tuquun kabaja, galata ateeteef qaban agarsiisuuf yeroo torba lafa tuqaa faarfatu. Faaruu kana akkas jechuun faarfataa deemu.

| Warra baasaan | Warra jalaa qaban |
|---|---|
| "Nu hubadhu yaa aayyoo maaree jilbaan sirraa nannofnee! | jilbaan sirraa nannofnee! |
| Addaa lafa tuquun huuba guuree si waammata horeen kee! | siwaammata horeen kee! |
| kaleessaan manaa bahe maaram si waammata horeen kee! | siwaammata horeen kee! |
| har‟an galma kee bare maaram si waammata horeen kee! | siwaammata horeen kee! |

jilbaan sirra deemee addaan huuba guuree si waammata horeen keesiwaammata horeen ke!."
jechuun waaddisu jedha Obbo Naggasaa Tasammaa (21/06/2011).

Akkaweedduu kanaatti nuhubadhu jechuun nu ilaala maaram sikadhachaa jirra jechuu yoo ta'u, namni kan deemu miilaan yoo ta'u isaan garuu kabaja ayyaana ateeteef jecha jilbiinfatanii addaan huuba lafarraa tuquun akka dhageessuuf kadhachuudha. Aadaa uummata Oromoo keessatti safuufi kabajni namaafi uumaadhaa, akkasumas ayyaanaf qaban baay'ee olaanaa waan ta'eef uumamni kee sikadhataa jira. Aayyoo maaram kadhachuuf jecha erga manaa bahanii tutturanii kan jiran yoo ta'u, safuu ateeteef qaban agarsiisuu galma ishee gahuu agarsiisa. Galmi akka uummata Oromootti bakka guddaa kan qabuufi namni kamuu galma keessatti uumaa isaa kadhatu, galata galchuuf, safeeffatu qaba. Kanaaf galmi isaan har'a baran kun bakka haati hormaataa, nagaa, fayyaa asi ta'uu beekanii kadhachaa jiraachuu agarsiisuufidha. Kana booda marqaan bilchaatee gingilchaa irratti bahee dhadhaa baksaan itti naqama. Sababni marqaan gingilchaa irratti bahuufimmoo, waaqni mortuu gingilchee gatee waan gaariifi dhugaa akka hanbisutti waan amananiif baasu. Akkuma sanatti mortuun baddee nageenyi, fayyaan, badhaadhinni akka qe'ee isaanitti dhufuufidha.Dhadhaan immoo jiidhinaafi durummaa agarsiisee hormaanni tolee maatii waatiin akka baay'atan hawwuudha. Haati ateetee kennattus harka lamaan marqaa qophaa'e sana afaan godhachuun keessummoonni akka nyaatan taasisti. Harka lamaan marqaa nyaachuun immoo akkuma aadaa uummata Oromootti namni tokko waan tokko yoo kan fudhatu lamaan ta'uun kabaja yoo agarsiisuyoo ta'u harka lamaan malee tokkoon fudhachuun qaaniidha. Kanaaf, haati ateetee kennattus kabajaaf jecha harka lamaan fudhachuun afaan godhatti jechuudha.



**Suuraa 6ffaa Marqaafi wandara guyyaa ayyaana ateetee hojjetame**

Wadaajni achi bulan marqaan nyaatanii erga quufanii booda akkas jechuun waljalaa qabanii weeddisu.

| Kan baasu | Warra jalaa qaban |
|---|---|
| "Ilill ilill Marqaan tole yaa maaram! | tole hoo yaa maaram1 |
| Ilill ilill Jaaloon dhibba jaaloon aayyolee! | Jaaloon dhibba hoo! |
| Ilill ilill Jaaloon qananiisa jaaloo aayyoolee tan qananiisaa! | Jaaloon qananiisahoo!" |

Jechuun weeddisu jedhan Obbo Naggasaa Tasammaa (21/06/2011).Ilill jechuun ateetee tolte sanaaf waan gammadaniif mallattoo galata galchuuti, Marqaan immoo nyaata aadaa Uuummata Aanaa Warra Jaarsoo keessatti baay'ee beekkamaafi sirna adda addaa irratti kan yeroo hunda dhihaatuudha. Keessattuu dubartoonni yoo da'an,soddaan mana dhufe nyaanni baay'ee mi'aawaafi beekamaan marqaa waan ta'eef niqophaa'a. Marqaan guyyaa sirna ayyaana ateetee qophaa'e kun kan wadaajni hundi nyaatee quufe itti gammadee ta'uu agarsiisuuf weeddifatu.. Jaaloonis meeshaa migirarraa dubartootaan kan hodhamu yoo ta'u, kan calleen keessa kaa'amuudha. Kana booda nyaata nyaatan eebbisanii meeshaa itti nyaatan of jalaa galchu.

**Faaruu Hallaa Hallaan:-**Faaruun biraa guyyaa ayyaana ateetee faarfatamu faaruu hallaati.Akka amantii waaqeffannaa Uummata Oromoo Aanaa Warra Jaarsootti ayyaanni haallaa jedhamu ilmoo maaram ta'ee, uffata kutaa qofa kan uffatuufi nyaata qiixxaa xaafii gurraachaa, akaayiifi nuugii kan nyaatuudha. Akkasumas, sorsatu aarfamaaf. Sosri gosa mukaa urgaawwaa bosona keessatti marguudha. Hallaafis faaruun wal jalaa qabuun akka armaan gadii kanatti faarfatama jedhan Obbo Naggasaa Tasammaa (21/06/2011)

| Kan baasu | Warra jalaa qaban |
|---|---|
| "Nooraa yaa hallaa nooraa! | yaa hallaa nooraa! |
| Biyyoo biyya abbaakee yaa hallaa! | yaa hallaa nooraa! |

Qeerransii ni aadaa leenci nibaroodaa yaa hallaa! yaa hallaa nooraa!
Haallaa dhirsa dhiiraa! yaa hallaa nooraa!
Waamee sidhageessisuu! yaa hallaa nooraa!"

Akka faaruu kanarraa hubannutti, Hallaan ayyaanota uummanni Oromoo Amantaa Waaqeffannaa kabajuufisafeeffatu keessaa tokko yoo ta'u, ergamaa rabbi kan safuu uumamaa eegee tiksuudha. Nooraa yaa hallaa jechuun gaarummaan gara keenyaa koottu,bineensota bosonaa keessaa baay'ee warri sodaattaman qeerransaafi leenca. Isaan kunimmoo gootummaa biyya isaanii keessatti agarsiisuuf nidhaadatu. Qeerransiifi leenci mallattoo gootummaati. Hallaanis akkuma qeerransaafi leencaa gootaa ta'uufi baay'ee kan sodaattamu ta'uu isaati. Nuwi humna ittiin waamee dhageessisnu kan hinqabnee waan ta'eef atumti naqaqqabi jechuudha.

**Faaruu Nabii:-**Amantaa waaqeffaannaa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo keessatti yeroo ayyaana ateetee facaafatan faaruun Nabii nifaarfatama. Kunis Nabiin ayyaantuu rabbii ergamaa kooti jedhee ofitti qabee baay'isee kan mararfatuudha. Ayyaantuun kunis sirriitti waaqayyoof tajaajila kennaa kan tureedha.Nabiifis faaruun wal jalaa qabuun akka armaan gadiitti faarfatama jedhan Obbo Naggasaa Tasammaa (21/06/2011)

| Kan baasu | Warra jalaa qaban |
|---|---|
| "Ishoo ishoo ilill ilill! | ilill ilill! |
| Nabii yaa gooftaa! | yaa gooftaa! |
| Duumessa waaqa jalaa! | waaqa jalaa! |
| Caammaa malee hin godhatuu! | malee hin godhatuu! |
| Guuftaa malee hin uffatuu! | malee hin uffatuu! |
| Warqii malee hinuffatuu! | malee hinuffatuu! |
| Dhugaa malee hindubbatuu! | malee hindubbatuu! |
| Duumessa waaqa jalaa! | waaqa jalaa! |
| Citaaan haamaa sararee lagarraa! | sararee lagarraa! |
| Nabiin waamaa yaabbattuu fardarraa! | yaabbattuu fardarraa! |
| Yaa nabii yaa buubbisaa! | yaa buubbisaa!" |

Akka faaruu kanaatti, Gochaa nabiin godheef gammachuu isaanii agarsiisuuf ishoo jechuun galateeffatu. Nabii yaa gooftaa jechuun gooftaa hundaa olii jechuudha. Gooftaan hundaa olii kan waan hunda namaaf godhuudha. Durummaa isaa agarsiisuuf immoo caammaafi warqii kan godhatu jechuun jeju. Nabiin uffata guuftaa uffata. Guuftaan immoo akka aadaa uummata Oromootti beerran yeroo waaqa isaanii kadhatan kan uffataniidha. Guuftaan uffata aadaa ta'ee jirbiifi kuula gosa adda addaan kan dhaahamuudha. Qixxaa qamadii adii shalalaa, Nuugii, farsoo buusanii nyaatanii dhuguun walitti deebi'anii dalagu bulan. Dhugaa malee hindubbatuu jechuun dhugaa malee kan hinjaalanne ta'uu agarsiisa. Akka aadaa uummata Oromootti dhugaa bakka

guddaa qaba. Namni dhugaa dubbatu qulqulluudha; kan waan namaa hinbarbaanneedha. Citaa haamanii sararuu jechuun immoo marga jiidhaa galata galchuuf kan guyyaa sana mana keessa hafamu yoo ta'u, lalisummaa, jiidhinsa kan agarsiisuudha. Fardis uummata Oromoo biratti gootummaafi bareeduma kan agarsiisuudha. Nabiinis goota, nageenya, lalisummaa inni dhala namaaf fidu agarsiisuuf weeddifama.

**Faaruu xuuqar:-**Akka amantaa waaqeffannaa Uummata Aanaa Warra Jaarsootti Ayyana Nabii jalatti xuqaar kan jedhamutu jira. Xuuqar quxisuu Nabiiti. Xuuqariif qiixxaa xaafii gurraachaa, akaayiifi nuugiitu, dhihaata. Erga kana dhiheessanii booda wal jalaa qabuun akkas jechuun faarfatu. jedhan Obbo Naggasaa Tasammaa (21/06/2011)

| Kan baasu! | Warra jalaa qaban |
|---|---|
| "Ishoo Xuqaar dhufee eeyyee! | xuqaar dhufee eeyyee! |
| Xuqaar jennaan lafti nuuf ifee! | lafti nuuf ife! |
| Laal xuqaar dhufee jedhu! | dhufe jedhuu!" |

Akka faaruu kanaatti Ishoo jechuun gachaa xuuqar galateeffachuun inni iddoo barbaadametti dhufee akka fayyaafi nagaa isaanii eeguuf kadhatu jechuudha kan lafa dukkanaa'e keessaa nagaan nama baasee gara ifaatti nama baasu ta'uu agarsiisa.

#### 4.2.4.4. Qaaccessa Sadarkaa Sirna Kabaja Ayyaana Ateetee Yeroo Ammaa

yeroo ammaa kan sababa adda addaan ayyaanni ateetee iddoo isaa gadhiisera.Akka ObboNaggasaa Adunyaa(23/06/2011**)**gaaffii sadarkaan sirni kabaja ayyaana ateetee yeroo ammaa irra jiru maali? Jennaan. "Uummanni OromooAanaa Warra Jaarsoott amantii waaqeffannaa keessaa ayyaanni ateeteeyeroo dheeraadhaaf kabajachaa kan turan ta'ee yeroo ammaas hammisaa yaa hir'atu malee, iddoo adda addattii kabajachaa kan jiraniidha." jedhan. Akka yaada isaanitti,Ayyaanni ateetee kan dur irra turerraa karaalee hedduun jijjiiramee jira. Isaanis, meeshaalee faayaafi kan dhangaa itti qopheessan, dhangaa, adeemsa itti kennamuufi ilaalcha namootaa yookiin dhiibbaa gama amantii biroon irra gahuudha. Meeshaalee kabajaa ayyaana ateetee keessatti dhimma itti bahamu kanneen akka: callee, kallacha, caaccuu, siinqee, burree faan irraanfatamaa kan dhufan ta'uu isaati. Kanneen hanga ammaa itti fayyadamaa jiranillee boca isaanii jijjiirrachuun haala biroon hojjetamanii jiru. Dhangaan ayyaana ateeteef qophaa'us, guutummaatti haala duraaniin kan dhihaataniifi meeshaaleen itti dhihaatanis haala duraatin kan argaman miti jechuudha.

Gama biroon, adeemsi ayyaana ateetee itti kennataniifi faaruun yeroo ateetee weeddifaman qabiyyee isaanii jijjiirachaafi irraanfatamaa kan jiraniidha. Sababni isaammoo, ayyaana kana warri karaa qajeeelchanis ta'ee, warri kennatan amantii biroon waan liqinfamaa dhufaniif qixa sirriin hojiirra oolchaa hin jiran. Sirni ayyaana kanaa afaanin dhalootaa dhalootatti darbaa waan dhufeef karaalee isaanitti fakkaaten dabarsaa jiru.

Dhumarratti, sirna kabaja ayyaana ateetee irratti dhiibbaan gama amantii motoota darbaniin dhufan ilaalchisee, kabajni ayyaana ateetee akka waan seexana kabajataniitti ilaaluun uummata yaada dogongoraa qabsiisan. Ayyaana ateetee facaafachuun seexanaaf wareeguudha yaada jedhu of keessaa qaba jechuudha.

### 4.3. Qaaccessa Irreecha malkaa

Godina shawaa kaabaa aanaa Warra Jaarsoo biratti  duudhaalee amantaa waaqeffannaa keessaa Irreechi Malkaa isa tokkoodha. Irreechi Malkaa akkuma maqaasaarraa hubannutti malkaatti ba'uun irreeffatama. Kunis ji'a Fulbaanaa keessa yoo ta'u, Oromoon amantiisaa uumamaan walqabsiisa. Waaqni uumaa waan hundaa ta'uu isaa amana. Akka falaasama Amantii Oromootti hunda dura Waaqatu ture. Waaqni bishaan Walaabuu (universe) uume. Walaabu bakka lamatti addaan baase. Tokko lafa, tokkommoo samii godhe. Lafammoo bakka lamatti addaan baase. Tokko bishaan, tokkommoo dachii godhe. Samii bakka saditti addaan baase; aduu, baatiifi urjii godhe. Uumama jalqabaa: Dachee, Bishaan, Urjii, Aduufi Baatii kanaan Oromoon yayyaba shanan jedha. Waantoota hedduu waaqni lafarratti uume keessaa tokko nama. Namni jalqaba lafarratti uumame Horoo jedhama. Horoon guyyaa tokko bosona keessaa bahee bishaan dhuguu gara burqaa yoo deemu sagalee Horoo jedhu dhaga'ee yoo of duuba mil'atu ija waaqaan waan walitti bu'eef, battalumatti bakka lamatti addaan bahe. Tokko dhiira, tokkommoo dubartii ta'ani. Burqaa sana gamaafi gamanatti addaan baqatani. Yeroo dheeraa addaan turani. oolanii bulanii fedhiin walbarbaaduu isaan keessatti uumame. Gidduu isaanii galaanni waan jiruuf haada hidda gaalee qopheessitee mudhiitti hidhattee namicha addaam jettee waamte. Wadaroo fiixee darbiteefi innis harkisee ofitti fuudhe. Jara lamaantu walhoree hanga kana baay'ate.

Kanumarraa ka'uun hawaasni Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo waaqa isaanii kadhatanii galteeffachuuf wayitii birraa malkaatti irreecha qabachuun irreeffatu. Kanuma ilaalchisee, gaaffii irreechi malkaa maaliif wayitii birraa malkaatti irreeffatamaa.? jedhuuf, Akkan Obbo Tolaa hundee (25/06/207) irraa odeeffannoo argadhetti,"Irreechi Birraa malkaatti kan irreeffatamu yoo

ta'u, Waaqa booruu gannaa nagaan baase birraa malkaatti bahuun kan galateeffataniidha."Akka yaada kanaatti, hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoottibiratti, ganni akka dukkanaafi rakkisaatti ilaalama. Sababa laggeen guutaniin firri gamaa gamanaa addaan kan citan kan isaan deebi'anii laga ce'anii wal dubbisan ji'a birraa waan ta'eef gammachuu kanaa Waaqa galateeffachuuf malkaatti ba'anii irreeffatu. Kanumatti dabaluun yeroo hojiirraa boqatu yeroo namni waan barbaade akka barbaadetti argatu, yeroo asheenni asheetee namniifi allaattoonni quufan akkasumasyeroo boftiifi allaattiin ganna ijji isaanii jaamaa ture itti banamuudha, waan ta'eef yeroon birraa ummata Oromoo biratti yeroo gammachuu, yeroo quufaafi yeroo galataati waan ta'eef malkaatti ba'anii waaqa isaanii kadhachuun galateeffatu. Kana malees waaqni midhaan ganna itti ifaajanii facaasanii margee daraaraa godhatehaalaan firii godhatee bubbeefi rooba hamaa irraa qabee akka nagayaan isaan nyaachisu waaqa isaaniis ni kadhatu. malkaatti ba'anii yeroo kadhatanis eebbaa armaan gadii eebbisuun hawwii qaban ibsatu.

| Kan Eebbisu | Kan jalaa qabu |
|---|---|
| "Hayyee, hayyee, hayyee! | |
| Waaqa gurraacha garaa garbaa! | |
| Waaqa booruu Gannaa nagaan nubaafte! | |
| Booqaa birraan nugeesse galanni siyaagahu! | haa ga'u! |
| Daraaraa alatti laalaa jirru kana firee itti nuuf godhi! | nuuf godhi! |
| Firee qallaba nuuf godhi! | nuuf godhi! |
| Qallaba uka nuuf godhi! | nuuf godhi! |
| Kan bobba'e nagaan nuuf galchi! | nuuf godhi! |
| Kan rafe nagaan nuuf kaasi! | nuuf kaasi! |
| Xiqqaa niif guddisi! | nuuf guddisi! |
| Guddaa nuuf bulchi! | nuuf bulchi! |
| Malkaan keenya hingogiin! | hin gogiin! |
| Margaan keenya hindu'iin! | hin du'iin! |
| Kan roobee tortorsu nu baasi! | nu baasi! |
| Kan caamee goggoksu nu baasi! | nu baasi! |
| Midhaan qotanne ilkaa nagaatiin nu nyaachisu! | nunyaachisi!." |
| Gadaan quufaa gabbina! | gabbina! |

jedhanii kadhatu jedhan Obbo Tolaa hundee (25/06/207). Akkaeebba kanaatti hayyee, hayyee, hayyee jechuun sagalee ittiin waaqayyoo dhageechifatanii kadhatiiniidha. Waaqa gurraacha garaa garbaa jechuun waaqni gurracha qulqulluu waa namaaf godhuuf gubboo tokkooyyuu kan hinbarbaanneefi bakka waammatanitti dhiyaatee rakkoo keessaa kan nama baasudha. Midhaan erga faca'ee waktii birraa firee godhachuuf dursa nidaraara. Daraaraa kanammoo waaqayyootu firee itti godhee namaan ga'a waan ta'eef waaqayyoo kadhatu. fireeniis nyaata gaarii isaaniif

akka ta'u kadhatu. kana malees iddoo tokko deemanii kan galaniifi namni dhalatee kan guddatu abdii waaqati waan ta'eef waaqayyoo kan darbeef galateeffachuun kan fulduraaf immoo kadhatu. kana malees roobni hamma barbaachisuu ol roobee midhaan akka roobni hinballeessineefi garmalee caamuunis midhaan akka hingogne waaqa isaanii malkaatti ba'anii kadhatu. walumaagalatti, Ganni booruu, Birraanimmoo booqaa jedhama. Sababii Ganni booruu jedhameef tokko ganna lagni, burqituufi haroowwan niboora'u. Lammaffaammoo, samiinillee hurriin haguugamee ija biiftuullee akka gaariitti arguun hindanda'amu. Kanammoo Waaqatu nuhoofkalche jechuun Waaqa booruu Gannaa isaan baase kana galateeffatu. Birraan booqaadha jechuun ifaa yookaan gammachiisaadha. Birraan waan hedduu fideetu dhufa. Tokkoffaa ganni kan roobni, dhoqqeen, guunni galaanaa nama rakkisu darbee ifti aduu, daraaraan habaaboofi kkf. yeroo itti dhufanidha. Ganna nagaan ba'uu galateeffachaa, Birraammoo akka hoofkalan, wanti daraare ija yookaan firii akka godhatu hawwii qaban ibsatu. Bara haarawaa kanattis kan daa'ima dhabe akka dhala argatu, kan deeme nagaan akka galuuf, bona fuulduraisaanii jiruttimmoo malkaan jalaa gogee akka hinrakkanne, dhibeen hamaan nama isaanii akka hin'arganne, roobni yeroo malee itti dhufee oomisha isaanii akka duraa hinballeessine, yeroo malees caamee akka midhaan isaanii jalaa hinbanne Waaqa kadhatu. Kanaafuu, Irreechi Birraa Ganna dukkanaa keessaa gara Birraa ifaafi kan abdii qabuutti darbuudha jechuudha.

**4.3.1.Qaaccessa Faayidaa Irreecha Malkaa**

**4.3.1.1.Qaaccessa Irreecha Akka Duudhaa Aadaatti**

Irreecha aadaa waaqa galateffannatti. Kanuma ilaalchisuun, Gaaffii irreechi akkamitti aadaa keessaan calaqqisa jedhuuf, Obbo Taaddasaa Bayynaa,(25/07/2011), Akkajedhanitti, "Namoonni ayyaan irreechaa kana kan dhufan warra waaqeffanna qofa osoo hin taane namni kamiiyyuu uffata aadaa adda addaa uffachuun as dhufuun aadaafi eenyumaa Oromummaasaa yoo calaqqisu aadaa muul'isa." Jedhan. Akka hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsootti, Namoonni iddoo irreechaa deeman warra amantaa waaqeffannaa hordofan qofa osoo hin ta'anii warreen amantii adda addaa hordofan, uffata aadaa isaanii uffachuuniifi sirba aadaa isaanii sirbuun achitti argamuun aadaa isaaniifi eenyummaa isaanii calaqqisuuf iddoo deemanidha jechuudha. Kanaaf irreechi ija aadaatiin yoo ilaallamu, Irreechi ayyaana aadaa waaqa galateeffannaa kanneen namoonni amantaan osoo wal hin qoodiin tokkummaa isaanii agarsiisuuf iddoo sanatti aragaman jechuudha. Walumagalatti uummanni amantaan osoo wal hin qoodiin

Oromummaaf jedhee guyyaa sana iddoo sanatti wantoonni raawwatan aadaa uummatichaa kan calaqqisuudha.

### 4.3.1.2.Qaaccessa Irreecha Akka Duudhaa Aadaafi Amantaan

Irreechi hordoftoota amantaa waaqeffannaadhaaf amantidhas, aadaadhaas. Kanuma ilaalchisuun irreechi akkamiin amantaafi aadaa hawaasa calaqqisaa? jedhuuf, Obbo Taaddasaa Bayynaa, (25/07/2011), akka jedhanitti, Irreechi, bara Oromoon sirna gadaa tokkoon bulaa turetti akka amantiifi aadaatti ilaala ture."Jedhan. Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo osoo sirni garbooffataa hin garbooffattin dura waaqa isaanii,Tulluutti, Malkaatti, Muka Jalatti, Abdaarittiifi Daandii guddaatii waaqa isaanii gaafa kadhatan, waaqa isaanii kadhachaa achitti waliin sirbaa aadaa isaanii calaqqisaa turan jechuudha. Yaa ta'u malee yeroo ammaa kanas galanni hayyootaafi qabsaa'otaaf jechaa addaaniifi amantiin dur nujalaa bade ture nuuf deebi'uun kunoo malkaatti guyyaa har'aa namoonni amantaan osoo wal hin qoodiin amantaa keenya kabajachuun cinaatti aadaa keenya calaqqisaa jirra jedhan abbaa gaadaa aanaa warra jaarsoo obbo Obbo Taaddasaa Bayynaa. Kanaafuu akka yaada isaanitti irreechi waaqeffatootaaf aadaadha, amantiidhas. Garuu warra amantii biraa hordofaniif ammo aadaa isaaniti waan ta'eef irreechaa akka aadaa Oromootti fudhachuun, obboleeyyan isaanii waaqeffattoota waliin yoo kabajan Oromummaa guddisuufi eenyummaa Oromoo adunyaatti mul'isuuf qooda isaan irraa eeggamu ba'an jechuudha. Amantiin akkuma abbaati, kan dhuunfaa yoo ta'u,eenyummaan garuu dhimma waliiniti, kanaaf irreechi akka walii galaatti warra waaqeffannaaf jila amantiiifi aada yoo ta'u, warra amantaa biroo hordofaniif immoo jila aadaa yookaan iddoo calaqqee aadaa ta'uun kan mul'atuudha.

### 4.3.1.3.Qaaccessa Irreecha Akka Duudhaa Siyaasatti

Siyaasa biyya tokko keesstti ayyaanni irreechaa faayidaa baay'ee qaba. Kanuma guddugaleeffachuun,Gaaffii irreechi akkamiin siyaasa keessatti faayidaa qabaa? jedhuuf Obbo Taaddasaa Bayynaa,(25/07/2011), Uummanni Oromoo aadaa wal kabajuufi nama biraa kabajuu keessatti iddoo guddaa qaba. Dabalataan iddoo irreechaa irratti walgayuun seera adda addaa kanneen akka ittiin bulmaata sirna gadaa, akkasumasa ga'ee namni tokko sirna gadaa keeessatti qabu ittiin tumatu. Dabalaaniis iddoo irreechatti namni waa balleessee fakkeenyaaf qabaanya name hate, lubbuu namaa baasee argame iddoo itti adabamuun balleessa isaa irraa akka baratu taasifamuudh

Karaa biraatiin, Irreechi ija siyaasaatiin yoo ilaallamu, dubartoonni meeshaa ulfaa ayyaana irreechaa qabattee iddoo kamiiyyuu yoo deemte ulfina qabdi. Kana jechuun waldiddaan uummata gidduutti sababa adda addaan uumamu karaa nageenyaatiin hiiku. Kana maleessi irreechi iddoo uummanni Oromoo walgayee aadaafi amantaa isaa calaqqisu cinaatti eenyummaa ofii biyyoota biroof itti qoodaniifi mirgaafi dantaa ofii iddoo itti mari'achuun beeksisaniidha. Dabalataan iddoo sabni Oromoo waliin mariyatee rakkoo uumamaa jiruuf furmaata itti kennuufi rakkoo gara fulduraatti ni uumama jedhamee yaadame immoo tokkummaan qolachuuf itti qophaa'aniidha.

Walumaagalatti dabalataan irreechi faayidaa armaan gadii kennuun baakkama.
Ayyaanni irreechaa kabajamuun waan hedduuf bu'aafi faayidaa qaba. Akka obbo Tolosaa Goonfee (30/07/2011)fi Aadde Taaddaluu Bayyaanaa (25/07/2011**)** Jedhanitti yaann isaanii akka armaan gadiitti gabaabbinaan kaa'ameera. Isaaniis

A. Inni jalqabaa waaqa ofii kan eegeefi tiskee nama jiraachiseef galateeffachuudha. Olmaa waaqni namaaf godheef galateeffachuufi waan dhabameef ammoo kadhachuufi wareeggachuun aadaafi duudhaa keenya waan ta'eef yeroo kamuu jiraachuufi itti fufuu qaba. jedhan
B. Akkuma dura ibsame, aadaan mallattoo sabni tokko ittiin beekkamuudha. Haala kanaan ayyaanni irreechaa, eenyummaa Oromoo adunyaaf ibsuufi Oromummaa guddisuu keessatti qooda guddaa qaba. Kanaaf irreecha kabajuuf uummata aanaa keenyaa gandoota adda addaatii walitti yaa'uun, uffata aadaa isaaniitiin faayamanii yeroo walga'u, wal baruufi wal barsiisuu irra darbee, ormi akka isa baruufi aadaan kun akka guddatu godha
C. Faayidaan kan biroo immoo turistootaafi daawwattoota biyya keessaafi kan alaa harkisuun madda galii ta'a. kana malees uffata aadaafi meeshaaleen aadaa Oromoo saba biroo biratti akka beekkamu gochuu irra darbee akka bitaniifi warra uffata kana hojjetan galii irraa argachuun akka guddatan, daran waan haaraafi bareedaa akka kalaqaniif isaan jajjabeessa.

Kanaaf irreechi keenya kabajamu eenyummaa keenya saba biroo barsiisuu qofa osoo hin taane , mallattoo eenyummaa,calaqqee aadaafi duudhaa keenyati jechuudha.

### 4.3.2.Wantoota Guyyaa Kabaja Ayyaana Irreechaa Raawwataman

#### 4.3.2.1.Iddoo Irreeffattoonni Jalqaba Itti Walgayan.

Hawaasni waaqeffaannaa amanataa irreecha malkaa aanaa warra jaarsoo guyyaa irreechaaf qabame sana osoo gara irreechaa hin deemiin iddoo itti walgayu qaba. Kanuma ilaachisee, gaaffiin guyyaa ayyaana irreechaa sana eessattiifi akkamitti? sa'aatii meeqatti uummannu walgayuun gara malkaaa irreechaaf qophaa'e sana deemaa? Jedhuuf. Obbo Naggasaa Adunyaa (23/06/2011 akka jedhanitti, "Osoo guyyaa ayyaanni irreechaa hin gayiin dursa guyyaa ayyaana irreechaafi iddoo itti wal geenyu waraqaan beeksisa baasnee magaalaa aanaa keenyatti dhoobna." Jedhan. Akka yaadaa isaaniitti guyyaan ayyaana irreechaa osoo hin gayiin dursabeeksisa waraqaan guyyaa ayyaana irreechaa sana sa'aatii sadii hanga afuriitti uffata aadaafi meeshaalee faayaa aadaa qabatanii bulchiisna magaalaatti akka argaman nimaxxanfamaaf. Uummannis kanuma hubachuun guyyaa sana uffata aadaa uffatanii meeshaalee aadaaqabachuun sa'aatii jedhametti iddoo jedhametti argaman. Erga ergamanii gara mana abbaa gadaa aanichaatti deemuun abbaa gadaa sana fudhachuun iddoo sagantichaatti deebi'an. Kana booda jaarsi shan carraa waliif kennuun akka armaan gadiitti eebbifachuun sagantaa isaanii banatu.

| | |
|---|---|
| Jaarsolee Eebbisan | Warra jaa qaban! |
| "Kan nagayaan bulle nagaan! | nu haa oolchu haa bulchu! |
| Hamaa ammaataa nurraa! | haa qabu haa qabu! |
| Tolaa nuttaa qabu! | haa qabu! |
| Kan baranaan nu ga'e fuula ifaan bara egereen! | nu'aa ga'unu'aa ga'u! |
| Kan riffisee nukaase bobbaasee nu'aa galchu! | nu'aa galchu! |
| Alaa manni keenya nagaa! | haa ta'an haa ta'u! |
| Xiqqaan nuuf haa guddatu! | haa guddatu! |
| Guddaan nuuf haa bulu! | haa bulu! |
| Beekaa nurra haa bulchu! | haa bulchu! |
| Nu immoo jalatti nu'aa bulchu! | haa bulchu! |
| Kan dhukkubsate yaa maaramu! | yaa maramu! |
| Roobaa caama nuwaa wayyu! | nu'aa wayyu! |
| Caamaa rooba nu haa wayyu! | nu'aa wayyu! |
| Tokko nuhaa taasisu! | nu'aa taasisu! |

Jechuun eebbisu. Maddi. Obbo Naggasaa Adunyaa (23/06/2011). Akka eebba kanaatti hawwasni Aanaa Warra Jaarsoo uumaa isaanii waan hunda godheef kana galateeffachuuf, waan fulduraatti hawwan immoo akka argataniif kadhachuuf eebba armaan olii kana maangudoonni shananuu tartiibaan eebbisu. Kanas Tolaa nutti haa qabu yoo jedhan waan hamaa nurraa qabee waan gaarii nutti haa qabu,  Kan nagayaan bulle nagaan nu haa oolchu,jechuun immoo fayyaa nagaa nuuf

kennee nu'aa jiraachisu jecheedha.Kan baranaan nu ga'e fuula ifaan bara egereen nu'aa ga'u jechuun immoo hundi keenya barana gammannee fuula ifaan walitti dhufnee bara dhuftus osoo namni tokko nukeessaa boqotee firrisaa hin gaddiin nagayaan walitti nu'aa fidu jechuudha. Kana malees, nagaan maatii isaanitti galanii jireenya gammachuu akka jiraataniif kan riffisee nukaase bobbaasee nu'aa galchu jechuun waaqa isaniii kadhatu. Daa'imman isaaniis akka guddataniif guddaan isaanii immoo akka jiraatuufi baay'ee yoo roobe akka hanga barbaadan roobuufi yoo roobu baate immoo akka roobuuf waaqa isaanii kadhatu jechuudha.

Erga eebba raawwatanii bunni danfee daabbooniifi daadhiin koree ayyaana irreechaan maallaqni walitti qabame qophaa'e  abbootii gadaafi manguddootaafi haawwotiif qoodamuun nyaatamee dhuguma.

Kanatti aansuun immoo sangaan abbaa malkaatiin mormi qalama. Sangaa abbaa malkaatiin jalqabame kana namni ramadamuun hamma uummnni malkaa bu'ee irreeffatee dhufutti xumuranii nyaataaf qopheessanii eegan.

Yeroo malkaa bu'anis tartiibaan walqoodanii gara malkaatti maanguddoonniifi beerraan akka armaan gadii jechaa deemu:-

Hoo yaa maree hoo
Maree hoo  maree hoo
Gadaan quufaa gabbinaa yaa maree hoo

Jechuun irra deddeebi'anii sirbaa gara malkaatti irreeffachuuf deemu.Hoo yaa maree hoo jechuun baradhuftunis naannaee nuhaa gahuu. Bara baranaas midhaan ta'eeraa naga'an nu haanyisuu jechaa waaqa isaanii galateeffachaa faarfachaa deemu. Akkasumas qarreefi qeerron immoo sirba aadaa adda addaa sirbuun gammachuun gara malkaa deemani. Erga malkaa ganiis amms maanguddooni shanan sun akka armaan gadiitti eebbisuun sagantaan irreeffaannaa tartiibaan adeemsifama.

| | |
|---|---|
| Maanguddoota eebbisan | Warra jala qaban |
| Hayyee, hayyee, hayyee! | Hayyee, hayyee, hayyee |
| Waaqa booruu Gannaa nagaan  nubaafte | |
| Booqaa birraa nu hofkalchi! | nu hofkalchii! |
| Daraaraa midhaan nuuf godhi! | nuuf godhi! |
| Dhiiga nama nuuf godhinama! | nama nuuf godhi! |
| Kan adeeme nagaan haagalu! | nagaan haagalu! |
| Kan maseene haa deessu! | haa deessu! |
| Malkaan keenya hingogiin! | hin gogiin! |
| Margaan keenya hindu'iin! | hin badiin! |

| | |
|---|---|
| Kan roobee tortorsu nubaasi! | nubaasi! |
| Kan caamee goggoksu nu baasi! | nubaasi! |
| Akka Coqorsa lafa nu’aa qabsiisu! | nuqabsiisi! |
| Gannaa bona nuhaa laallisu laallisi! | nulaallisi |
| Dhuga nuhaa beeksisu! | haa beeksisu! |
| Dhugaan nu’aa beektu! | haa beektu! |
| Kan taa’ee nutti malu dhagaa! | haata’u  haa ta’u! |
| Kan deemaa nutti  malu bubbee! | haata’u haa ta’u! |
| Horaa bulaa dagaagaa! | Amiin! |

jedhanii eebbisanii kadhatu.Maddi. Obbo Naggasaa Adunyaa (23/06/2011). Akka eebba kanaatti waktiin gannaa bokkaan waan jiruuf baay’ee rakkisaa ta’uu isaa irraa kan ka’e waaqa isa dabarsiisee birraan ga’e galateeffachaa waan gara fulduraatuuf hawwii qaban immoo waaqa isaanii ittiin kadhatuudha.sirni irreeffannaa jalqaba. Coqorsi hamma fe’e caamsaan hammatellee sirriitti hiddisaa lafa qabateera waan ta’eef sanyiinsaa hinbadu. Gaafa roobni robe deebi’ee laallisa. Gaafa eebbisaniis dhaloonni  icciitii kana akka beeku, beekeemmoo akka rakkoo addaa addaaf harka hinkennine hubachiisu.



**Suura $7^{ffaa}$  Yeroo irreeffannaa malkaa agarsiisu.**

Erga malkaatti sirni irreeffannaa raawwatamee ammas tartiibaan maanguddoonnifi haawwatoon waaqa isaanii faarfachaa, qeerroofi qarreen immoo sirba aadaa sirbaa gara dhufanitti deebi’amuun sagantaan affeerraa tartiibaan erga gaggeefamee abbaa gadaa mana isaatti galchuun gara mana isaanitti galu.

### 4.3.2.2. Akkaataa Abbaan Gadaa Itti Dhufu

Abbaan gadaa walitti qabaafi gaggeessaa ayyaana irreecha malkaa sanaati. Kanuma bu’uura godhachuudhaan abbaan gadaa haala kamiin bakka sagantaa irreechaa sanatti argamaa? Gaaffii jedhuuf, akka obbo Naggasaa Adunyaa(23/06/2011) jedhanitt “haawasni Aanaa Warra Jaarsoo kabaja abbaa gadaa, uleefi alangaa abbaa gadaaf waan qabaniif guyyaa irreechaa sana abbaa gadaa mana sana isaaniitii warreen ayyaana irreechaa irreeffachuuf dhaqeetu fuudha.”jedhan. akka yaada kanatti guyyaa ayyaana irreechaa sana abbaan gadaa bokkuu abbaa gadaafi alangaa abbaa gadaa kabaja qabu kophaa ofii qabatee manaa ba’uun iddoo sagantaa irreechaa deemuu waan hinqabneef hawaasni irreecha irreeffachuuf deemaan dhaqanii mana isaanitii sirbaa fuudhuun iddoo sagantaan ga’uun, sagantichis erga xumuramee kabajaan manatti deebisu.

### 4.3.2.3. Dhangaalee Guyyaa Kabaja Irreechaaf Qophaa’an

Dhangaaleen guyyaa ayyaana irreechaa qophaa’an nijiru kanuma sababeeffachuun, Gaaffii guyyaa ayyaana irreechaa dhangaalee maalfaatu qophaa’aa?, baajanni qophii kanaaf barbaachisu hoo eessaa dhufaa? gaaffii jedhuuf, Obbo NaggasaaAdunyaa(23/06/2011) akka jedhanitti, “dhangaaleen guyyaa sana qophaa’u,sangaa lamaa hanga sadii,buna, daabboofi booka. Baajanni isaammoo koreetu dhaabbatee uummata aanaa gargaarsa gaafachuun qarshii guuree qopheessa.” jedhan. Akka yaada isaanitti haawasni Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo yeroo ayyaana irrechaa irreeffatanhamma humna isaanii qarshii walitti fiduun dhangaalee guyyaa sana nyaatamu qopheessuun waliin nyaatanii dhuganii ayyaana isaanii irreefachaa kan waliin gammachuun dabarsaniidha.






**Suura 8ffaa Dhangaa ayyaana irreechaa**

### 4.3.2.4.Tartiiba Deemsaa Ayyaana Irreecha Malkaa

Akka duudhaa hawaasa Aanaa Warra Jaarsootti hawwasni irreechaaf yeroo deemaan akkaataa aangoo, umriifi saalaan tartiiba'anii deemu. Sababni isaas duudhaa issanii biratti aadaan walkabajuu iddoo guddaa qaba. Kanuma ilaalchisuun, Gaaffii hawwasni yeroo irreechaaf gara malkaa deemuu akkamitti deemanii? jedhuuf,Obbo Asaffaa Lammaa,(30/06/2011), Akka jedhanitti,Akka amantaa waaqeffnnaa irreecha hawaasa Oromoo  Aanaa Warra Jaarsootti,"Sirna Kabaja Ayyana Irreechaa keessatti deemsi seera mataasaa qaba jedhan.Seerri deemsaa kunis ga'ee hojiin, saalaanifi umriin kan deemmamuudha." jedhan. Isaaniis akka armaan gadii kanatti dhiyaataniiru.

#### 4.3.2.4.1. Garee Abbotii Gadaa, Maanguddootaafi Haawwan

Gareen kun amantoonni irreechaa yeroo irreeffannaaf malkaa deeman abbaan gadaa dura bu'uun Abbaa malkaa, manguddoota biyyaafi haadholii garaadhaa qaban haammata.Yeroo irreeffannaaf gara malkaa deeman kan dura deemuufi deemsasana hoogganu Abbootii Gadaafi Abbaa Malkaa ta'uun "Hoo yaamaareehoo" jechaa fuldura deemu.  Sirna kadhanaa irreecha malkaa kunis kan hoogganu hangafa gosaati. Hangafummaan kunis, bakka addaa addaatti dura eebbisuun, dura deemuun, dura dubbachuun calaqqisa. Guyyaa Ayyaana Irreechaas manguddoonniifi abbootiin gadaa tartiibaan dura deemuun maanguddummaa, angafummaafi hoogganummaa sabaa  mul'isa. Kana malees, kabaja olaanaafi hoogganaa sabaa yookaan sirnaa ta'uu agarsiisa. Guyyaa kana dura deemuun hiika abbaa gadaa ta'uu, hangafa ta'uufi hoogganaa biyyaafi sabaa ta'uu agarsiisa jedhan.  Obbo  Asaffaa  Lammaa(30/06/2011)



Suura 9ffaa Garee Abbootii Gadaa, Maanguddootaafi Haawwotii

### 4.3.2.4.2.Garee Shaamarranii

Akka amantii waaqeffannaa Uummata OromooAanaa Warra Jaarsotti yeroo namoonni irreechaaf gara malkaa deemaan baay’atanii  waldhiibuun waan jiruuf miidhaan adda addaa shamarrana irra akka hin geenye garee abbootii gadaatti aanaanii haala tokkoon deemu. Deemsi kunis dubartoota hin heerumne(qarree)of keessatti niqabatu. Sababni isaas,dubarrihin heerumne (qarreen) Sirna Gadaa keessatti mallattoo araaraati. Kunis, shamarran kabaja durbummaa isaanii eeggatanii jiran akka qulqulluutti lakkaa’amu. Waaqayyos, durba qarree kan qulqullummaa ishee eeggatteef nidhaga’a.  Kanaaf, yeroo irreechaa,yeroo gumaafi yeroo araara Waaqa kadhatan shamarran jilawwan irratti hirmaachisuun,  bakka kanatti durbi qarree mallattoo araaraa ta’uu nu agarsiisa.jedhan Obbo Asaffaa Lammaa (30/06/2011)


f


**Suura 10ffaaGaree shamarranii**

#### 4.3.2.4.3.Garee Foollee

Akka amantii waaqeffannaa uummata OromooAanaa Warra Jaarsotti Caasaa Gadaa keessatti warri sadarkaa Foolleerra jiran jaarsoliin Abbaan Gadaa, Abbaan Malkaafi beerran akkasumas shamarraniifi daa'imman akka miidhaan adda addaa irrahin geenyeef sirba foollee sirbaa nagaa eegsisaa deemu. Sirna gadaa keessatti foolleen hiika hawaasa tajaajiluu qaba.Kana jechuun bakka addaa addaatti naamusa kabachiisuun foolisii cinaatti akka foolisii ammayyaatti tajaajilu jechaadha jedhan Obbo Asaffaa Lammaa (30/06/2011)



**Suura 11ffaa Garee Foollee**

### 4.3.3. Xinxaala Meeshaalee Ayyaana Irreechaa

Meeshaaleen ayyaana irraachaa guyyaa irreechaa sana kan warrii irreeffanna dhaqan kabaja irrechaaf jecha qabatanii deemaniidha. Kanuma bu'uura godhachuudhaan Gaaffii guyyaa ayyaana irreechaa meeshaalee maalfaatu qabataaafi maaliif immoo qabatan? jedhuuf, Akkan Obbo Tolaa Hambisaa (06/07/2011) irraa odeeffannoo argadhetti, "Uummanni Oromoo Aanaa Warra Jaarsootti durii qabee ayyaana irreechaa waliin kabajachaa yeroo turetti meeshaalee kabajaa ayyaana sanaaf barbaachisu qabatanii iddoo irreeffanna deemu."Jedhan. Akka yaada kanaatti hawaasa OromooAanaa Warra Jaarsootti meeshaaleen ayyaana irreechaa iddoo guddaa qaba. Meeshaaleen kun ulfaa ayyaana jedhamuun beekama. Ulfaan meeshaa adda addaa Waaqefataan yeroo waaqa kadhatu ayyaantuun yeroo ayyaana qajeelfattuufi ayyaaneffatu ittiin waaqa kadhattuudha. Ulfaanayyaanaa kun waan hedduu ofkeessaa qaba. Isaanisi daraaraa keelloo, Marga jiidhaa, Caaccuu, Callee, Kallacha, Bokkuufi kkf. yoo ta'u, meeshaalee kanneen haala fayyadama namootaatiin bakka saditti qooduun nidanda'ama.Isaaniis; Meeshaalee ayyaana

irreechaa kan dhiiraafi dubartoonni qabatan, meeshaa ulfoo dhiirri qabatufi meeshaalee ulfoo dubartootaa dubartoonni guyyaa ayyaana irreechha qabataniidha. Meeshaaleen kunniin gareen sadanuu tokko tokkoon akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

### 4.3.3.1. Meeshaalee Ayyaana Irreechaa Kan Dhiiraafi Dubartoonni Qabatan

Guyyaa kabaja ayyaana irreechaa meeshaaleen koornayaan lamaanuu qabatan nijira. Kanuma ilaalchisuun "Akka amantaa waaqeffannaa Oromoo Aanaa Warra Jaarsootti guyyaa ayyaana irreecha malkaa meeshaaleen kan koorniyaan lamaaniifuu nijira jedhu.'Obbo Tolaa Hambisaa(06/07/2011). Akka yaada isaanii kanatti, uummanni Oromoo aanaa warra jaarsoo yeroo ayyaana irreechaaf gara malkaa deemaan meeshaalee kabaja ayyaanaaf jedhame sana saalli lamaaanuu qabachuun argamu.

Moggaasa ayyaanaa irreechaa ilaalchisee Obbo Tolaa Hambisaa(06/07/2011)akka ibsanittii "Ayyaanni Irreechaa moggaasa maqaa Irreecha jedhuyyuu kan argate waantoota Ummanni Oromoo galateeffannaaf yookaan akka aarsaatti qabatee bakka irreeffannaatti argaman margaafi daraaraa keellooti." jedha. Akka yaada kanaatti, irreecha jechuunis marga yookaan daraaraa keelloo akka kennaa galataatti qabatanii bakka irreeffannaa irreecha malkaa dhaquun kan waaqayyoo ittiin kadhataniidha. Karaa biraatiin Waaqa nagaa, fayyaa, hormaataafi waan qaban hunda kenneef, galateeffataniidha.. Daraaraa keelloo akka kennaa galataatti qabatanii bakka malkaa irreeffannaaf murtaa'e tokko kaa'uun Waaqa marga kana magarse waaqa biqiltoota sana daraarse kan fuldura isaanii jiruuf abdii qabankadhatu.Waaqa roobee magarsee biqiloota sana akka ija godhateeniif miidhaksee daraarse fuulduraafimmoo firii isaanii laatu kana waanuma inni bareechee isaanii kenneen isa galateeffatu. Waan daraaraa kana nuu kenniteef si galateeffanna, firiisaas akka argannuuf nagaafi fayyaa nuuf kenni jedhu.



**Suura 12ffaa Habaaboo kan dhiirriifi dubaartootaa qabatanii malkaa deeman**

#### 4.3.3.1.1. Halluu Uffataa

Uffanni haalluu adda adda guyyaa ayyaan irreechaa uffatamu hawaasa Oromoo aanaa warra jaarsoof hiikaa qaba. Kanuma ilaalchisuun Akka Obbo Tolaa Hambisaa (06/07/2011) ibsetti "Meeshaa Waaqeffannaa Uummata Aanaa Warra Jaarsoo ittiin malkaa ba'u keessaa tokko uffata aadaa halluu addaa addaati."Akka yaada kanaatt,Seera Gadaa Oromootti faajjiin gadaa halluu bifa sadii kan qabuufi hiikni halluuwwan kunneen qabanis akka kanaa Gurraachi gara olii,gidduurra diimaafi gadjallaatti immoo adiidha jedhan Obbo Tolaa Hambisaa. Warri irrecha kabajaaf deemanis,Tartiibuma halluu faajjii kanaan faayyamanii uffatu jedhan Kanumatti dabaluunhaalluun uffaannaa kanaas hiika mataa ofii qaba jedhan. Isaaniis, Gurraachi olaanu bifa Waaqaa kan hundaa olii ta'uusaa agarsiisa.Diimaan bilchinaafi gootummaa kan agarsiisu yoo ta'u,Adiin immoo ga'umsa yookaan dandeettii agarsiisa jechuun natti hime.

#### 4.3.3.1.2.Meeshaa Ulfoo Dhiirri Guyyaa Ireecha Malkaa Qabatu

Meeshaaleen ulfaa dhiirri guyyaa ayyaana irreechaa qabatan hedduudha. Isaaniis akka armaan gadii kanatti ibsamaniiru.

**Kallacha**:-Kallachi meeshaa meeshaalee guyyaa ayyaana irreechaa sana dubartiin dhiiraaf baattee malkaa buutudha.Akka Obbo Araarsaa Jimaa (10/07/2011) jedhanitt"Kallachi meeshaalee amantaa waaqeffannaa irreecha malkaa meeshaa baay'ee kabajamaafi hooda qabuudha."jedhan. Kana jechuun, kallacha kana guyyaa ayyaana irreechaa malkaa sana dubartii qulqulluutu dugdatti baattee malkaa bu'uun ittiin waaqa kadhatu.yaa ta'u malee meeshaa kanas dubartiin baachuu kan barbaachiseef dubartuin haadha gootati jedhanii waan amananiif uummanni aanaa kanaa meeshichi osoo meeshaa waaqeffannaa dhiiraa ta'uu beekanuu kabaja dubartiif jecha dubartiin baattee malkaa yoo buute dubartiin garaa waan laaftuuf waaqayyoos akkasumatti garaa nuuf laafa jedhanii waan amananiifidha...

Kanumatti dabaluun, kallachi meeshaalee ayyaantuu Oromooti jedhama. Kanumaan wal qabsiisee akka Akka Obbo Araarsaa Jimaa (10/07/2011) jedhanitti, "Kallachi ulfaa guddaa Waaqeffataan Waaqaa gaditti Sodaatufi safeeffatuudha."Akka yaada isaanitti,Kallachi Sibiila qorsaa yookaan bakakkaa waliin samiirraa bu'eedha. Waaqeffataan dur bakka bakakkaan itti bu'e aannan sa'a gurraachaa itti dhibaafatee kallachaafi bokkuu argata." jedha.

Bakka kallachi itti bu’e eebbatu jira jedhee uummatni Oromoo (Waaqeffatan) amana. Kallachi bara caamsaan (ongeen) hammaate, kallacha malkaatti; tulluutti bobbaafamee waaqni ittiin kodhatama. Namni yoo wal ajjeesee araaramu dide kallacha bobbaasanii araarsu. Kanarraa ka’uudhaa kallachi meeshaa kabajamaa araaraa jedhama.

**Bokkuu:-** Ulee abbaan gadaa guyyaa ayyaana irreechaa qabatee iddoo irreechaa deemudha**.** Akka Obbo Araarsaa Jimaa (10/07/2011) jedhanitti, “Bokkuun ulee waaqni giddu deemsaa namaa dhaabbateedha.” Bokkuun ulee waaqaati jedhanii amanu. Bokkuun mallattoo nageenyaa, fayyaa, hooggansaafi itti fufiinsa jireenya hawaasichaa ibsa. Kanaaf bokkuun sirna bulchiinsa uummatichaa biratti safuufi mallattoo hooggansaa kan agarsiisuudha.

Bokkuun inni jalqabaa akkuma kallachaa Waaqaa bu’e Waaqayyo rooba keessa sibiilota sagal buuse. Sibiilota akka bakakkaatti bu’an kana saglan keessaa shanan isaanii meeshaalee amantiifi mallattoo sirna bulchiinsaa ta’anii tajaajilu. Kanneen keessaa tokko Bokkuudha. Bokkuu qulqulluu kanas Waaqayyo dursa hangafa qulqulluutti kenne jedhamee amanama. Kanaaf, Bokkuun seera hangafaa-quxusuu illee niqaba jechuudha.

Bokkuun mallattoo aangooti, kabaja guddaa qaba. Abbaan Gadaa bokkuu qabatee Seera tumee labsa. Yeroo ammaa garuu, namni bokkuu nimagarfata, muka gaarii (ejersa) ilaalee bocee midhagsee tolfata.

Bokkuufi abbaan Bokkuu Oromootaafi gaggeessitoota gadaa biratti ulfina guddaa qabu, Bokkuun yeroo baayee walitti bu’iinsa uummata keessatti furmaata nibuusa, nitasgabeessas. yookaan lola dhaabuuf ni oola. Walitti bu’iinsi gosoota Oromoo gidduutti yoo ka’e Abbaan Bokkuu iddoo lolli uumame sana dhaquun gidduu isaanii seenee araarsuun nagaa buusa.

DabalatasaniAkka Obbo Araarsaa Jimaa (10/07/2011) jedhanitti jedhanitti, Bokkuun muka Ijersa irraa Ogeessi tolchu ta’ee kan caffeetti eebbifamuudha. Bokkuun bakka saditti qoodama. Isaanis ,bokkuu hayyuu, bokkuu qaalluufi bokkuu, angafa gosaati. Sadeeniifuu akka seera Caffeetti kennama”. Jedhan isaaniis akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Kanumatti dabaluun ObboTacaanaa Mngistuu (13/07/2011 ),akka jedhanitti,

> “Bokkuu muka Ejersaa irraa ogeessi tolcha. Kan bakka sadiitti qoodamu jedhu.Isaaniis. Tokkoo Bokkuu Caffee Gadaati. Bokkuun kun bara saddeet saddeetitti Hayyuu moofaa irraa Hayyuu haaraatti dabra. Bokkuun lammataa kan

> warra Qaalluuti. Bokkuun kuni mana Qaalluu Ayyaana baatutti argama. Abbaa irraailmotti yookaan nama Ayyaanni sun irra qubatetti dabra. Inni sadaffaa Bokkuuwarra Angafa Gosaati. Gosti bokkuu kanaa Mana angafa gosaatti argama".jedhan.

Bokkuun ulee furdaa. Jinfuun yookaan boca odaa mataarraa qaba,kunis Oromoon durii qabee odaa jalatti waaqa isaa kadhacha turuu isaa agarsiisa jedhan. Walumaagalatti akka akka armaan gadiitti bal'inaan ibsamaniiru.

**Bokkuu Caffee Gadaa**:- Bokkuu kana Abbaa Gadaatu qabatee kan biyya ittiin bulchuudha. AkkaObboTacaanaa Mangistuu (13/07/2011 ), jedhanittiGosti bokkuu kanaa " Hayyuunnwaggaa saddeetiif biyya bulchu Serrii Gadaa kan kennuufidha." kunis, bara saddeet booddee Hayyuu, yookaan Abbaa Bokkuu dulloomaa irraa isa haarawatti dabra. Kanaaf, hayyuun Bokkuu malee waan hinhayyomneef waggaa sadeetif Abba Bokku jedhamee wamama. Bokkuun garuu dulloomaa hinqabuu, yeroo isaa eeggatu hayyuu dulloomaarraa hayyuu haraatti darba jechuudha. Gosti bokkuu kanaa abbaarraa ilmattii hindabru, hindhaalamu. Kan lammii yookaan kan gosaa miti. Kan warra Qaalluutiis miti. kan caffee gadaatii. Kan Oromoo hundumaati. Abbaan Bokkuu hojjaa seerri Gadaa itti kenne bara saddeetiif hojjachuuf Bokkuu kana qabata. Harka isaatii hindhabamu. Aangoo Abbaa Bokkummaa qabaachuu isaa kan ittiin mirkaneeffatu yoo Bokkuu harkaa qabaate qofa. Isa harkatti qabatu malee biyya bulchuu hindanda'u.

**Bokkuu Qaalluu**:-Gosti Bokkuu kanaa bokkuu namni ayyaana qaalluu qabatuudha. Akka ObboTacaanaa Mangistuu (13/07/2011 ),jedhanitti"Bokkuun Qaalluu galma Qaalluutti argama. Qaalluun mirga Bokkuu qabaachu seera Gadaatu kenneefi."Kana jechuun bokkuun kun, bifaan Bokkuu Caffee fakkaata. Hayyuun Qaalluun bokkuu qabu hamma qaallichi irra jiruttiidha(du'uttiidha).bokkuun kun kan darbu yeroo namni qaalluu baatu sun du'e yookaan osuma jiruu nama itti aanuutti qaallichi darbaeedha yookaan, nama ayyaanni irra qubattetu Bokkuu Qaalluu sana dhaala. Bokkuun Qaalluu, dallaa warra Qaalluutii hinfagaatu. Achumaa sanyii warra saniitti darba. Dhaloota Oromoo biratti, Bokkuun Qaalluu ulfinaafii kabajaa guddaa qaba.

**Bokkuu Gosaa (Araaraati)**:- Gosti bokkuu kanaa mana gosa hangaa taa'uun rakkoon tokko gosa biroon gosa sana keessatti yoo uumame kan ba'uudha.Akka Obbo Tacaanaa Mangistuu (13/07/2011) jedhanitti "bokkuun kun, yeroo akka tasaa lolli uumame lola dhaabuuf

(qabaneessuuf) bokkuu gosaatu mana angafaatii baha”. Bokkuun kunis mana, balbala yookaan gosoota lamaan walalolan keessaa iddoo tokkoo yookaan lammanuu ba’ee araara buusa jechuudha. kana maleeslolaa kana keessa gosa kana keessa hinjiru, yoo ta’e garuu lola kana dhagayee bokkuu gosaa manaa isaatii baafnaan, bokkuun duraan baye manatti deebi'ee kan gosa kanaatu waltajjii ta'ee araraa fiduudha.

Abbaan Bokkuu Gosaa, erga lola qabbaneesse booda araara buusuuf, jarreen wal-lolan, manguddoota waayee lolli kun itti ka'ee beekan gosa gosa isaanii keessaa nama shan shan filatanii, abbaan bokkuu gosaa waltajjii ta'eefii, inniis namoota dubbii harka keessaa hinqabne gosa sadaffaa irraa nama shan waammatee, Shanan-Gadaa keessaas Luba shananuu dabalatee jarsuummaa calqabsiisa. Dubbiin yoo hammaattee, aariin qabbanaawu baate abbaan bokkuu akka armaan gadiiti eebbisuun kadhata jedhan ObboTacaanaa Mngistuu (13/07/2011)

| Kan eebbisu | Warra jalaa qabu |
|---|---|
| Kana nagaan oolle nagaan nuhaa bulchu! | haa bulchu! |
| Hamma ammaataa nurraa haa qabu! | haa qabu! |
| Tolaa nuttaa qabu! | haa qabu! |
| Warra wal muufate kana walitti nuhaa araarsu! | haa araarsu! |
| Jaarsota luba kanaaf dhugaa haa mul’atu jechuun! | haa mul’atu! |

Seera kadhaa akka armaan gadii jechuun gosa lamaan araarsuuf yaalama.

Adaraa bokkuu bayee, isin gidduutti argamu kana irra hin tarkaanfatiinaa

Irreessa hoodaa as jiru kanarra hintarkaanfatinaa ,
Seera gadaa uumaa Oromoo hincabsinaa
Qa’een keessaan nagaa haa ta’u
Nama wajjiin nyaatee dhugu ta’aa
Mana keessanitti nagaan ofkalaa gala”

Akka yaada kanaatti dursa maanguddoonni waa araaraaf ba’an eebban jalqabu gidduutti bokkuu abbaa gadaatiin kadhaan jara lamaanifuu erga godhamee, dhumarrattis eebbaan xummuru Kana keessaatti bakkuun ba’e ulfina qaba. Bokkuu ba’erra tarkaannaan nageenya hinargattani, kanaaf qabbana buusaa jedhaniitu seerratu. Kanaa booda gosni lamaanu nagayaan araaramanii waliin mana gosa lamaanuu seenaanii waliin nyaatanii dhuguun nageenya buusu. Bukkuun Araaraatiis lola hundumaafi hinbahu. Bokkuun kan bahu lola gosoota Oromoo jiddutti dhalate qofaafi. Gosti Oromoofi biraan wal lollaan bokkuu baasuun hinbarbaachisu. Sababiinsaa hiikaafi ulfina bokkuun qabu kan beeku gosoota Oromooti malee gosni biraa ulfina yookaan kabaja

bokkuudhaaf kennuu hindanda’u. Bokkuurra darbuu danda’u. Gama biraanimmoo bokkuun araara buusuuf Ummata Oromoof kenname jedhamee amanama.

**Alangaa:-** Alangaan meeshaa meeshaa gogaa roobiifi qaama saalaa horiirraa kan hojjetamu ta’ee kan abbaan gadaa seera ittiin baasudha. Akka Obbo Nugusee Baalchaa (21/07/2011) jedhanitti“Abbaa Gadaa Alangaanabba gadaaa meeshaa hoodaati.Alangaan gogaa Roobiifi qaama saalaa korma looniirraa ogeessaan kan hojjatameedha.” Jedhan. Kana jechuun, akka hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsootti, Alangaan abbaa alangaatu qabatee seera labsa. Alangaa tumaa seeraafi seera labsuuf yoo bahu shan ta’eeti baha. Sababiin isaa dhugeeffannoo shanan Gadaa Oromoo bu’uura godhata. Dabalataan ammoo alangaan eebbafis ta’ee abaarsaaf nibaha. Kanaaf akka aadaa Oromootti Aanaa Warra Jaarsootti Alangaa ayyaantuufi abbaa Gadaatu qabata. Abbaan Gadaa labsii seeraa yoo labsu ayyaantuunimmoo alangaa qabatee seera uumaafi duudha uummata sanaa labsa. Kana yoo jedhamu barri bara akkamii akka ta’e, Gadaan gadaa quufaa akkata’e fiixa alangee dhiiga kormaan cuubee labsa.

Kanumatti dabaluun Akka Obbo Nugusee Baalchaa(21/07/2011) jedhanitti “Qophiifi sirni itti fayyadama alangaa hiika adda addaa qaba”. Kunis hariiroo meeshaan kun gocha ittiin raawwatamuufi qophii meeshichi irraa qophaa’e waliin qabaniidha. Kanaaf akkuma duraan ibsame alangaan gogaa Roobiifi qaama wal hormaata korma loonirraa hojjatame kun ammoo hiikni isaa Roobiin bineensa bishaan keessa galuudha. Bishaan waan xuraawaa qulqulleessa jedhamee waan amanamuuf gogaa Roobirraa hojjatama. Kana malees, gogaan roobii baay’ee jabaataa waan ta’eef umurii dheeraa qaba. Dhalootaa dhalootatti darbuu danda’a. Qaamni wal hormaata loonii hawwii hormaataa gaarii hawaasa Oromoof hawwuuu ta’uu isaa ibsa.. Waan kana ta’eef, hiikni qophii meeshaa kanaa tumaafi labsii qulqulluu hormaataaf labsuutti bakka bu’a. Kunis; alangaan waan waa tokko yakkee hawaasa keessatti argame adaba waanta’eef, meeshaa adabaatiis ni jedhamaa. Dabalataanis murtii, labsiifi tumaa abbaan alangaa baha biiftuu ilaalee mirkaneessuundha. Yeroo kakuu ammoo, fiixee alangaa dachaasanii kakatu. Fiixeen alangaa dacha’e kun ammoo, dhugaa dabeeti jedhu.

#### 4.3.3.1.3.Meeshaalee ulfoo dubartoonni guyyaa ayyaana irreecha qabatan

Meeshaaleen ulfaa dubartoonni guyyaa kabaja ayyaana irreecha malkaa qabattee irreeffannf malkaa deemtu meeshaa kabajaa(ulfaa) ayyaanaa jedhamuun beekkamu. Akka Aadde Taaddaluu

Bayyaanaa (25/07/2011) jedhanitti, “hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsootii meeshaaleen waaqeffannaa dubartoonni guyyaa ayyaana irreecha malkaa qabatan kanneen akka;Caaccuu, Siinqeefi Callee faadha.” jedhan. isaanis akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

**Caaccuu**:- Caaccuun meeshaa ulfaa gogaa goromsaa irraa hojjetamuun colleen gosa addaa addaa itti godhamee kan dubartoonni guyyaa ayyaanaa qabatanii deemaniidha. Akka Aadde Taaddaluu Bayyaanaa (25/07/2011) jedhanitti**,** “Caaccuun meeshaa amantaa waaqeffannoo Aanaa Warra Jaarsootti kan dubartoonni qabatanii malkaa bu’uun waaqa isaanii ittiin kadhataniidha. Kanumatti dabaluun caaccuun kallacha dubartii jechuun nidanda’ama jedhan.” Kana jechuun immoo, akkuma dhiironni kallacha gargaaraman dubartoonni immoo Caaccuu gargaaramun malkaa bu’uun waaqa isaanii ittiin kadhatu. Caaccuun faaya kabaja dubartii Oromooti. Caaccuun gogaa goromsaa irraa elellaa  sagal sagaliin tarree galee tolfama. Caaccuun eebbaaf malee abaarsaaf hinbahu. Dubartoonni Caaccuu qabatanii, siiqee qabatanii; araara, nagaa rooba, fayyaa, hormaatafi kanneen kana fakkaatan nuuf kenni jedhanii waaqa kadhatu. Caaccuun mallattoo araaraati jedha. Haati Caaccuu godhattee waraaana gidduullee yoo seente warraaanni nidhaabata. Walumaagalatti, Caaccuun meeshaa waaqeffannaa teepha qalloofi elellaa sagaliin hodhamee bareedee kan dubartiin qabattuudha.

Kanumatti dabaluunAkka Aadde Taaddaluu Bayyaanaa (25/07/2011) yoo ibsitu, “Caacuu Illillaa bishaan keessaa guuramerraa gogaa Roobittis kandiramuudha.” Meeshaan hoodaa kun jiidhafi dhaloota kan ibsuudha. Kanaaf, Caaccuun meeshaa hoodaa ayyaantuun Oromoo itti gargaaramuudha.

Caaccuun seerota hawaasa naannoo sanaa   keessatti tajaajila guddaa qabu. Kanneen keessaa kan akka seera guddisaa, sirna araarafi sirna fuudhaafi heerumaa keessa meeshaaleen hoodaa kun ulfina addaa qabuudha.

**Siinqee:-** Seerri siinqee ulee qal'oo sorooroo muka harooressaa irraa muranii tolchan, kan dubartiin heerumte qabattuun ibsama. Mukti harooressaa qaqal’aa fi sorooroo wanta qabuu fi kan laayyootti hin cabne waan ta’eef filatama. Siinqee dheerina dubartii qabattu akka gitutti muru. Siinqeen akka diimatee bareedu baaxii manaa jala bakka aara argatutti suuqu. Siinqee akka uleetti hin fayyadaman, horii ittiin hin haleelan. Yeroo qabatan illee akka dhadhaabbataatti hin fayyadaman. Dubartoonni siinqee qabatanii gurumuudhaan sirna hawaasummaa fi amantaa

heddu wanta raawwataniif siinqeen waraana dubartii ti jedhu. Akka Aadde Taaddaluu Bayyaanaa (25/07/2011**)**jedhanitti. “siinqeen meeshaa kabaja amantaa waaqeffannaa Ummata Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo keessaa tokko ta’ee, ulee qal’oo, sorooroo yookaan qajeelaa muka harooressaarraa muranii kan tolchaniidha.” Siinqeen kunis kan dubartiin guyyaa ayyaana irreechaa qabatanii malkaa bu’uun waaqa isaanii kadhatu.Sababa gosti muka kanaa filameefis uumama isaatiin qaqal’aafi sorooroo wanta te’eef,dabalataan cimina waan qabduuf akka laayyootti kan hincabneedha. Siinqee kunis dheerina dubartii qabattu akka gitutti muru. Siinqeen akka diimatee bareedu baaxii manaa jala bakka aara argatutti suuqu. Siinqee akka uleetti hinfayyadaman, ittiin horii hinhaleelan. Yeroo qabatanillee akka dhadhaabbataatti hinfayyadaman. Dubartoonni siinqee qabatanii jilawwan hawaasaa kanneen akka kabajoota ayyaana adda addaa qabatanii argamu. Siqqeen sirnoota jila adda addaa keessatti kanneen akka irreechaa irratti kan dubartiin qabattuudha. Waan kana ta’eef siiqqeen meeshaalee ayyaanaati jechuu dandeenya.

Kanumatti dabaluun akka Aadde Taaddaluu Bayyaanaa (25/07/2011**)**jedhanitti “akka warri dhiiraa bokkuu qabatanii sirnoota adda deemaan, dubartoonni immoo siiqqee qabatanii deemu’. Kanaaf, ulfinni bokkuf, kallachaafi Caaccuuf kennamu siiqqeefis haaluma wal fakkaatuun nikennama jechuudha.

Akkuma dhiirri bokkuu qabatu dubartiin ammoo siiqqee qabatti jechuudha. Kanumatti dabaluun Siinqeen seera garagaraa kan mirga dubartii kabachiisuuf bahan mul’isuufi dhugoomsuuf oola. Dubartiin siinqee qabatte hawaasa keessatti bakka guddaa qabdi. Dubartii siinqee qabattee deemtutti yoo dhufan hinqaxxaamuran. Keessattuu dhiirri, yoo isheen eeyyama kenniteefii dabarsite malee tasa bira hindarbu. Dhaabbatee dabarsuuf dirqama qaba, lagas dura hince’u. jedhan.

**Callee:-**Calleen meeshaa faayaa dubartoonni guyyaa ayyaanawwaan addaa godhatanii waaqa isaanii ittiin kadhataniidha**.** Akka Aadde Taaddaluu Bayyaanaa (25/07/2011) jedhanitti “Akka Amantaa Waaqeffannaa Aanaa Warra Jaarsootti Colleen meeshaa amantaati.”Colleen meeshaa amantaafi faaya dubartii ta’ee kan yeroo ayyaana adda addaa dhaqan godhatanii waaqa kadhatan yoo ta’u, calleen halluu adda addaa haadni gidduu galuun kan hojjatamu, ta’ee mormaafi addatti kan gedhatamuudha. Bifti Calleen irraa hojjatau diimaa, gurrachafi adii ta’a. kunis tartiiba

qabatee hojjetama. Akka uummanni amantaa waaqeffannaa amanutti haalluun callee gurraachi mallattoo Uumaati. Kanaaf, yeroo kadhatullee “gurraacha garaa garbaa, tokkicha maqaa dhibbaa” jedhee kadhata. Halluu diimaan ammoo dagaaginaafi ga’uumsa yookaan dargaggooma agarsiisa. Haalluun adiin ammoo ulfina. Kunis umuriin siquu yookaan dulloomuu agarsiisa.

**4.3.4.Waantoota Itti Fufinsa irreecha malkaaf Yaaddoo Ta’an**

Ilaalchonni adda addaa itti fufinsa amantaa kanaaf yaaddoo ta’uu warri malan hedduun isaanii jiraachuu danda’a. Tolosaa Goonfee (30/07/2011) akka jedhanitti“Irreechi malkaa duudhaalee amanyaa waaqeffaannaa Uummata Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo keessaa isa tokko ta’ee uummanni waliin ta’uun waktii birraa malkaatti kan, sirna Waaqa galateeffachuufi ummanni Oromoo kan eenyummaa isaa ittiin ibsatudha.” jedhan. Kana jechuun hawaasni Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo durii qabee waggaatti malkaatti ba’uun uumaasaa galateeffachaa osoo jiru namoonni ilaalcha sirrii hinqabaanne akka sirni kun badu maqaa addaa addaa itti moggaasuun dhiibbaa hangana hin jedhamne irraan ga’aa turaniiru

Kana malees, namoonni ilaalcha sirrii hinqabne seexanatti amanuudha, mukatti amanuudha, bishaanitti amanuudha, tulluutti sagaduudha jedhu. Waan ayyaana kanaa osoo homaa tokko hinbeekiin akka waan beekaniitti haasa’u. Ayyaani irreechaa kan akka meeshaa aadaa, marga,daraaraa keelloofi kanneen kana fakkaataan qabatanii yeroo tokkumaan malkaatti ba’anii waaqa uumaa isaanii kan darbeef galateeffachuuf kan dhufuuf immoo waaqa kadhachuun waan gaarii akka kennuuf kan hawwaniidha jedhan. Kanumatti dabaluun malkaatti baanee yeroo uumaa keenya kadhannu Oromummaa keenyatti baay’ee gammanna. Dhugaa dubbachuuf osoon Oromoo ta’uu baadhee nan aaran ture. Garuu, sirna akkanatti miidhagaafi boonsaan kun dhiibbaa sirna mootummoota darbaniifi amantii biyya alaa kanarraa kan ka’e badiif saaxilamee ture. Haa ta’u malee ummanni Oromoo qabsoo gama hundaan godheen hamma tokko bifa ho’aa ta’een uummanni ofbeekaa malkaatti ba’uun Oromummaasaa ibsachaa waaqa isaa kadhachuu jalqabeera. Garuu ammas namoota tokko tokko bira ilaalchi addaa ni jira.

Kana malees yeroo ammaa kana,gama mootummaan dhiibbaan jiraachuu baatullee namoonni amantii Waaqeffannaa hinhordofne gochi keessan hunduu kan seexanaati, ammallee isin hinqaroomne nuun jedhu jedhan. Isaaniif of wallaaluufi amantiifi falaasama ormaa duukaa fiiguutu qaroomina. Yeroo darbe keessa meeshaalee aadaa addaa addaa kan akka meeshaa warra

qaalluu, meeshaa ateetefi kan waaqeffannaa kana kan seexanaati jedhanii caccabsaafi gubaa turani. Amma garuu, lallaba isaanii itti fufuurraa kan hafe dhiibbaan isaan geessisaa jiran hinjiru. Bakka tokko tokkottis meeshaaleen kun gatii guddaa baasa jechuun hatanii balleessaa jiru. Kunimmoo itti fufinsa amantaa kannaf yaaddoo guddaa ani qabuudha jedhan.Kanaaf,namni Oromoodha jedhu hundi waan kana sirriitti jajjabeessuu qaba. Qaamni dhimmi ilaallatus dhimma kana cinaa dhaabbachuu qaba, kana malees, yeroo ammaa kana sababa hongeen malkaan iddoo tokko tokkotto badaa jiraachuun isaa sababa kan birooti jedhu.

Kanumatti dabaluun akka Obbo Tolosaa Goonfee (30/07/2011) akka jedhanitti 'Itti fufinsa irreecha malkaa kanaaf rakkooleen akka eenyummaa ofii wallaaluu, ammayyummaafi dhiibbaan amantiin addaa addaa geessisaa jiru hagam ulfaata akka ta'e hubachuudha" jedhan. Warri akkanatti yaadaniifi waan kana balaleeffachaa ummata jibbisiisuurratti duulanis raawwiin sirna ayyaana irreechaarratti raawwatamu hunduu kan isaan jedhan seexanaan akka walhinqabanneefi seexannuu akka amantii Oromootti kan hinbeekamne ta'uu hubachuu qabu jedhan.

## 4.4.Ilaalcha Hawaasni Aanaa Warra Jaarsoo Duudhaa AmantaaWaaqeffannaa irratti Qaban

Hawaasni Aanaa Warra Jaarsoo ilaalcha adda addaa duudhaa amantii waaqeffanaa irratti qaba. Kunis gama adda addaatiin calaqqisa jedhan. Obbo Taaddasaa Bayyanaa (25/07/2011)

Akka yaada isaanitti amantiin waaqeffannaa osoo amantii uummata Oromoo jalqabaa ta'ee beekanuu namoonni tokko tokko sababoota adda addaan ilaalcha badaa amantaa kanaaf qabu. Isaanii akka armaan gadiitti ibsamaniiru

**Amantaa seexanaati jedhu:-**Akka yaada kanatti uummanni amantaa kana hordofan yeroo iddoo amantaa sana deeman seexana amanuuf Tulluuttu, Malkaatti, Muka jalatti, Daandirratti baatan yaanni jedhu ni jira. Kunis uummata waa'ee amantichaa hin beekneefi uummata saba isaanitti hin gammanne, akkasumas uumaata amantaa jabana amma dhufe kana qaban biratti bal'inaan ni mul'ata. Sababni isaas sammuu uummata kana keessa kan jiru kallattumaan ilaalcha mootota yeroo darbaniin kan jiijjiirramaniifi dhala isaanii irratti immoo dhiibbaa adda addaa uumuun amantaa kana balaleeffatanii warreen ilaalchuma sirna garbooffataa sana qabatanii deemantu jira jechuudha.

**Sababa walmakuu hawaasaatiin:-**Tokkumaan jaalala keessatti baay'ee barbaachisaadha. Sabni Oromoo saba biraan walitti makamuuniis akka bareedumaatti ilaalla. Haa ta'u malee nama ilaalcha walitti makamuufi tokkummaatti hin amanneef waan badaadha. Egaa yeroo ammaa kana yeroo darbe keessa sababa addaa addaa kanneen akka bultii ijaarrachuutiin sabni Oromoo saba biroo waliin walitti makamuun amantaa kanaaf ilaalchi gaariin akka hinjiraanne godheera. Sababni isaas warreen walitti dhufanii bultii ijaarratan kun saba Oromoofi saba adda addaa ta'uu irraa kan ka'e isaan keessaa namni tokko amantaa waaqeffannaa kanan kabaja yoo jedhe bultii isaanii diiguu ta'a waan ta'eef ilaalchuma warra garbooffataa sana qabachuun amntaan waaqeffannaa sirrii akka hintaane amanu jechuudha.

**Ammayyummaa sababeeffachuun:-**Ammayyumaan qaama beekuufi hubateef saayinsii adunyaa dhugaa keessatti daandii waa hundaati. Yaa ta'u malee namoonni ammayyummaa kana karaa isaanii hingalleefi hin hubannee, namoota akkas ilaalan biratti yeroo ammaa kana bal'inaan amantaa waaqeffannaa irratti hawaasni ilaalcha badaa adda addaa akka qabaatu godheera. Kunis akkuma beekkamu keessayyuu dhala ammaa biratti akka waan gaariifi ammayyumaatti ilaaluun suusii adda addaan qabaamuun guyyaa kabaja ayyaanaa sana iddoo kabaja ayyaanaa sanaatti argamanii uummata waliin dabarsuurra iddoo suusii sana yoo oolaan isaaniif akka gaaritti fudhatama. As keessatti wanti calaqqisu guyyaa sana ilaalcha Oromummaafi amantaa osoo hin taane ilaalcha gaarii hintaane santu calaqqisa waan ta'eef ilaalcha badaadha.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI, YAADA FURMAATAA

## 5.1.Goolaba

Kaayyoon walii galaa qorannoo kanaa xinxaala haala raawwii duudhaalee amantaa waaqeffannaa uummata Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo irratti xiyyeeffata. Qorannoo waa’ee xinxaala maalummaa ateeteefi irreechaa gosoota isaanii haala raawwii isaanii,wantoota duudhaalee kanaaf barbaachisan, akkasumas eebbawwaniifi faaruwwan achi keessatti argaman ergaan isaanii sakatta’amuun xinxaalamaniiru. Dabalataanis faayidaa duudhaalee kanaafi ilaalchonni uummata bira jiru akkasumas, waantoota dhiibbaa irraan ga’aniifi sadarksaa inni amma irra jiruufi gara fulduraatti rakkoo qunnamuu danda’u raagamuufi yaanni furmaataas kaa’amaniiru. Itti dabalees, yeroo amma kana waantonni duubatti harkifatee guddinniifi dagaaginni isaa akka gufatu maal maal akka ta’an bira ga’amaniiru. Qorannoo kana galmaan ga’uuf tooftaalee/meeshaaleen/ Odeeffannoon itti sassaabamani af-gaaffiifi daawwannaatti fayyadamuun odeeffannoon funaanamee haala wal fakkaatuun walitti qindeeffamuun qaaccceffameera. Namoota waa’ee ergaasaafi maalummaa duudhaalee kanaa beekaan hirmaattotaafi maanguddota (jaarsolii) tooftaa maladarbaa dabarsaafi akkayyootiin filataman irraa odeeffannoon funaanameera. Odeeffannoowwan funaanaman kunneenis qaaccessuun hiikni itti kennameera. Odeef-kennitootarraa argamanii qaacceffaman bu’uureffachuun argannoowwan armaan gadii argamaniiru.

## 5.2.Argannoo

Xinxaala Haala Raawwii Duudhaalee Amantaa Waaqeffannaa hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo xiyyeeffachuun ragaa qoratichi odeefkennitoota isaarraa akkasumas madden garagaraa irraa walitti qabate boqonnaa arfaffaa keessatti xinxaalamee hiikni itti kennamee booda yaanni akka argannootti wanti qoratichaan bira gahame akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru.

- ✓ Adeemsi raawwii duudhaalee amantaa waaqeffannaa hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo kun adeemsa mataa isaa qaba.

- ✓ Duudhaalee amantaa waaqeffannaa hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo faayidaa adda addaa aadaafi duudhaa uummataa kan eegu yoo ta'ellee, dagatamaa adeemuun isaa hubatameera.
- ✓ Duudhaalee amantaa waaqeffannaa hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo dagatamaa adeemuuf sababni dhiibbaa siyaasaa duraan biyyicha keessa ture, babal'ina amantiifi ammayyummaa ta'uun isaa adda baheera.

Duudhaalee amantaa waaqeffaannaa keesaa Ateetaa ilaalchisee argannoowwan argaman

- ➢ Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti sirni kabaja ayyaana ateetee yeroofi safuu hawaasichaa eegee kan raawwatamuudha.
- ➢ Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti sirni ayyaana ateetee facaafachuu kun ateetee mataa ofii(guduree) erga facaafattee itti aansemmoo ateetee darbaa dabarsaa kan facaafattuudha.
- ➢ Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti sirni guyyaan ayyaana ateetee facaafatan galgala dubara waliin laga bu'uun jalqabamee erga biiftuun lixxee booda hanga bariitu sa'aa boodatti itti fufa.
- ➢ Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti sirna ayyaana ateetee facaafachuu keessatti Kara qajeelchaan/tuun ayyaana ateetee nama ayyaantuu biraa guuttateedha. yookaan sanaan dura nama ateetee mataa ofii facaatteedha.
- ➢ Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti sirni dubartiin ayyaana ateetee facaafattee burreefi siiqqee qabattee deemtu takka hawaasa biratti kabaja guddaa qabdi.
- ➢ Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti sirni ayyaana ateetee facaafachuu kan danda'an namoota bultii uummatanii waliin jiraatan qofa.
- ➢ Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti sirna kabaja ayyaana ateetee hirmaattoonni dubartoota haa ilaallatu malee dhiironnis waan ateeteef ta'u qopheessuun haala mijeessuu keessatti gahee olaanaa qabu.
- ➢ Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti Sirni nama ayyaana ateetee facaafateef hormaanni akka qajeelu, alaa manni, sa'aa namni akka nagaan bobba'ee galuuf ayyaaneffama.
- ➢ Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti sirni ayyaana ateetee irratti meeshaaleen ulfoo ta'aniifi dhangaan aadaa gosa adda addaa waan naannoo irraa ni qophaa'u.

.

**Duudhaalee amantaa waaqeffannaa keessaa Irreecha iaalchisee argannoowwan argaman.**

- Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti sirni kabaja irreecha malkaa aadaafi safuu hawaasichaa eegee kan raawwatamuudha.
- Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti yeroo sirna kabaja ayyaana irreechaa birraa birraadha
- Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti Sirna kabaja ayyaana irreechaa malkaa yeroo irreeffannaaf gara malkaa deemaan abbootii gadaafi maanguddoonni, dubartoota ulfaa dabalatee fuldura yoo deemaan, itti aanee immoo dubartoota yoo ta'u isa dhumarra immoo qarreefi qeerrotu tartiibaan deema.
- Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti hirmaattonni sirni kabaja ayyaana irreecha birraa amantaafi saalaa osoo wal hin qoodiin gara malkaa deemuun ni irreeffatu.
- Hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo biratti sirni kabaja ayyaana irreecha malkaa meeshaaleen ulfoo ta'aniifi dhangaan aadaa gosa adda addaa waan naannoo irraa ni qophaa'u.
- Irreeffannaan mallattoolee Waaqayyo namaaf kenneen uumamasaa dinqisiifachaa galateeffachuudha waan ta'eef, irreecha birraaf keelloo qabachuun, Waaqa galateeffachuufi kadhachuun dirqama. Kanaaf, meeshaa kana malee ayyaanicha irreeffachuun hindanda'amu. meeshaaleen kuniifi ayyaanichi walfaana jiraachii isaanii bira ga'ameera.
- Sirna ayyaanaa kanarratti meeshaaleen dhiironni qabataniifi dubartootaan qabatamu garaagaradha. Dhiironni kallacha, bokkuufi alangaa qabatu. Dubartoonnimmoo caaccuu, calleefi siinqee qabatu. Korniyaan lamaanuu margaafi keelloo qabachuu danda'uu isaanii bira ga'ameera.
- Walumaagalatti uumanni Aanaa Warra Jaarsoo waktii birraa meeshaalee ayyaana irreechaa kana qabachuun eenyummaa isaanii isa ganamaa ibsachaa kan darbeef galata galchaa kan dhufuuf immoo hawwii gara fulduraa qaban kan kadhatan ta'uu isaanii bira ga'ameera.

## 5.3.Yaada Furmaataa(yaboo)

Hawaasni Oromoo Godina shawaa kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo gama duudhaalee amantaa waaqeffannaan eenyummaafi falaasama Uummata Oromoo gadi fageenyaan kan ibsan kanaa haala tolaafi hamaa keessattii osoo hin dagatin itti dhimmee rakkoofi gidiraan qaamolee adda addaarraa isaa qunnamaa tureef osoo hinjilbiiffatiin dhaloota ammaa kana biraan gaheera. Duudhaaleen amantaa waaqeffannaan kun aadaa eenyummaa sabaa ibsan kana kunuunsuun dhalootaaf dabarsuun barbaachisaadha. Kanaafuu, duudhaalee amantaa waaqeffannaakana tursiisuuf; Hawaasa Oromoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jarsoo eenyummaa isaanii kan ibsuu waan ta'eef, sirriitti kunuunfachuuf carraaquu qabu. Namoota duudhaa amantaa waaqeffannaa kanan beekaman ilaalcha addaa isaanif qabachuun dhisamee deeggarsi barbaachisu waajjirri aadaafi turiizimii Aanaa Warra Jaarsoo gochuu qabu. Namoonni duudhaa amantaa waaqeffannaa kana beekan, namoota hinbeekne barsiisanii namoonni hiikaafi maalummaa akkasumas, waaqeffachuun amantaa kana hinbeekne hundi itti fayyadamu hawaasa baldhaa biraan gayuun amantaan kun akka hin dagatamnefi isaa durii yaadachisuun barbaachisaadha. Amantaan waaqeffannaa Haala Qabatama Godina shawaa kaabaa Aanaa Warra jaarsoo kun kan eenyummaa, safuu, duudhaafi aadaa hawaasichaa ibsan kun sirnichi akka hinbadneef qaamni dhimmi ilaallatufi Biiroon Aadaafi Turizimi Oromoo godina shawaa kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo kunuunsuu qaba. Walumaa galatti;

- Hawaasni Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo aadaa gaarii miidhagaa eenyummaa isaa calaqqisiisu kana itti fufsiisuuf deebisee lubbuu isaa itti horuuf ijoollee isaa dhalataa egeeree boruu kana sirna kabaja ateeteefi irreecha akka beekaanii kunuunsan barsiisuufi dabarsu qabu.
- Sirni Ateeteefi irreecha malkaa duudhaa hawaasa Oromoo Aanaa Warra Jaarsoo eenyummaa isaa calaqqisiisu akka ta'e namootni beekan akka jajjabeeffaman; kanneen hin beekne ammo akka baratanii hubannoo akka horatan waljajjabeessuu akka qabu waajjirri aadaafi turizimii Aanaa Warra Jaarsoo irratti hojjechuu qaba.
- Duudhaalee amantaa waaqeffaanaa keessaa ataateefi irreechii duudhaa amantaa waaqeffaannaa uummata Oromoo ganamaa ta'uun Waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Warra Jaarsoo xiyyeeffaannoon beekkamtii kenneefii kunuunsuu qaba.

- Uummanni Oromoo eenyummaa, duudhaa, aadaa, afaaniifi seenaa isaa akka waantoota gara garaan hinliqimfamneefi guddifachuu akka danda’u waggaa waggaan Oromiyaa mara keessatti guyyaan kabaja amantii waaqeffannaan aanoolee hunda keessa osoo jiraatee waajjirri aadaafi turizimii Aanaa Warra Jaarsoo irratti hojjechuu qaba.
- Dokumantariin fiilmiin duudhaa amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa haalaan agarsiisu qophaa’ee osoo gabaarra oolee gaaridha. Kunis namoota keessatti fedhii uumuun cinaatti beekkamtii sirnichaa agarsiisuun daran madda galii gochuuf waajjirri aadaafi turizimii Aanaa Warra Jaarsoo haala mijeessuu qaba.
- Walumaa galatti dhaloonni amma jiru kun waa’ee duudhaa kanaa dhaloota egereef bu’aa gaarii buusuun kan abbootiin keenya utuu hin baratiin afoolaan asiin ga’an kan gad-fageenyaan qorachuun barreeffaman kaa’uun barsiisuun dirqama isaa akka ta’ee beekee waajjirri aadaafi turizimii Aanaa Warra Jaarsoo qorannoo adda addaa gaggeessuun hawaasaaf ibsuu qaba.

## WABIILEE


Addunyaa B.(2011). *Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo Hujoo*:Finfinnee.Oromiyaa.

Alamaayyoo H,(1998). *Seenaa Oromoo Hanga Jarraa 16ffaa*: Biiroo Aadaafi Turizimii: Berhana Selam Printing Enterprise.

Asafaa T.(2009). *Eela*:*Seenaa Oguma Oromoo*,Finfinnee:Far East Trading Plc

Asmarom.L.(19730) *Gada:Three Approaches to Study of African Society*. New York: Macmillan

Bartels, L. (1983). *Oromo Religion*: *Myths and Rite of the Western OromoEthiopia*. Berlin Dietrich Reinner.

Baxter,P.T.W.(1979). *Atete: In A Highland Arsi Neighbourhood In North African Studies*.

.Bukenya,A.(1994).*Understanding Oral Literature*.Kenya:Nairobi:University Press.

Charulie.(1922).*The Folk Literature Of The Oromo Of Southern Abyssinia* .Halvard:HalvardAfrica Studies.

Cresswell, J. W. (2003). *Design:Qualitative, Quantitative And Mixed Methods Research Approaches(2nd.ed.).* Sage Publication Inc

Dani'el A.(1983). "The *Concept Of Waka And The Missionaries: A Preliminary Study In Grafting Of Christianity On Traditional Belief In Wellega*" In The Annual Seminar Of The Dep't OfHistory Held At Debre Zeit.

Dastaa D. (2002).*Bu'uura Qorannoo*: Finifinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

________(2013).*Bu'uura Qorannoo:* Maxx. 2ffaa.Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Meeggaa.

Dirribii D.( 2009). *Ilaalcha Oromoo*: *Biiroo Aadaa, Seenaa fi Amanta Oromo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa D.G.

________.( 2012). *Ilaalcha Oromoo*: *Barroo Aadaa, Seenaafi AmantaaOromoo*. Mana Maxxansaa Finfinnee.

Dorsen,R. H, (1972).*Folklore And Folklife*:*An Introduction*.University Of Chicago Press.

Dundes, A. (1965).*The Study Of Folklore*. N. J. Prentichallinc

Elliot, O.(1986).*Folk Group And Folk Genres Introduction.*Logan UT.Utah.State UnivarsityPress.

Fekede A.(1991).*Introduction To Oral Literature 4th ed*. Addis Ababa:Artistic Printing Enterpise.

Finnegan, R. (1976).*Oral Poetry:Composition Performance And Context*, Cambridge: Cambridge University Press

Flick,UWE. (2002)..*An Introduction To Qualitative Research: (2$^{nd}$.ed.)* New. Delhi: SAGE.Publication.

Gada B.(1988).*Oromia:An Introduction*.Khartoum .n.p.

GammachuuM.(1994).*Knowledge Identity Structure:The Case Of Oromo In East Africa.*University Of Orienta And African STudies.

Getaachoo R.(2009).*Furtuu*:*Seerluga Afaan Oromoo*.Finfinnee Kurraaz International Publisher Interprice

H.W.Fowler and F.G.Fowler.(1990). *The Cocise Oxford Dictionary of English Current. 8$^{th}$Ed.* USA: Clarendon press.

Hayiluu. B.(1997).*Cora Aadaa*: Bole Printing Press.

Harry, S.(1905).*Dictionary of literary terms*:USA Printed

Hiikaa.F. (2010). *Seensa Afoolaa Sagantaa Barnoota Fagootti*: Damee Barnoota Afaan Oromoofi Og-Baruu Yuunivarsiitii Jimmaa (Kan hin maxxanne)

Hundeessaa,kan biro(gul.).(2018).*Waaqeffannaa:* Gumii Waaqeffannaa Adunyaa.Norway.

___________YAAYYAA. (6411),ALO *Gumii Waaqeffannaa Oromoo*:Amantii Eenyummaa: Noorway

Iristee. A.(2011). "*Qaaccessa Raawwii Sirna Da'umsaa Godina Jimmaa Aanaa Mannaa*" (Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii 2$^{ffaa}$ Afaan Oromootiin Guuttachuuf Qophaa') YuunivarsiitiiAddis Ababaa (Kan Hin Maxxanfamiin)

Isaacs. A .(1981).*The Macmillan Encyclopedia*. USA: Laurence Urdang Associates Ltd

Iteenash. W.(2009) .*Seeccatii Qabiyyee Walaloo Godina Wallaggaa Aanaa Assabii*:Finfinnee.

Leach,E.(1994).*Virgin brith in proceedings of Royal Anthropological Inistitution*

Leelisaa A. (6413). *Kudhaama Seenaa.* Elleni.P.P.Plc.

Maammoo.G. (2013).*Duudhaa*:International Finfinnee.

Melakneh M.(2006). *Fundamental Of Literature: 3$^{rd}$*. Addis Ababa:A.A.U.Press· Melakneh

Misgaanuu G. (2011). *Dilbii*:Finfinne, Oromiyaa.

Nagarii.L.(1993). *Mararoo:* Wiirtuu (Jild lak,6).Abarraa Nafaafi Kaawwan, Finfinnee: Commercial Printing Interprice

Negaso. G. (1984). *History of the Sayyoo Oromoo of South Western Wallaga Ethiopia from About 1730 to 1886*:Frank Furt.

Sims.(2005).*Living Folklore: Anintroduction to the study of people and their traditions*.Longman Utah:Utah state University Press

Sims, C.M and Martine,S.(1965).*Living Folklore*:*Anintroduction to the study of people and their traditions*.Logan Utah:Utah state University Press.

Sumner, C.(1996).*Oromo Wisdom*. (Vol.2). *Songs Collection And Analysis*. Addis Ababa: Guddina Tumsa Foundation.

Taliilaa.B.fi Marsan. B(.2008).*Barruu Duudhaa: Ayyaana Irreechaa Barruu Duraa*. Finfinne, Mana Maxxansaa:D.J

Tilahun. G .(1989).*Oromoo English Dictinary*: Addis Ababa AAU.

Toleeraa.T.fi Hundeessaa. W.(1995).*Seenaa Uummata Oromoofi Sirna Gadaa*: Finfinnee.Mega Printing Press

Wasaeen.B Yaadata.(2000).*Baantuu Haaraa*:Finfinnee.

WADO (2006). *Daaniyaa*. Finfinnee. Mana Maxxansaa Kaawoo HBT, THC, Galaan BFA.

Warkineh .K.(2001). *Traditional Oromo Attitudes Towards The Environment: An Arguament For Environmentally Sound Development*. Organization For Social Science Research In East And South Africa (Ossrea).

Zalaalam. A. (2001). *Wiirtuu Jildii -9 Sirna Gaa'elaafi Moggaasa Qaalluu, Barruulee Waaltina Afaan Oromoo*:Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa:Finfinnee.

______(2004). *African Foklore*: An Eneyelopedia. New York: London.

*http://sites.google.com/site/spondelibation/*

*/http://www.foreverwed.com/ African american/libation.htm/*

(*http://www.oromiatourism.gov.et/O…/oromia_relig_irrecha.html*

## DABALEEWWAN

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEJJII HUMANIITII, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI SAB- QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, FOOKLOORIIFI OGBARRUU

### Dabalee A
### Af-gaaffii

Kabajamoo manguddoota, haawaan, abbootii amantaa qeerroofi qarree Aanaa Warra Jaarsoo iddattoo qorannoo kan taatanii filatamtan mata duree, Xinxaala Haala Raawwii Duudhaalee Amantaa Waaqeffaannaa Aanaa Warra Jaarsoojedhuuf odeeffannoon waan nabarbaachisuuf odeeffannoo kanammoo waanan isinirraa barbaaduuf sodaafi naasuu tokko malee gaaffiin isin gaafadhurratti ibsa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha

Deeggarsa keessaniif galatoomaa

1. Waaqeffannaa maali?
2. Ateeteefi irreechi akkamiin dhaabbilee waaqeffannaa ta’an?
3. Adeemsi duudhaalee amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa maali?
4. Yeroo Raawwii Duudhaalee Amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa maal faatu maalirraa qophaa’a?
5. Faaruuwwaniifi eebbiwwan yeroo ayyaana ateeteefi irreechaa faarfataman nijiruu?
6. Meeshaaleen kabaja ayyaanaa yeroo ateeteefi irreechaa qabatan maal faadhaa?
7. Duudhaalee Amantaa waaqeffannaa keessaa ateeteefi irreechaa faayidaa maalii hawaasaaf kenna?
8. Duudhaalee amantaa waaqeffannaa keessaa ateeteefi irreechi yeroo kam kabajamaa?
9. Sadarkaan sirna kabaja duudhaalee amantaa waaqeffannaa ateeteefi irreechaa yeroo ammaa irra jiru maalfakkaata?

**Dabalee ‘B’**

**Daawwannaa**

1. Hawaasni maalummaa amantaa waaqeffannaa beekanii nikabajuu?
2. Hawwasni duudhaalee amantaa waaqeffaannaa keessaa ateeteefi irreechi maalfaa akka ta’an ni beekuu?
3. Hawwaasni adeemsa duudhaalee amantaa waaqeffaannaa ateeteefi irreechaa ni beekuu?
4. Hawwasni amantaa waaqeffannaa ateteefi irreechaaf ilaalchaa gaarii qabuu?
5. Hawwaaasa biratti amantaa waaqeffannaa keessaa ateeteefi irreechi haala ho’adhaan kabajamaa jiraa?
6. Hawaasa biratti amantaa waaqeffannaa ateteefi irreechaa irratti eenyu faatu hirmaataa?
7. Sirna kabaja ateeteefi irreechaa keessatti keessatti qophiileen adda addaa ni taasifamuu?
8. Meeshaaleen amantaa waaqaeffannaa yeroo ayyaana ateeteefi irreechaa qabatan maal maal faadha?
9. Dhangaaleen yeroo kabaja ayyaana ateeteefi irreechaa ni jiruu? Yoo jiraataan maal faadha?maal faarraa immoo hojjetamu**?**

## Dabalee C

Maqaa Namoota Odeeffannoo Kennanii

| Lakk. | Maqaa Namoota Odeeffannoo Kennan. | Saala | Umrii | Guyyaa Odeeffannoo Kennan | Ga'ee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Araarsaa Jimaa | Dhiira | 65 | 10-07-2011 | Qote bulaa |
| 2 | Asaffaa Lammaa | Dhiira | 47 | 30-06-2011 | Qote bulaa |
| 3 | Ayyaluu Warquu | Durba | 50 | 16-06-2011 | Qote bultuu |
| 4 | Birqii Geetaanehe | Durba | 52 | 15-06-2011 | Qote bultuu |
| 5 | Caaltuu Waaqjiraa | Durba | 55 | 12-06-2011 | Qote bultuu |
| 6 | Gimjaa Mokonnon | Durba | 49 | 06-06-2011 | Haadha amantaa |
| 7 | Ijaaraa Warqee | Dhiira | 55 | 19-06-2011 | Abbaa amantaa |
| 8 | Maqadas Suyyum | Durba | 47 | 06-06-2011 | Qote bultuu |
| 9 | Muluu Lammaa | Durba | 53 | 06-06-2011 | Qote bultuu |
| 10 | Naggasaa Tasammaa | Dhiira | 63 | 21-06-2011 | Qote bulaa |
| 11 | Nugusee Baalchaa | Dhiira | 72 | 21-07-2011 | Qote bulaa |
| 12 | Shaashituu Kababaa | Durba | 56 | 12-06-2011 | Qote bultuu |
| 13 | Taabuu Hayilee | Durba | 79 | 12-06-2011 | Qote bultuu |
| 14 | Tacaanaa Mangistuu | Dhiira | 55 | 13-07-2011 | Abbaa amantaa |
| 15 | Taaddasaa Bayyanaa | Dhiira | 57 | 25-07-2011 | Abbaa Gadaa |
| 16 | Tafarii Abbaabbuu | Dhiira | 52 | 06-06-2011 | Qote bulaa |
| 17 | Tafarii Daffaaruu | Dhiira | 48 | 23-06-2011 | Qote bulaa |
| 18 | Tolosaa Hundee | Dhiira | 56 | 25-06-2011 | Qote bulaa |
| 19 | Tolosaa Goonfee | Dhiira | 49 | 30-07-2011 | Qote bulaa |
| 20 | Tolosaa Hambisaa | Dhiira | 66 | 06-07-2011 | Qote bulaa |

## 7.4. Dabalee D

Hidda dhaloota uummata oromoo aanaa warra jaarsoo

HOROO

OROMOO

BOORANA BAARENTUU

Tuulama

| DAACCI -3 | BACHO—6 | JIILLEE-6 |
|---|---|---|
| Galaan -6 | Iluu -3 | Goonaa -12 |
| Oboo -7 | Meettaa -8 | Guusaa-5 |
| Sooddoo -3 | Garasuu-9 | Looyyaa-3 |
| | Waayituu-9 | Warree-3 |
| Keekkuu-2 | Siibaa-5 | |
| | Uruu -9 | Gindoo-7 |

GALAAN

| Jidda-5 | Liiban-2 | Warra Jaarsoo-4 | Aabbuu-3 | Ada'aa-3 | Gaadullaa-6 |
|---|---|---|---|---|---|
| Kura | Tummee | Maaruu | Siibaa | Handaa | Mandadaa |
| Gaaliyyii | Obborraa | Amuumaa | Amuumaa | Iluu | Badheessa |
| Keekkuu | | Baabboo | Idooroo | Dhakuu | Keerjajii |
| Arabsaa | | Bitoo | | | Moommaajii |
| Dooyyoo | | | | | Jeedha |
| Buusii | | | | | |

**Madda:-** Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16 Irraa *Fudhatame*

**Dabalee E**

Suuraa yeroo qorartaan  Daawwannaafi Af-gaaffiitti fayyadamee raga funaane





Suuraa 13ffaa Suura yeroo qorataan odeeffannoo funaanuu

## Dabalee F

Kaartaa Godina Itoophiyaa, Oromiyaa, Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Warra Jaarsoo







kaartaa Itoophiyaa kaartaa Oromiyaa

Aanaa Warra Jaarsoo




**Kaartaa Godina Shawaa Kaabaa**

Madda: www.ethiomappingagency.com

Suura 14ffaa Iddoo qorannoon itti adeemsifame